Ellen G. White Estate

# Lallaba Gaara Eebbaa Irraa



ELLEN G. WHITE

# Lallaba Gaara Eebbaa Irraa

**Ellen G. White**

**2014**

**Copyright © 2021**
**Ellen G. White Estate, Inc.**

# Information about this Book

## Overview

This eBook is provided by the Ellen G. White Estate. It is included in the larger free Online Books collection on the Ellen G. White Estate Web site.

## About the Author

Ellen G. White (1827-1915) is considered the most widely translated American author, her works having been published in more than 160 languages. She wrote more than 100,000 pages on a wide variety of spiritual and practical topics. Guided by the Holy Spirit, she exalted Jesus and pointed to the Scriptures as the basis of one's faith.

## Further Links

A Brief Biography of Ellen G. White
About the Ellen G. White Estate

## End User License Agreement

The viewing, printing or downloading of this book grants you only a limited, nonexclusive and nontransferable license for use solely by you for your own personal use. This license does not permit republication, distribution, assignment, sublicense, sale, preparation of derivative works, or other use. Any unauthorized use of this book terminates the license granted hereby. (See EGW Writings End User License Agreement.)

## Further Information

For more information about the author, publishers, or how you can support this service, please contact the Ellen G. White Estate

at mail@whiteestate.org. We are thankful for your interest and feedback and wish you God's blessing as you read.

# Dursituu

Lallabni Gaara gubbaa sun eebba samiin biyya lafaaf erge dha-Sagalee teessoo Waaqayyoo biraa ba'e dha.

Seera dirqama isaanii fi ifa samii, gadda keessatti abdii fi jajjabina, adeemsa jireenyaa fi qormaata hundumaa keessatti gammachuu akka isaaniif ta'uuf ilmaan namootaa hundumaaf kenname. Asittti mootiin lallabdootaa, Gooftaan barsiisotaa, dubbii akka inni dubbatuuf abbaan isaaf kenne dubbata.

Nagaan Yesuus inni adda ta'e warra amananiif qofa utuu hin taane ilmaan namootaa guutummaaf ture. Samii irra utuu hin taane lafa irra jiraachuu Isaa waan irraanfate fakkaata; nagaan inni fayyadame nagaa biyya ifaa ture. Hidhii Isaa irraa eebba guutee irraa hafetu dhangala'a ture.

Kiristoos amaloota gaarii nuti qabnu akka mirkaneessuu fi eebbisu haala hin shakkisiifneen agarsiiseera. Biyya lafaa jaallachuu irraa warra biyya lafaa ganuuf murteessanii ifaa fi jireenya Isaa fudhatan hundumaan kan eebbifamtani dha jedhee labse. Hiyyeessotaan, warra gad-of deebisaniin, warra gadadamoodhaan, warra gaddaniin, warra cunqurfamaniin, warra ari'atamaniin bobaa Isaa isa da'annoo ta'u isaaniif bane "Gara koo kottaa .... Anis isinan boqochiisaa" jedha.

Gaaddidduun nama uumuu Isaatiif gadduu utuu isa hin daangessin Kiristoos gadda biyya lafaa ni ilaala. Onnee namootaa keessatti waan cubbuudhaan ol ta'e akkasumas gammachuu dhabuudhaan ol kan ta'e arga. Ogummaa fi jaalala Isaa isa dhuma hin qabne sanaan iddoo ol aanaa namni ga'uu danda'u ilaala. Inni
[ii] ammam illee ilmaan namoota araara argatan cabsanii namummaa Waaqayyo isaaniif kenne yoo mancaasan, akka uumaan isaanii deebisee isaan fayyisuudhaan ulfina argachuuf akka jiru ni beeka.

Yeroo hundumaatti dubbiin Kiristoos Gaara eebbaa sana irraa dubbate humna isaanii iddootti eegaaf. Himi tokkoon tokkoon isaa meetii man-kuusa dhugaa keessaa fuudhame dha. Qajeelfamni as keessatti labsame kun bara hundumaatti namoota hundumaaf kan

fayyadu dha. Humna Waaqummaatiin, Kiristoos kutaa hundumaa keessatti sababa amala qajeelummaa tolfameetiin kan eebbifamtani dha jedhee labsuu isaatiin amantii fi abdii qabu muli'iseera. Jireenya isa jireenya kennuu jiraachaa, amantii Isaatti qabaachuudhaan, namni hundinuu safartuu dubbii Isaa keessatti ibsame bira ga'uun ni danda'ama.

E.G.W

# Contents


Information about this Book . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . i
Dursituu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . iv
Boqonnaa 1 - Gaara Cinatti . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 9
Boqonnaa 2 - Kan Eebbifaman . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 13
’Inni barsiisuma kanaan afaan Isaa saaqqate; kara hafuuraatti hiyyeessota kan ta’an haa gammadan, mootummaan Waaqaa kan isaaniiti.’ Mat. 5:2,3. . . . . . . 13
“Warri garaan isaanii gadde haa gammadan: isaan jajjabina ni argatu.” Mat. 5:4. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 15
“Warri garraamiin haa gammadan.” Mat. 5:5. . . . . . . . . . . . . 19
“Warri yaadi garaa isaanii qullaa’oo haa gammadan, isaan Waaqayyoon ni argu.” Mat. 5:8. . . . . . . . . . . . . . . . . . . 26
“Warri nagaa buusan haa gammadan, isaan ijoollee waaqayyoo ni jedhamu.” Mat. 5:9. . . . . . . . . . . . . . . . . . 28
“Warri qajeelummaadhaaf jedhanii ari’ataman haa gammadan, mootummaan Waaqaa kan isaaniiti.” Mat. 5:1D. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 29
“Isin soogidda biyya lafaati.” Mat. 5:13. . . . . . . . . . . . . . . . . 34
“Isin ifa biyya lafaati.” Mat. 5:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 37
Boqonnaa 3 - Seerichi Seera Hafuuraa Ta’uu Isaa . . . . . . . . . . . 42
“Diiguudhaaf hin dhufne, raawwachuuf malee.” Mat. 5:17. . 42
“Namni abboommota hundumaa irra xinnaatan keessaa tokko diigee, diigamuu isaas namoota barsiisu mootummaa Waaqaa keessatti isa hundumaa irra xinnaatu ni jedhama.” Mat. 5:19. . . . . . . . . . . . . . . . . . . 46
“Eenyu illee obboleessa isaatti yoo dheekkame, abboota firdii duratti itti ni faradama.” Mat. 5:22. . . . . . . . . . . . . 49
“Obboleessa keetti araarami.” Mat. 5:24. . . . . . . . . . . . . . . . . . 51
“Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale, garaa isaatti isheetti ejjeera.” Mat. 5:28. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 52
“Harki kee mirgaa cubbuu yoo si hojjechiise, isa of irraa murii gati.” Mat. 5:30. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 53
“Namni haadha manaa isaa baasuun seeraa?” Mat. 19:3. . . . 54
“Hin kakatin.” Mat. 5:34. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 56

"Namni maddii kee isa mirgaa yoo si kabale isa gara kaaniis itti qabi." Mat. 5:39. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 59
"Diinota keessan jaalladhaa." Mat. 5:44. . . . . . . . . . . . . . . . . 62
"Abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e isinis akkasuma mudaa malee ta'aa." Mat. 5:48. . . 63
Boqonnaa 4 - Tajaajila Keessatti Kaka'umsa Dhugaa . . . . . . . . 66
"Namootatti mul'achuudhaaf jettanii tola keessan namoota duratti akka hin gnnne nf eeggadhaa." Mat. 6:1. . . . . . . 66
"Yeroo kadhattan akka warra of agarsiisanii hin ta'inaa." Mat. 6:5. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 69
"Yeroo kadhattan, akka warra saba Waaqayyoo hin ta'inii dubbii waa'ee hin baafne keessa hin deddeebi'inaa." Mat. 6:7. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 71
"Yeroo soomtanitti, akka warra of agarsiiftuu nyaara keessan hin guurinaa." Mat. 6:16. . . . . . . . . . . . . . . . . . . 72
"Badhaadhuma ofii keessaniif lafa irratti walitti hin qabatinaa." Mat. 6:19. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 73
"Namni tokko gooftaa lamaaf abboomamuu bin danda'u." Mat. 6:24. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 76
"Hin yaadda'inaa." Mat. G:25. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 77
"Duraan dursitanii Mootummaa Waaqayyoo barbaadaa." Mat. 6:33. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 79
"Waa'ee boriifis bin yaadda'inaa. . . . rakkinni guyyaa sanaa duwwaan iyyuu guyyichaaf ni ga'a." Mat. 6:34. . . 81
Boqonnaa 5 - Kadhata Gooftaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 83
"Egaa Yeroo kadhattan akkas jedhaa kadhadhaa." Mat. 6:9. 83
"Yeroo kadhattan, Yaa Abbaa keenyaa jedhaa." Luq. 11:2. . 84
"Maqaan kee haa qulqullaa'u." Mat. 6:9. . . . . . . . . . . . . . . . 86
"Mootummaan kee haa dhufu." Mat. 6:10. . . . . . . . . . . . . . . 87
"Waaqa irratti akka ta'u, lafa irrattis akkasuma haa ta'u" Mat. 6:10. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 88
"Soora har'aa bor nu barbaachisu har'a nuuf kenni." Mat. 6:11. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 88
"Cubbuu keenyas nuuf dhiisi; nus immoo warra nu yakkan hundumaaf ni dhiifnaa." Luq. 11:4. . . . . . . . . . . . . . . . . 91
"Qorumsatti nu hin galchin, hamaa nu oolchi malee." Mat. 6:13. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 93
"Mootummaan, humni, ulfinnis kan keeti." Mat. 6:13. . . . . . 95

Boqonnaa 6 - Murteessuu Utuu Hin Taane, Hojjechuu . . . . . . . 98
“Waaqayyo akka isinitti hin faradnetti isin namatti hin faradinaa.” Mat. 7:1. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 98
“Maaliif huuba isa ija obboleessa kee keessa jiru ilaalta?” Mat. 7:3. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 99
“Waan qulla’aa ta’e saroota jala hin buusinaa!” Mat. 7:6. . 102
“Kadhadhaa isiniif ni kennamaa; barbaadaa ni argattuu; balbala rukutaa isiniif banamaa.” Mat. 7:7. . . . . . . . . . 102
“Karaan gara jireenyatti geessu rakkoodha, karri isaas dhiphaadha.” Mat. 7:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 107
“Balbala isa dhiphaadhaan ol galuudhaaf wal dorgomaa.” Luq. 13:24. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 109
“Raajota sobduu irraa of eeggadhaa.” Mat. 7:15. . . . . . . . . . 112
“Hundeen isaa dhagaa irra dhaabamee waan tureef hin jigne Mat. 7:25. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 113

# Boqonnaa 1 - Gaara Cinatti [iii]

Yesuus Beetelihemitti dhalachuu Isaatiin jaarraa 14 dura, ijoolleen Israa'el Sheekem lafa jedhamutti walitti qabamanii utuu jiranii gaara cinaa sagaleen lubootaa eebbaa fi abaarsa utuu labsuu dhaga'ame. " Seera Waaqayyo Waaqa keessanii yoo eegdaniif, ni eebbifamtu: ... yoo abboomamuu diddan garuu ni abaaramtu." K.Deebii 11:27,28. Sana irraa kan ka'e gaarren sagaleen eebbaa irraa dhaga'ame sun "Gaara Eebbaa" jedhamuudhaan beekame. Israa'el yaada guddaa ishee dura ka'ame irraa ni kufte. Kan Iyyaasuu irraa adda ta'e saba Isaa gara boqonnaa dhugaatti geggeessuu qaba. Israa'eloonni bakka olaanaa isaniif ka'ame bira ga'uu hin dandeenye. Namni Iyyaasu irra wayyu gara boqonnaa sanaatti isaan geggeessuu qaba.

Mee yaada keenyaan ta'umsa sanatti haa deebinu, akka waan bartootaa wajjin cina gaara sanaa teenyee jirruutti haa yaadnu, yaadaa fi miira bartootni keessa turan keessas haa seennu. Dubbiin Yesuus yeroo sana itti dubbate maal jechuu Isaa akka ta'e hubachuudhaan, miidhaginaa fi kaka'umsa isaanii keessatti arguudhaan, nutis har'a barumsa gad-fagoo ta'e Irraa sassaabbachuu dandeenya.

Yeroo Fayyisaan hojii Isaa jalqabetti, yaadnii fi hubannaan waa'ee Masihichaaf qaban akka uummatni Isa simatan hin taasifne. Hafuurri waaqeffannaa dhugaa barmaatilee fi sirnoota adda addaa keessa baduudhaan raajiin dubbataman of tuulmaa fi onnee biyya lafaa jaallattuun hiikamaa ture. Yihuudotni kan eegaa turan fayyisaa Isa cubbuuttii isaan qulleessu utuu hin taane, mootii leenca Yihuu- [2]
daa keessaa ka'uudhaan warra kaan jilbeenfachiisu ture. Yohaannis cuuphaan, onnee humna raajota durii barbaaduun, qalbii jijjiirrannaaf isaan waamuun isaa akkasumaan ta'e. Laga Yordaanositti quba itti qabuudhaan ilaa Hoolaa Waaqayyoo cubbuu biyya lafaa kan balleessu jechuun isaas akkasumaan ture. Waaqayyo gara raajii Isaayyaasiin dubbatame, isa waa'ee Fayyisaa Isa dhiphina fudhachuuf jiruutti sammuu isaanii deebisuu barbaada; isaan garuu hin dhageenye.

Utuu barsiisotnii fi geggeessitootni Israa’el ayyaana Isaa isa nama jijjiiruu danda’utti amananiiru ta’eetii Yesuus namoota hundumaa gidduutti ambaasaadaroota Isaa isaan godhata ture. Yihuudaa keessatti jalqaba waa’een dhufaatii mootummaa labsamee ture, sana boodas qalbii jijiirrannaadhaaf waamichi isaaniif godhameera. Warra mana qulqullummaa Yerusaalem keessatti daldalan ari’ee baasuu isaatiin Yesuus Masii ta’uu Isaa mirkaneesseera. Isa lubbuu hundumaa faalama cubbuuttii qulleessee Gooftaadhaaf mana qulqullummaa qulla’aa ta’e gochuu danda’a. Haa ta’u malee, geggeessitootni Yihuudotaa barsiisaa

gad-of deebise Isa Naazireetii argame kanaaf gadi jechuu hinbarbaanne. Yeroo 2ffaaf gara Yerusaalem yeroo dhufe abboota murtii duratti dhiyeeffamee kan ture yeroo ta’u, isa ajjeessuudhaaf uummata sodaatanii dhiisan. Yeroo sanadha kan Inni Yihuudaadhaa ba’ee Galiioyuiklaatti tajaajila Isaa jalqabe.

Hojii Inni achitti jalqabe sun kan itti fufe lallaba gaara gubbaatti ta’e kana dura ji’oota muraasa dura ture. Biyya sana hundumaa keessatti ergaan Inni lallabe, “Mootummaan Waaqayyoo
[3] dhiyaateera” kan jedhu ture (Mat. 4:17). Kun immoo xiyyeeffannaa namoota sadarkaa hundumaa irra jiran kan harkise yeroo ta’u, abdii isaaniis caalaatti qabsiiseera. Seenaan barsiisaa haaraa kanaa biyyicha guutummaa keessa faca’e, sadarkaan garaa gara utuu hin daangessin yaadni furii Isa abdachiifame ta’uu hin oolu jedhu bal’inaan namoota keessa faca’e. Lakkoofsi namoota faana Yesuus hordofanii haalaan baayy’achaa kan deeme yeroo ta’u beekamtiin Isaas daraan dabale.

Akka namootni baayy’atanii duukaa yaa’an kun akka hoolota tiksee hin qabneetti kunuunsa akka hin dhabnetti yeroon itti bartootni caalaatti Yesuusii wajjin tokkummaadhaan hojjetan ni dhufeef. Bartoota Isaa keessaa tokko tokko akkuma Inni tajaajila Isaa jalqabeen kan Isatti makaman yeroo ta’u, bartoota Isaa kudha lamaan isaanii iyyuu Yesuusii wajjin maatii tokko ta’an. Haa ta’u malee, barsiisota yeroo sana turaniin dogoggoranii yaada mootummaan Isaa mootummaa isa biyya lafaa kana irraati kan jedhu amanuu jalqaban. Ademsa Yesuusiin hubachuu hin dandeenye. Akka mootummaa biyya lafaatti deggersa argachuudhaaf lubootaa fi barsiisotaa wajjin walitti dhufeenya uumuudhaaf yaalii Inni agarsiise waan hin turreef jeeqamaniiru. Amantii qulqulla’aa isa yeroo Yesuus ol ba’u

qabaachuuf jedhanii qophaa'uudhan dura hojii guddaan bartoota kanaaf hojjetamuu qabu jira. Yesuusiif jaalala qaban yoo agarsiisan iyyuu onneen isaanii amanuudhaaf suuta kan jedhe ture. Haa ta'u malee, Yesuus isaan keessaa kan leenjisee hojii guddaa sanaaf qopheessuu danda'u ni arge. Amma yeroo dheeraa ga'aa ta'eef Isaa wajjin waan turaniif, ergamni Isaa Waaqa biraa akka ta'e amanuu isaaniitiin, humni Isaa kan sabni sun argan gaaffii kan hin kaafne waan ta'eef, amma akka isaan dhugaa isaa hubataniif qajeelfamoota Mootummaa Waaqayyoo isaanitti himuudhaaf karaan qophaa'eera jechuu dha.

Yesuus qofaa isaa gaara galaana Galiilaatti dhiyoo jiru irratti [4]
halkan guutuu warra filaman kanaaf kadhachaa bule. Yeroo galgalaa'e gara Isaatti isaan waamee kadhataa fi qajeelfamaan harka Isaa mataa isaanii irra kaa'ee isaan eebbisee, hojii wangeelaatiif adda isaan baase. Sana booda isaanii wajjin gara qarqara galaanaa iddoo itti ganama namootni baayy'een isaanitti makaman dhaqe.

Namota baayyee Galiilaadhaa Isa duukaa bu'an sana malee Yihuudaa irraa, Yerusaalem irraas namoota baayy'eetu itti dabalame; Beeri'aa, Deekaa'oolis, Edoom, Kibba Yihuudaatiin Xiiroosii fi Siidoon, magaalaa Fiinqee, qarqara Galaana Diimaa kan jiran keessaa namoota bayy'eetu dhufee ture. "Wantoota gurguddoo Inni hojjete dhaga'uudhaan, Isa irraa baruudhaaf, dhukkuba isaanii irraa fayyuudhaafis dhufan; ... humni Isa keessaa ba'ee hunduma isaanii fayyise." Mar. 3:8, luq. 6:17-19.

Qarqara galaanaa sanaa irraa bakka dhaabatee namoota sana hundumaatiis sagalee Isaa dhageesissu dhabnaan Yesuus gara qarqara gaara sanaa dhaqe. Gaara sana irraa iddoo dubbannaafis ta'e namoota amma sana baayy'ataniif dhaga'uudhaaf mijatu yeroo ga'e marga irra teenyaan bartootnii fi sabni sun hundi akkuma isaa marga irra ta'an.

Kanaan dura kan hojjete caalaa waan haraa hojjechuu danda'a jedhanii waan eeganiif bartotni barsiisaa isaanii kanatti dhiyaatanii ta'an. Ganama sana yeroo walitti qabaman waa'een mootummaa akka hundeeffamuuf abdachaa jiranii beeksisni ta'e akka dubbatamu amananii eegaa turan. Yaadni kun namoota hundumaa keessa waan guuteef fuula isaanii irraa kaka'umsi mul'atu fedhii guddaa isaan qabaataniif ragaa ture.

Gaara sana irraa gara cinaacha isaatii bakka magariisa ta'e irra [5]

ta'anii dubbii afaan barsiisaa Waaqa ta'e kana keessaa ba'u yeroo eegan onneen isaanii yaada ulfina fuula duraatiin guute. Caaftonnii fi Fariisotni achi jiran guyyaa itti

mootummaa warra Roomaa warra jibbamoo ta'an harkaa fuudhanii badhaadhina impaayera guddoo sana harka isaanii keessa galfatan eegaa jiru. Qonnaan bultootni fi qurxummi qabdootni hiyyeeyyii ta'an guyyaa itti gadadoon, hanqinni nyaataa, jireenyi gad- deebii fi sodaan hanqinaa isaan irraa ka'ee quufaa fi jireenya salphaadhaan bakka bu'uu isaa abdatu. Qooda uffata tokittii ishee halkanii fi guyyaa uffatanii Yesuus warra booji'aman irraa guuree uffata gati jabeessa baayyee isaa akka isaaniif kennu abdatan.

Onneen namoota hundumaa ulfina Israa'el ishee Waaqayyoon filatamtee arguu fi Yerusaalem magaalaa guddoo guutummaa addunyaa ta'uu ishee arguuf boona abdiitiin guuteera.

## Boqonnaa 2 - Kan Eebbifaman [6]

**’Inni barsiisuma kanaan afaan Isaa saaqqate; kara hafuuraatti hiyyeessota kan ta’an haa gammadan, mootummaan Waaqaa kan isaaniiti.’ Mat. 5:2,3.**

Aka waan haaraa fi keessummaatti dubbiin kun gurra namoota lakkoofsaan hedduu ta’anii fi maaltu dubbatama laata jedhanii eegaa jiranii keessa bu’e. Barsiisni kun kan isaan lubootaa fi barsiisota isaanii irraa dhaga’anii wajjin baayy’ee kan wal-faallessu dha. Dubbii Isaa kana keessaa of tuulmaa isaanii ykn abdii ol of qabuuf isaan eegan kan gargaaru hin arganne. Haa ta’u malee, yeroo barsiisaan haaraa ta’e kun dubbatutti humna akka isaan dhiisanii hin deemneef achitti isaan hidhutu ture. Minyaan jaalala Waaqummaa Isaatii argamuu Isaa irraa akka foolii abaaboo gaariitti kan dhangala’u dha. Dubbiin Isaa “Akka bokkaa lafa margi irraa haamame irratti bu’uu, akka tiifuu deddeebi’ee lafa jiisuuti”. Far. 72:6. Hundi isaanii akka Namni iccita onnee namaa keessa jiru dubbisuu danda’uu fi gaarummaa guddaadhaan gara isaanii dhufe itti dhaga’ame. Onnee isaanii waan Isaaf bananiif utuma dhaggeeffachaa jiranii hiikkaa dubbii dubbatamaa jiruu kan namni hundinuu bara hundumaa keessatti barachuu qabu akka hubataniif Hafuurri Qulqulluun isaaniif ibse.

Bara Kiristoos lafa irra ture keessa geggeessitootni amantii turan akka waan Hafuuraan badhaadhoo ta’aniitti of yaadu turan. Kadhannaan Faarisichaa kan inni, “Akka namicha cubbamaa sanaa waan na hin taasifneef si haa galatu” (Luq. 18:11) jedhe sun miira namoota [7]
sadarkaa isaa wajjin wal fakkaatu hundumaa fi saba sana hundumaa keessa jiru ta’uu ibsa. Haa ta’u malee, namoota Yesuusitti marsanii ta’aa turan keessaa kan Hafuuratti hiyyeessa ta’uun isaanii itti dhaga’amu muraasni turaniiru. Yeroo qurxummii qabuu keessatti dinqiin humna Waaqayyoo mul’ate Pheexiroos miilla Yesuus jalatti kufee, “Ana irraa fagaadhu; ani nama cubbamaadhaa” (Luq. 5:8); akkuma kana namoota bakka gaara sana irratti walitti qabaman keessaa kan Qulqullummaa Yesuusii wajjin walbira of qabanii “Ani

nama xura’aa, dadhabaa, hiyyeessa, jaamaa fi qullaa dha” ofiin jedhan turaniiru (Mul. 3:17); isaan Ayyaana Waaqayyoo isa fayyina isaaniif fidu fedhaa turan (Tit 2:11). Lubbuu kanneen keessatti, nagaan Yesuus gaafate abdii keessa isaaniitii dammaqse; jireenyi isaanii eebba Waaqayyoo jala jiraachuu isaa argan.

Namoota, “Sooressaa fi waan hunda kan geessifatan of se’aniif’ Yesuus eebba qaaxee guute kenneef (Mul. 3:17), wanti nutti hir’atu hin jiru waan jedhaniif kennaa ulfina qabeessa sana ni tuffatan. Namni guutuu dha ofiin jedhu, haala ofii isaatiitti kan quufu, ani nama gaarii dha kan ofiin jedhu, ayyaanaa fi qajeelummaa Kiristoosittii hirmaachuuf hin dubbattu. Of tuulmaan homaa na hin barbaachisuudhaan guuta; kanaaf onnee isaanii Kiristoosii fi eebba Inni fideefii dhufetti akka cufatan godha. Onnee nama akkasii keessaa Yesuus iddoo hin qabu. Warri ija ofii isaaniitti kabajamoo fi badhaadhoo ofse’an amantiidhaan waan hin gaafanneef Waaqayyo biraa eebba hin argatan. Guutuu waan of se’aniif duwwaa isaanii deebi’u. Warri akka ofii isaanii oolchuu hin dandeenye, ykn ofii isaaniitii qajeelummaa gochuu akka hin dandeenye beekan, isaantu gargaarsa Kiristoos biraa argamu dinqifata. Warra hafuuratti hiyyeessota ta’ani dha kan inni kan eebbifamani dha jedhe.

[8] Namni Yesuus cubbuu isaa dhiisuuf, kan duraan dursee qalbii jijjiirratu dha, cubbuu isaa akka inni amanuuf immoo kan amansiisu Hafuura Qulqulluu dha. Warri amansiisuun Hafuura Qulqulluu isaan keessa guute ofii isaanii keessatti gaarummaa ofii isaanii tokko illee hin argan. Kan isaan of keessatti argan, kan isaan hojjechaa turan hundi ofummaa fi cubbuudhaan kan faalame ta’uu isaati. Akka namicha hiyyeessa qaraxa funaanu sanaa, fagaatanii dhaabatanii, ija isaanii gara waaqaatti utuu ol hin kaasin, “Ani nama cubbamaadhaa yaa Waaqayyo natti araarami” jedhanii boo’u, Luq. 18:13. Isaan kun eebbifamoo dha. Kiristoos “Hoolaa Waaqayyoo Isa cubbuu biyya lafaa balleessu waan ta’eef’; warra qalbii jijjiirratuuf dhiifamni jira, Yoh. 1:29. Waadaan Waaqayyoo, “Cubbuun keessan akka dhiigaa yoo diimate, akka cabbii ni addaata; diimaa biluus yoo ta’e akka jirbii iddamaa ni addaata.” Isa. 1:18; Hiz. 36:26, 27 jedha.

Warra hafuuratti hiyyeessota ta’aniin Yesuus akkana jedha, “Mootummaan Waaqayyoo kan isaaniiti.” Mootummaan kun akka dhaaltotni Yesuus itti eegan kan yeroo fi kan lafa kana irraa miti. Kiristoos mootummaa Isaa isa Hafuuraa, jaalalaa, ayyaanaa fi qa-

jeelummaa Isaatiin guute namootaaf bane. Alaabaan mootummaa Masihichaa kan Inni ittiin adda baafame Ilma namaa fakkaachuudhaani dha. Mata dureen isaa, 'hafuuratti hiyyeeyyeessota kan ta'an, warra gad deebi'ootaa fi warra qajeelummaadhaaf jedhanii jibbaman' ture. Mootummaan Waaqayyoo kan isaaniiti. Yoo gutummaatti hin raawwatamne ta'e illee, hojiin akka isaan "Ifa isa waaqa irraatti qooda warra Isaaf qulqulla'anitti hirmaachuu isaan dandeessisu" jalqabeera. Qol. 1:12.

Namootni hiyyummaan lubbuu isaanii fi keessa isaanii gaarummaan ofii isaanii tokko illee akka hin jirre amanan, gara Yesuusiin ilaaluudhaan qajeelummaa fi jabina argachuu danda'u. Akkana ittiin jedha, "Isin dadhaboota nana ba'aan keessan kan isinitti ulfaate gara koo kottaa." Mat. 11:28. Hiyyummaan keessan badhaadhummaa ayyaana Isaatiin ni jijjiira. Nuti kan jaalalli Waaqayyoo nuuf malu miti, garuu Kiristoos Isa furii keenya ta'eef waan maluuf, Inni warra gara Isaa dhufan fayyisuudhaaf ni danda'a. Muuxannoon kee yeroo darbee maal iyyuu yoo ta'e, haalli ati amma keessa jirtus kan abdii nama kutachiisu yoo ta'e illee, akkuma jirtutti gara Yesuus yoo dhufte, dadhabaa, gargaarsa kan hin qabne, fi abdii kan kutatte, fayyisaan keenya Inni gara laafessi isaan kana hunda si irraa fuudha, harka jaalala Isaa fi uffata qajeelummaa Isaas sitti ni mara. Uffata adii amala Isaatii nutti uffisee Abbaatti nu dhiyeessa. Akkas jechuudhaan qooda keenya Abbaa nuuf kadhata, "Ani iddoo cubbamaa kana fudhadheera. Mucaa kufe kana utuu hin taane anaan ilaali." Akkuma seexanni sagalee ol fudhatee cubbuu keenyaaf nu hadheessuudhaan duuka buutuu kooti jedhee lubbuu keenya falmatu, dhiigni Kiristoos humna guddaadhaan nuuf kadhata. [9]

"Qajeelinnii fi jabinni Waaqayyo duwwaa bira jira. . . . sanyiin Israa'el hundinuu humna kootiin ni mo'u, ana Waaqayyo isaaniitiin ulfina ni argatu." Isa. 45:24, 25.

### "Warri garaan isaanii gadde haa gammadan: isaan jajjabina ni argatu." Mat. 5:4.

Gaddi addanatti ibsame kun gadda waa'ee cubbuutiif onnee irraa gaddani dha. Yesuus akkana jedhe, "Yeroon ol butamu hundumaa gara kootti nan harkisa." Yoh. 12:32. Namni tokko yeroo Yesuus isa fannoo irratti ol fuudhame ilaalu, cubbamaa ta'uu ilmaan

namootaatu itti mul'ata. Kan Gooftaa ulfinaa sana fannoo irratti
[10] ajjeese cubbuu ta'u isaa arga. Jaalala hin dubbatamneen jaallatamuu isaa fi ofii ammo walitti fufiinsaan micciramaa fi fincilaa jiraachuu isaa arga. Michuu isaa isa hunda caalu ganuu dhaan kennaa gati jabeessa samiin isaaf kenne dhabeera. Irra deebi'ee ofii isaatii lima Waaqayyoo fannisee, irra deebi'ee waraanee dhiigsee onnee Isaa madeesseera. Lolaa cubbuu isa bal'aa, gurraachaa fi gadi fagoo ta'een Waaqayyoo irraa adda ba'uu isaatiin onneen isaa cabee gaddaa jira.

Gaddi akkasii jajjabina ni argata. Waaqayyo cubbuu keenya kan nutti agarsiisuuf akka nuti gara Kiristoositti baqannee karaa Isaa garbummaa cubbuu jalaa baanee biliisummaa Ilmi Waaqayyoo kennutti akka nuti gammadnuufidha. Qalbii jijjiirrannaa dhugaadhaan fannoo jala dhufnee ba'aa keenya achitti akka gatnuufidha.

Dubbiin Fayyisaa kanaa warra gadadamaniifis jajjabina of keessaa qaba. Gaddi keenya lafa keessaa hin burqu. Waaqayyo, "Namoota rakkisuutti ykn dhiphisuutti hin gammadu." F.Erm. 3:33. Yeroo rakkinaa fi qorumsa heyyamutti "qulqullummaa Isaa keessaa akka hirmaannuuf dha." Ibr. 12:10. Yoo amantiidhaan fudhatame, qorumsi inni ulfaataa fi baatamuu hin dandeenye eebba mirkaneessa. Qilleensi hamaan gammachuu lafa irraa haxaa'u karaa nuti ittiin ija keenya gara samiitti deebifnu ta'a. Kan utuu rakkinni itti dhufee jajjabina barbaachaaf gara Yesuus utuu hin dhufne ta'ee Isaa wajjin wal hin barin kan hafan meeqa ta'u laata!

Qorumsi jireenyaa amala keenya keessaa isa rakkisaa fi xura'aa ta'e baasuuf kan Waaqayyo itti dhimma ba'u dha. Muruun, bocuun, olii fi gad darbachuun, fi haxaa'uun isaanii adeemsa nama dhukkubsu dha; Maashina waa daaku keessa buufamuun ulfaataa
[11] dha. Haa ta'u malee, dhagaan daakamee ba'u sun mana qulqullummaa samii keessa jiru sanatti guutamuuf qophaa'e. Meeshaa waa'ee hin baafneef Gooftaan isaa hojii of eeggannaa barbaaduu fi dadhabsiisaa ta'e kana hin hojjetu. Dhagaa warra gati jabeeyyii qofatu mana sanaaf akka ta'utti qopheeffama.

Waaqayyo warra isatti amanatan hundumaaf ni hojjeta. Warri amanamoon injifannoo boonsaa ta'e ni argatu. Barumsi gati jabeessa ta'e ni baratama. Muuxannoon gati jabeessa ta'es irraa ni argama.

Waaqayyo warra gaddaniif dhimma dhabee hin beeku. Yeroo Daawwit, "Mataatti aguuggatee, miillatti kophee utuu hin ka'atin

bo'aa gaara Ejersaatti ol ba'e" Waaqayyo ija gaddaatiin isa ilaala ture (2 Saam. 15:30). Daawwit keeshaa uffatee, sammuun isaa isa ceepha'aa ture. Bakkeedhaan kan mul'ate gad-of deebisuun isaa haala inni keessa ture kan mul'isu dha. Imimmaanii fi garaa cabaadhaan dhimma isaa Waaqayyotti yeroo dhiyeessetti Waaqayyo hojjetaa Isaa kana hin gatne. Daawwit yeroo irratti kaa'amee, fincila ilama isaatiin qindaa'e jalaa lubbuu isaa oolfachuudhaaf diina isaa jalaa baqate, caalaa jaalala Waaqayyoo isa dhuma hin qabne sana barbaaddatee hin beeku. Gooftaan, "Ammuman jaalladhu dheekkamees nan adaba: kanaaf dhimmiitii yaada garaa kee gedderadhu" jedha. Mul. 3:19. Kiristoos onnee qalbii jijjiirrannaadhaaf gaddu amma iddoo bultii Isaa godhatutti ibiddaan ni qulleessa.

Haa ta'u malee, yeroo qorumsi nutti dhufu ammam keenyatu akka Yaaqob ta'a! Harka diinaati jennee yaadna; dukkana keessattis calluma jennee amma humni keenya dhumutti akkasumaan wal'aansoo qabna, jajjabina ykn furiis hin argannu. Yaaqobiif garuu,
Ergamaa Waaqayyoo ture kan itti mul'atee wajjin wal'aansoo qabaa [12]
ture - Ergamaa kakuu; inni kan boo'uu fi kan gargaarsa hin qabne ta'us eebba isa lubbuun isaa dheebotte fudhachuudhaaf onnee jaalala dhuma hin qabneetiin irratti kufe. Qorumsi bu'aas akka qabu beekuutu nurra jira malee dheekkamsa Waaqayyoo jibbuun ykn yeroo Isaan ifatamnu of wallaallee kufuun nurra hin jiru.

"Namni Waaqayyo isa ifatu galateeffamaa dha: ... inni ni madeessa, walittis immoo ni hodha; inni ni cabsa, harkuma isaatiin immoo ni fayyisa; rakkina ja'a irraa si oolcha, isa torbaffaattis hamaan si hin tuqu." Iyyoob 5:17¬19. Warra madaa'an hundumaaf Yesuus tajaajila fayyinaa kennuuf dhufe. Jireenyi dhukkubbii, dhiphinaa fi rakkinaa aragamuu Isaa isa ulfina qabeessaan ifatti ni jijjiirama.

Yesuus gaddaa fi caba onneetiin gadi qabamnee akka hafnu hin fedhu. Inni fuula jaalalaatiin gara keenya ilaala. Fayyisaan keenya baayyina boo'ichaatiin iji isaanii jaamuudhaan kan adda Isa baafachuu dadhaban baayyee bira dhaabatee jira. Ija amantiitiin gara isaa ilaallee akka Inni nu geggeessuuf akka heyyamnuufitti harka keenya qabuuf baayy'ee hawwa. Onneen isaa gadda, dhiphinaa fi qorumsa keenyaaf banaa dha. Inni jaalala bara baraatiin nu jaallate. Gaarummaa jaalala Isaatiinis nu marse. Onnee keenya isa irra tursinee guyyaa guutuu waa'ee jaalala Isaatii irra deddeebinee haa

yaadnu. Inni immoo lubbuu keenya gaddaa fi dhiphina keenyaan olitti ol fuudhuudhaan buufata nagaatti ni geessa.

Kana yaadi, ijoollee gaddaa fi dhiphinaa, abdiidhaan gammaduu. "Humni ittiin biyyi lafaa mo'amu, kunis amantii keenya." 1 Yoh. 5:4.

[13] Warri biyya lafaa fi cubbuu isheef gaddanii Yesuusii wajjin bo'anis kan gammadani dha. Gadda akkasii keessa ofittummaan hin jiru. Yesuus garaa gaddu qaba ture, ho'a Isaa kanas afaanni ibsuu danda'u hin jiru. Irra daddarbaa namootaatiin garaan Isaa tarsa'eera. Inni dhabaa fi wayyoo isaan keessa turan keessaa isaan furuudhaaf inaaffaa aarsaaf Isa dhiyeessuun qabamee ture. Namootni baayyeen jireenya akka argataniif gara Isaa dhufuu diduu isaaniitiin onneen Isaa gaddaan guuteera. Duuka buutotni Yesuus hundinuus muuxannoo kana ni hirmaatu. Yeroo jaalala Isaa keessaa qooda fudhatan lubbuu bade fayyisuudhaafis ni dheebotu. Isaan dhiphina Yesuusiin akkuma hirmaatan ulfina Isaa isa mul'achuuf jedhu keessaas ni hirmaatu. Warri hojii Isaa keessatti Isaa wajjin ta'an, xoofoo gaddaas kan wajjin dhugan, gammachuu Isaa keessaas ni hirmaatu.

Dhiphina keesstti dha kan Yesuus tajaajila warra gaddan jajjabeessuu kan argate. Dhiphina ilmaan namootaa hundumaa keessatti Innis ni dhiphate; "Inni waan ofii Isaatii dhiphatee qoramee arge keessatti, warra qorumsi itti dhufe gargaaruu danda'a." Isa. 63:9; Ibr. 2:18. Tajaajila kana keessatti dhiphina Isaa keessatti kan hirmaatan hundinuu carraa Isaa wajjin hirmaachuu qabu. "Dhiphina Kiristoos keessaa hammana kan hin jedhamne akkuma hirmaanne akkasuma karaa Kiristoos jajjabina Isaa keessaa hammana kan hin jedhamne ni hirmaanna." 2 Qor. 1:5. Gooftaan warra gaddaniif ayyaana addaa qaba, lubbuu booji'uudhaaf humni Isaas onnee baqsa. Jaalalli Isaa lubbuu madoofteef banaa dha, gadda isaaniifis qoricha fayyinaa ta'a. "Abbaa araara hundumaa, abbaa jajjabina hundumaa, ... jajjabina isa Waaqayyo biraa arganne sanaan, nuti immoo rakkina akkamii keessatti iyyuu warra kaan akka jajjabeessinuuf, inni rakkina keenya hundumaa keessatti nu jajjabeessa." 2 Qor. 1:3,4.

**“Warri garraamiin haa gammadan.” Mat. 5:5.** [14]

Eebbota kanneen keessa toora ol aanaa muuxannoo kiristaanotaatu jira. Warri Kiristoosiin barbaadan, warri waa’ee cubbuu isaaniif gaddan, warri Kiristoosii wajjin mana barumsaa dhiphinaa keessa ta’an, barsiisaa Waaqa ta’e kana irraa garraamummaas ni baratu.

Obsii fi jabinni rakkina keessatti argamu amala warra Yihuudotaa biratti gatii qabu hin turre. Dubiin Museen Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamee dubbate, Inni namoota lafa irra jiran hundumaa caalaa garraamii ta’uu Isaa kan mirkaneesse, namoota bara isaa keessa turan biratti fudhatama hin arganne; qooda isaa ni jibbame ykn ni tuffatame. Haa ta’u malee, Yesuus mootummaa Isaa dhaaluudhaaf garraamummaa akka ulaagaa isa duraatti kaa’e. jireenya ofii Isaatii keessattis miidhaginnii fi amalli waaqummaa ulfina qabeessa ta’e kun mul’ateera.

Yesuus, Inni ifa ulfina Abbaa Isaatii ta’e, “Inni ulfina sana gad dhiisee akka waan tokkotti hin galle of godhe, bifa garbummaas fudhate. ” Filip. 2:6, 7. Jireenya gad deebi’aa keessa darbuuf filate hundumaa keessatti, ilmaan namootaa gidduu yeroo deddeebi’e, akka mootiitti ulfina hin barbaadne, akka nama ergama namoota biroo tajaajiluu qabuutti ture. Xuraa’ummaan wal caalchisuu garaa Isaa keessa hin turre. Fayyisaan biyya lafaa, uumama ergamootaa ol kan ta’e, Inni humna Waaqummaa dabalatu kan namoota hundumaa gara Isaatti harkise garraamummaa fi gad of deebisuu Isaa ture.

Yesuus ofii Isaa duwwaa waan godheef, waan Inni hojjete hunda keessatti, anummaan hin mul’anne. Waan hundumaa fedha Abbaa Isaatii jala galche. Yeroo tajaajila Isaa lafa irraa xumuruu jala ga’etti, [15]
“Ani lafa irratti ulfina siif kenneera: hojii akkan hojjedhuuf ati anaaf laattes raawwadheera” jechuu danda’e (Yoh. 17:4). Nuunis, “Ana irraa baraa, anoo garraamii fi kanan gad of deebisedhaa” jedhee nu gaafata. (Mat. 11:29; 16:24); Anumaan gatamee olaantummaan inni lubbuu irratti agarsiisu haa dhaabatu.

Namni of ganuu fi gad of deebisuu Kiristoosiin arge akkuma Daani’el, “Miidhaginni koo illee amma iddoodhaa badutti ni gedderame” jedha (Dan. 10:8). Ofitti hirkattummaa fi ol aantummaan nuti ittiin ulfina ofiif laannu akka seexana tajaajiluutti ilaalama. Uumamni namaa of himuu fi dorgommiidhaaf kan qophaa’e dha;

haa ta'u malee, namni Yesuus irraa bare kooraa fi ol aantummaa jaallachuu irraa duwwaa of godhee, lubbuun isaa gabiidhaan jiraata. Anummaan Hafuura Qulqulluu jala galuu qaba. Sana booda iddoo ol aanaa qabachuuf hin dharraanu. Namootatti of mul'isuuf hin barbaadnu; garuu iddoon ol aanaan nuti qabachuu qabnu miilla Fayyisaa keenyaa jala akka ta'etu nutti dhaga'ama. Akka nu geggeessuuf harka Isaa eeggachaa fi sagalee Isaa dhaggeeffachaa gara Yesuus ilaalla. Phaawuloos muuxannoo kana waan qabaateef akkas jedhe, "Egaa si'achi Kiristoos Isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jireenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, Ilma Waaqayyoo Isa na jaallate, ofii Isaa dabarsee Isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha." Gal. 2:20.

Yeroo Kiristoosiin lubbuu keenya keessa akka jiraatuuf akka keessumaatti simannu, nagaan Waaqayyoo inni hubannaa namaatiin ol ta'e onnee keenyaa fi sammuu keenya karaa Yesuus Kiristoos ni eega. Jireenyi Fayyisaan keenya biyya lafaa wal'aansoon guutte kana keessa jiraachaa ture jireenya nagaa ture. Yeroo diinotnii aaran
[16] isa ari'achaa turanittis akkas jedhe, "Inni ana erge anaa wajjin jira; ani yeroo hundumaa kan Isa gammachiisu waanan hojjedhuuf, Inni qofaatti ana hin dhiifne." Yoh. 8:29. Nagaa amansiisaa Waaqayyoo wajjin qaban dheekkamsi namaas ta'e kan seexanaa jeequu hin danda'u. Kanaaf, nuunis akkana nuun jedha, "Nagaa koo isniif nan kenna, nagaa koo isin biratti nan dhiisa." Waanjoo koo baadhaa, ana irraas baraa; anoo garraamiidhaa fi kan gad of deebise dhaa: lubbuu keessaniifis boqonnaa ni argattu." Yoh. 14:27; Mat. 11:29. Anaa wajjin waanjoo Waaqayyoof ulfina kennuu fi namoota gargaaruu yoo baattan waanjoon koo salphaa fi kan hin ulfaanne ta'uu isaa ni argitu.

Nagaa keenya kan booressu of jaallachuudha. Yeroo anummaan jiraatutti gad deebi'uu fi arrabsamuu irraa jabaannee eegna; garuu yeroo anummaan keenya du'ee jireenyi keenya Kiristoosii wajjin Waaqayyo keessa dhookatu, dagatamuu fi tuffatamuu keenyatti iddoo hin laannu. Ceephoodhaaf duudaa taana. Tuffii fi arrabsoofis jaamaa taana. "Jaalalli danda'aa dha, gaarummaas ni agarsiisa; jaalalli hin hinaafu, of hin jaju, of hin bokoksus; jaalalli lafa salphinaa hin ijaajju, waan isatti tolu duwwaas hin barbaadu, hin dallanu, waan hamaas nama irratti hin lakkaa'u. Jaalalli qajeelina dhugaatti gammada malee, jal'inatti hin gammadu. Jaalalli karaa tokko illee

nama hin lafafu, hunduma isaa ni amana, hunduma isaa abdata, hunduma isaas obsa. Jaalalli yoom iyyuu hin badu.” 1 Qor. 13:4-8.

Gammachuun lafa kana irraa argamu haala duukaa kan jijjiiramu dha; nagaa Kiristoos garuu nagaa jiraataa fi dhaabbataa dha. Haala jireenyaa kam irratti iyyuu kan hundaa’u miti; baayyina qabeenyaa lafa irraa ykn baayyina hiriyyaa irratti hin hundaa’u. Yesuus burqaa bishaan jireenyaati, gammachuun Isa irraa maddus takkaa hin badu.

Garraamummaan Kiristoos yeroo mana keessatti mul’atu warra [17]
manicha keessa jiraatan ni gammachiisa; lola hin kakaasu, deebii aariidhaan guutes hin deebisu, aarii qabbanneessee namoota achi keessa jiran hunda tasgabbeessa. Iddoo fudhatama argatu hundatti, maatii lafa irra jiran qaama maatii guddaa samii irra jiruu taasisa.

Diinota keenya dhiphisuudhaan ijaa baafachuu irra ofii keenyaa sobaan hadheeffamuutu baayyee nuuf wayya. Jibbii fi ijaa baafachuun kan madde seexana biraa waan ta’eef namoota kana gochuu filataniif hammeenya isaaniif buusa. Gad of deebisuu fi gaarummaan inni Kiristoos keessa jiraachuudhaan argamu iccita eebbaati. “Warra gad deebi’aniifis mo’icha kennuudhaan ulfina ni argachiisa.” Far. 149:4.

Warri garraamonni, “Lafa ni dhaalu.” Ol-of qabuudhaan ture kan cubbuun biyya lafaatti gale. Sababa kanaaf maatiin keenya warri jalqabaa biyya lafaa kana bulchuudhaaf aangoo qaban ni dhaban. Gad-of deebisuudhaan ture kan Kiristoos ammo warra bade kan fayyise. Kanaaf, akkuma Isaa akka injifannuuf nutti hima. Mul. 3:21. Yeroo, “Garraamonni lafa dhaalanitti” nus of kennuu fi gad of-deebisuudhaan Isaa wajjin dhaaluuf jirra. Far. 37:11.

Lafti garraamota abdachiifamte lafa ishee gaaddisa du’aa fi abaarsaatiin dukkanoofte kana miti. “Nuyi garuu akka abdii Inni nuuf kenneetti, bantiiwwan Waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu ni eegganna.” “Wanti abaaramaan mandarattii keessatti hin argamu; teessoon Waaqayyoo fi Hoolichaa ishee keessa jira, hojjettootni Isaas Isaaf ni hojjetu.” 2 Phe. 3:13; Mul. 22:3.

Abdii kutannaan, gaddi, cubbuun, namni dhukkuba himatu tokko [18]
hin jiru; awwaalchi, nama du’eef gadduun, du’i, adda ba’uun, cabin onnee hin jiru; garuu Yeuus jira, nagaan jira. Achitti “Ani Waaqayyo kanan isaaniif ho’u isaan nan geggeessa; gara burqaa bishaaniittis

isaan nan geessa; isaan hin beela'an, hin dheebotanis, saafaan akka abiddaa boba'uu fi ho'i aduu isaan hin miidhu." Isa. 49:10.

"Warri waan qajeelaa akka midhaanii beela'anii fi akka bishaanii dheebotan haa gammadan; isaan geessifachuuf jiru." Mat. 5:6.

Qajeelummaan qulqullummaa dha, Waaqayyoon fakkaachuu, Waaqayyo ammo jaalala. 1 Yoh. 4:16. Seera Waaqayyoo hunduma isaa wajjin walii galuu dha, "Abboommiin kee hundinuu qajeelaa dha" (Far. 119:172), akkasumas "Nama jaallachuun seera raawwachuu dha" (Rom. 13:10). Qajeelummaan jaalala, jaalalli ammo ifaa fi jireenya Waaqayyooti. Qajeelummaan Waaqayyoo Kiristoos keessa buufate. Isa fudhachuudhaan qajeelummaa fudhanna.

Qajeelummaan wal'aansoo miidhama qabuun, hojii ulfaataadhaan, kennaa kennuudhaan ykn aarsaa dhiyeessuudhaan hin argamu; nama fudhachuudhaaf beela'uu fi dheebotuuf tola kennama. "Isin warri dheebottan hundinuu gara bishaanii kottaa! Utuu horii hin baasin bitadhaa, nyaadhaa!" "Qajeelummaan isaanii ana biraati, jedha Waaqayyo." "Maqaan isaas Waaqayyo qajeelummaa keenya ni jedhama." Isa. 55:1; 54:17; Erm. 23:6.

Namni kam iyyuu beelaa fi dheebuu lubbuu kamiin iyyuu guutu-
ufii hin danda'u. Yesuus garuu, "Kunoo ani balbala dura dhaabadhee
balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf
bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhiyaadha, innis
[19] anaa wajjin ni nyaata." "Ana buddeenni jireenyaa, gara koo kan
dhufu hin beela'u, kan anatti amanus matumaa hin dheebotu" jedhe.
Mul. 3:20; Yoh. 6:35.

Akkuma jabina qaama keenyaatiif nyaatni nu barbaachisu, Kiristoos, Buddeena Waaqa irraa gadi bu'e, jireenya hafuuraa keenya tursuudhaa fi jabina ittiin hojii Waaqayyoo hojjennu nuuf kennuuf nu barbaachisa. Nyaata jireenyaa fi humna tursuu danda'u walitti fufiinsaan akkuma nyaannu, akkasuma lubbuun walitti fufiinsaan Kiristoosii wajjin walitti dhufeenya qabaachuu, Isaaf of kennuu fi guutummaatti Isa irratti hirkachuu qabdi.

Akkuma imaltuun gammoojjii keessa adeemuudhaan dadhabe bishaan barbaadee yeroo argatu dhugee ittiin dheebuu isaa kutu kiristaanotnis akkasuma bishaan jireenyaa isa Kiristoos irraa maddu argachuu qabu.

Yeroo amala fayyisaa keenyaa isa mudaa hin qabne adda baafannutti guutuummaan guutuutti jijjiiramuu fi haara'uudhaan qulqullummaa Isaatti Isa fakkaachuuf dharra'uu qabna. Waaqayyoon caalaatti yeroo beekaa deemnu, amalli keenya ol ka'aa fi fedhiin nuti Isa fakkaachuf qabnu dabalaa deema. Yeroo lubbuun Waaqayyoon bira geessu Waaqummaan namummaatti dabalama. Yeroo sana lubbuun Isa yaaddu akkas jetti: "Lubbuun koo gab jettee Waaqayyoon duwwaa ni eeggatti, abdii koo Isa irra nan kaa'adha." Far. 62:5.

Lubbuun kee Isa kan barbaaddu yoo taate, qajeelummaa yoo beeloftee fi dheebotte, kun akka Yesuus onnee kee qajeelche mul'isa. Kun immoo, waan ati ofii keetii raawwachuu hin dandeenye karaa Hafuura Qulqulluu akka siif raawwatuuf heyyamuu kee agarsiisa. Dheebuu keenya burqituu gadi fageenya hin qabneen guutuuf yaaluu hin qabnu; amantiidhaan karaa ol ka'aa irra yoo adeemne Burqi- [20]
tuu guddaan nu gararraa waan jiruuf bishaan baayyee tola dhuguu dandeenyu ni arganna.

Dubbiin Waaqayyoo burqaa jireenyaati. Burqaa jireenyaa kana yeroo barbaaddan, karaa Hafuura Qulqulluu, Kiristoosii wajjin gara tokkummaatti dhuftu. Dhugaan kana dura beektu bifa haaraadhaan gara sammuu keetti dhufa, heertuun Kitaaba Qulqulluu hiikkaa haaraadhaan akka ifaatti si keessatti ifa, dhugoota warra kaan hojii fayyinaa wajjin walitti fiddee ilaalta, akka Kiristoos si geggeessaa jiru ni barta, barsiisaan Waaqa ta'e si bira akka jiru ni barta.

Yesuus akkas jedhe, "Bishaan isa ani kennuufiif jiru irraa namni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu; bishan inni ani kennuufiif jiru isa keessatti burqaaa bishaanii isa jireenya bara baraatiif burqu ni ta'a." Yoh. 4:14. Yeroo Hafuurri Qulqulluun dhugaa kana siif ibsu muuxannoo gati jabeessa ta'e argatta. Sana booda wanta nama jajjabeessu kan sitti mul'ate kana warra kaanitti dubbachuudhaaf ni hawwita. Yeroo isaanii wajjin walitti makamtu amala hojii Kiristoosii wajjin wal qabsiiftee yeroo hunda barumsa ho'aa ta'e isaaniif dhiyeessita. Mul'ata jaalala Isaatii isa warra Isa jaallatuu fi warra Isa hin jaallanneef Inni kennu ni qabaatta.

"Kennaa, isiniif ni kennamaa" (Luq. 6:38); Dubbiin Waaqayyoo, "Akka burqaa iddoo dhaabaa jiruu fi boolla bishaan taliilli keessaa yaa'uu, akka bishaan Libaanonii gad yaa'uuti" (Weedduu Weedduu Caalu 4:15). Onneen jaalala Kiristoosiin dhandhamte, caalaatti argachuudhaaf itti fufiinsaan iyyiti. Isattii yeroo hirmaattu baayyi-

naa fi safartuu guddaadhaan dabaltee fudhachaa adeemta. Mul'atni Waaqayyoo hundinuu dandeettii lubbuun beekuudhaa fi jaallachuuf
[21] qabdu dabalaafii deema. Iyyi onnee itti fufiinsa qabu "ammam caalaatti" yeroo jedhu Hafuurri immoo "Baayyee baayyee" jedhee deebisa. Rom. 5:9, 10. Waaqni keenya "Wanta nuyi kadhannuu fi wanta nuyi yaaduu dandeenyu hundumaa irra safara malee caalchisee gochuu ni danda'a. Efe. 3:20. Yesuus, Isa fayyina ilmaan namootaa warra badaniif jedhee duwwaa of godheef, Hafuurri Qulqulluu safara malee Isaaf kenname. Akkasuma immoo hordoftoota Kiristoos warra guutuu guutummaatti akka Inni keessa jiraatuuf jireenya isaanii Yesuusiif kennaniif safara malee ni kennama. Gooftaan keenya ajaja kennee jira, "Hafuuraan guutamaa" (Efe. 5:18), ajajni kunis raawwii abdii kennameeti. Waaqayyo Abbaan, "Kiristoos keessa guutummaatti buufachuutti" gammadeera. Akkasumas, "Kara Isaa guutuu taataniittu."Qol. 1:19, 2:10.

Waaqayyo jaalala Isaa utuu hin qusatin akka bokkaa lafa jiisuutti dhangalaase. Akaks jedhe, "Bantiiwwan waaqaa haa banaman, duumessootni qajeelummaa gad haa roobsan, lafti banamee fayyina haa biqilchu, qajeelummaanis isaa wajjin biqilee haa guddatu!" "Yommuu warri rakkatoo fi gadadamoon bishaan barbaadanii dhaban, yommuu arrabni isaanii dheebuudhaan gogu, ani Waaqayyo kadhata isaanii nan dhaga'aaf; ani Waaqayyo Inni kan Israa'el isaan hin gatu; ani iddoo gogaa fi ol ka'aa dhoosee isaan keessaa bishaan nan yaasa, dacha keessaa burqoota nan baasa, lafa onaa iddoo ciisa bishaanii nan godha, lafa gogaa keessas bishaan nan lolaasa." Isa. 45:8; 41:17, 18. "Guutummaa ayyaana Isaa keessaa hundumti keenya ayyaana irratti ayyaana fudhanneerra." Yoh. 1:16. "Warri namaaf oo'an haa gammadan, isaan oo'a ni argatuu."

[22] Onneen namaa uumamumaan qabbana'aa, dukkana'aa fi kan jaalala hin qabne dha; namni tokko yeroo araaraa fi dhiifama agarsiisu, ofii isaa irraa utuu hin taane, Hafuura Qulqulluutu onnee isaa keessatti hojjechaa jira. "Inni duraan dursee waan nu jaallateef, Nuyi Isa jaallanna." 1 Yoh. 4:19.

Maddi araaraa Waaqayyo dha. Maqaan isaas, "Oo'a qabeessaa fi araara qabeessa." Seera Ba'uu 34:6. Akka gammoojjummaa keenyaatti nutti hin deebisu. Inni jaalala Isaa argachuuf kan mallu ta'uu keenya nu hin gaafatu, jaalala Isaa nu irratti dhangalaasuudhaan warra Isaaf malan nu taasisa. Inni hamaa miti. Adabuu utuu hin

taane fayyisuu barbaada. Gara jabinni Inni al tokko tokko agarsiisu illee karaa fayyinaa irra buusuuf dha. Boo'icha namootaaf furmaata kennuu fi madaa namootaatti dibata gochuudhaaf fedha guddaa qaba. Waaqayyo, "Isa yakkaa utuu hin adabin hin dhiisu" (Seera Ba'uu 34:7), haa ta'u malee, irra daddarbaa hundumaa ni balleessa.

Oo'a qabeessotni, "Amala waaqummaa hirmaatu" isaan keessaan jaalalli Waaqayyoo inni o'aan guute sun ni mul'ata. Warri onneen isaanii jaalala Waaqayyoo isa dhuma hin qabnee wajjin walii galu argachuuf gaafatu hin ceepha'an. Kiristoos Inni lubbuu keessa buufatu burqaa hin gogne dha. Bakka Inni jiru, eebba guutee dhangala'utu jira.

Warra dogoggoran, warra qoraman, warra cubbuudhaan miidhameen, kiristaanni tokko, "Jarri kun kanaaf ni maluu?" jedhee gaafachuu hin qabu. Qooda kanaa, "Akkamittan jara kana gargaaruu danda'a?" jechuu qaba. Warra miidhamee fi cubbuudhaan faalame keessatti, kiristaanni tokko, Kiristoos Isa fayyisuuf du'uu Isaa fi tajaajila walitti araarsuu isa Waaqayyo ijoollee isaa keessa kaa'e ilaala.

Oo'a qabeessotni warra hiyyeessota, miidhamtootaa fi warra [23]
gadi qabamanitti kan oo'a agarsiisani dha. Iyyoob akkas jedhe, "Ani hiyyeessa iyyatu, isa abbaan irra hin jirre, gargaarsa hin qabnes fureera'o. Namni du'uuf jedhe na eebbiseera, dubartii abbaan manaa irraa du'es akka ililchitu godheera. Ani qajeelummaa akka uffataatti nan uffadhe, innis anatti uffifame; firdiinis akka qoloo fi akka marata mataa ture. Ani warra jaamotaaf ija, warra naafaafis miillan ture; ani isa deegaadhaaf abbaan ture, dhimma nama ani hin beeknees duukaa bu'ee nan baasaafan ture;" Iyyoob 29:12¬16.

Namootni jireenyi wal'aansoo dhukkubbii qabu itti ta'e baayyeetu jira. Hir'inni isaanii waan itti dhaga'amuuf jeeqamoo fi kan hin amanne dha; waan itti galateeffachuu qaban tokko iyyuu akka hin qabnetti of yaadu. Dubbiin gaariin, dhiyaannaa gaariin, jajjabeessuun, kan namootni qofaa isaanii wal'aansoo keessa jiraatan akka bishaaniitti dheebotani dha. Dubbiin gara laafinaa, gochaan gaarummaa, ba'aa warra dadhabootaa irra jiru irraa kaasuu danda'a. ilmaan namootaa badaniif dubbii fi gochaan gaarummaa ofittummaa hin qabne irraa maddu kan jaalala Kiristoosiin isaanitti mul'isu dha.

Araara qabeessi, "Araara ni argata." "Namni arjaan ni lalisa; namni dheebuu nama baasus dheebuu ni baafama." Fkn 11:25. Ta-

jaajila of-dagachuutiin namoota biroof gaarii gochuu keessa, hafuura oo'a qabu keessa, nagaa minyaa'uu fi gammachu eebbifamaa ta'etu jira. Hafuurri Qulqulluun Inni lubbuu keessa buufatee jireenya mul'isu garaa isa akka dhagaa jabaatu laaffisee oo'a qabeessa taasisa. Waan facaaftan haamtu. "Namni isa dadhabaadhaaf yaadu haa gammadu! Waaqayyo guyyaa hamaatti isa ni oolcha; Waaqayyo
[24] isa ni eega, jireenyas ni kennaaf; biyya keessattis 'Isa gammade' ni jedhama, Waaqayyo siree dhukkubaa irratti ol isa ni qaba, fayyisees siree dhukkubaa irraa isa ni kaasa." Far. 41:1-3.

Tajaajila ijoollee Isaatiif Waaqayyo kenneef jireenya isaa namni kenne Isa qabeenya guutummaa biyya lafaa keessa jiru irratti ajajuu danda'uu wajjin walitti dhufeenya uume. Jireenyi isaa fuuncaa abdii Waaqayyoo isa duubatti hin deebinee fi warqee irraa hojjetame sanaan Waaqayyotti hidhame. Waaqayyo yeroo dhabaa fi rakkinaatti isa hin gatu. "Waaqayyo koos akka badhaadhummaa isaa isa dinqisiisaatti karaa Kiristoos Yesuus isiniif guutuuf jira." Filip. 4:19. Yeroo rakkinaa isa dhumaatti inni oo'a qabeessa ta'e fayyisaa isa ho'a qabeessaa fi araara qabeessa ta'e keessatti da'oo ni argata; mana isaa isa bara baraattis ni fudhatama.

## "Warri yaadi garaa isaanii qullaa'oo haa gammadan, isaan Waaqayyoon ni argu." Mat. 5:8.

Warri Yihuudotaa seera qullaa'ummaa isaanii isa ulfaataa ta'e sanatti baayyee jaboo turan. Sammuun isaanii seeraa fi dhorka isaanii fi xuraa'ummaa bakkee isaanii sodaachuudhaan kan guute ture; xuraa'ummaa of ittuummaa fi jibbi lubbuu isaaniitti dibuuf garuu iddoo hin laanne.

Yesuus iddoo tokkotti iyyuu barbaachisummaa seera qullaa'ummaa isa bakkee irraan mul'atuu kana akka waan ittiin mootummaa Waaqayyoo galaniitti maqaa hin dhoofne; qullaa'ummaa onnee irratti dubbate. Ogummaan isheen olii taate, "Jalqabatti qulqulluu dha." Yaaqob 3:17. Magaalaa Waaqayyootti wanti xuraa'aan tokko iyyuu hin seenu. Warri achi jiraachuu qaban asitti onnee qulqulluu qabaachuu qabu. Nama Yesuus irraa barachaa jiru irraa,
[25] jibba inni jirerenya maal na dhibdee, jecha hin barbaachifne, fi yaada addagguummaaf qabutu guddachaa adeema. Yeroo Kiristoos onnee

keessa buufatu, qulqullummaa fi qajeelummaa yaadaa fi amalaatu raawwata.

Haa ta'u malee dubbiin Yesuus, "Warri onnee qullaa'aa qaban haa gammadan" jedhu hiika gad fagoo qaba. Qulqullummaa isa biyyi lafaa jedhu miti, koora irraa, ofittummaa irraa walaba ta'uu fi gad of deebisuu fi akka daa'imaa ta'uu dha.

Kan jaallatutu jaalala jajjabeessa. Yoo jaalala isa anummaa aarsaa godhu, isa amala Waaqayyoo ta'e sana of keessaa hin qabaanne, Waaqayyoon beekuu hin dandeessu. Onneen seexanaan gowoommnfamte Waaqayyoon akka abbaa irree fi hamaatti ilaalti; amala namaa fi kan seexanaa isa ofittummaadhaan guute uumaa keenyatti maxxansina. Waaqayyo akkana jedha, "Akkuma ofii kee na seete" Far. 50:21. Kennaan isaa hammeenyatti lakkaa'ame. Kitaaba Qulqulluu isa ayyaana Isaatiin guute keessattis akkasuma. Ulfinni dhugaa Isaatii inni samii caalaa ol fagaatuu fi bara baraan jiraatu adda hin hubatamne. Namoota danuudhaaf Kiristoos sakka hidda lafa gogaa keessaa ba'ee ture, Isa keessatti miidhagina akka isaan isa fedhan godhu tokko illee hin argine. Isa. 53:2. Yeroo Yesuus namoota gidduu turetti, Waaqni nama keessatti mul'ate jechuu dha, caaftonnii fi fariisonni akkas ittiin jedhan, "Ati nama Samaariyaati, hafuurri hamaanis si keessa jira." Yoh. 8:48. Bartootni Isaa iyyuu utuu hin hafin jaamummaa ofittummaatiin qabamanii waan turaniif hojii Inni jaalala Abbaa Isaa isaanitti mul'isuudhaaf dhufe hubachuutti suuta kan jedhan turan. Kanaafidha kan Yesuus lafa irratti qofa galeessa ta'e. Kan guutummaatti Isa hubachuu danda'e samii qofa ture.

Yeroo Kiristoos ulfina Isaatiin dhufu cubbamootni Isa ilaaluu [26]
hin danda'an. Ifi aragama Isaatii warra Isa jaallataniif jireenya yeroo ta'u, warra Waaqa malee jiraataniif du'a ta'a. Dhufaatii Isaa eeguun isaaniif, "Firdiinii fi ibiddi hinaaffaa inni warra Waaqayyoon morman gubu garuu sodaadhaan eeggatamaa jira." Ibr. 10:27. Yeroo Inni mil'atu, Isa isaan fayyisuudhaaf du'e jalaa dhookachuudhaaf kadhatu.

Onnee Hafuurri Qulqulluu keessa buluudhaan qulleesseef garuu, wanti hundinuu jijjiiramaa dha. Onneen kun Waaqayyoon beekuu danda'a. Yeroo ulfinni Waaqayyoo isatti mul'ate Museen tarsa'aa dhagaa keessa dhookfame; nus yeroo Kiristoos keessa dhookannudha kan nuti jaalala Waaqayyoo arguu dandeenyu.

"Namni yaadni garaa isaatii akka qullaa'u jaallatu, haasaan isaas gurra namaatti kan tolu fira mootii ni ta'a." Fkn 22:11. Ammaa fi asitti amantiidhaan Isa ni argina. Waan inni nuuf godhu irraan guyyaatii gara guyyaatti gaarummaa fi oo'a Isaa ni argina. Amala Ilma Isaatii keessatti isa ni mirkaneeffanna. Hafuurri Qulqulluu dhugaa waa'ee Isaatii fi waa'ee Abbaa Isa Isa ergee ilaalchisee jiru gara hubannaa fi gara onneetti ni fida. Warri onneen isaanii qullaa'oo Waaqayyoon walitti dhufeenya haaraa keessatti ni argu; yeroo qullaa'ummaa fi amala Isaa isa jaalala ta'e arganitti amala Isaa calaqqisiisuudhaaf ni dharra'u. Akka abbaa ilma isaa isa qalbii jijjiirrate simatuutti Isa ilaalu, onneen isaaniis gammachuu himamuu hin danda'amnee fi ulfnaan guuta.

Warri onneen isaanii qullaa'oo Waaqa isa waan hundumaa midhegsee harka Isaatiin uume adda ni baafatu. Dubii Waaqayyoo
[27] isa barreeffamee jiru keessatti waa'ee araara, gaarummaa fi ayyaana Isaatii ifatti ni dubbisu. Dhugaan warra ogeessotaa fi beektota duraa dhookate wallaalotatti mul'ate. Miidhaginnii fi gati jabeessummaan dhugaa warra Ogummaa biyya lafaa qabu jalaa dhookate, wallaalota warra garaa amanu qaban, fedha Waaqayyoo beekuus akka daa'imaa warra qabanitti garuu ni mul'ate. Waaqummaa keessaa hirmaachuudhaan dhugaa adda baafanna.

Warri onneen isaanii qullaa'oo biyya lafaa kana keessa amma Waaqayyo isaan kaa'etti akka waan Waaqayyoo qaamaan argameetti deddeebi'u. fuula durattis fuulaa fuulatti Isa ni argu, akka Addaam yeroo jannata keessa tureetti kan hinduunee fi kan Isaa wajjin deemanii fi haasa'an ni ta'u. "Nuyi amma akka nama of illaallee keessatti waa argee abaluu isaa hin hubatin hafeetti ni argina; yommus garuu fuula fuulaan ni argina. lQor. 13:12.

### "Warri nagaa buusan haa gammadan, isaan ijoollee waaqayyoo ni jedhamu." Mat. 5:9.

Kiristoos "Angafa nagaati" (Isa. 9:6), ergamni Isaas nagaa isa cubbuun cabse kana deebisee dhaabuu dha. "Kanaafis amantiidhaan qajeelota erga taanee, Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin Waaqayyo biratti nagaa qabna." Rom. 5:1. Namni cubbuu dhiisee onnee isaa Kiristoosiif banu hundinuu, nagaa samii keessaa hirmaattuu ta'a.

Hundee nagaa ta'uu kan danda'u kanaan ala kan biraan hin jiru. Ayyaanni Kiristoos onneetti yeroo fudhatamu, diinummaa balleessa; lubbuus jaalalaan guuta. Namni Waaqayyoo wajjinis ta'e namaa wajjin nagaa qabu gonkumaa hin jeeqamu. Inaaffaan onnee isaa keessa hin seenu; yaadni hammeenyaa onnee isaa keessaa bakka hin qabaatu; jibbi deebi'ee hin jiraatu. Onneen Waaqayyoo wajjin walii [28]
galtu nagaa samii keessaa ni hirmaatti, eebba sanas naannoo isheetti ni dhangalaafti. Hafuurri nagaa onnee hawwa biyya lafaa kanaan dhiphattee fi jeeqamte irra buufata.

Duuka buutonni Kiristoos ergaa nagaa wajjin gara biyya lafaatti ergaman. Namni hundinuu utuu hin dubbatin jireenya qulla'aa jiraachuudhaan jaalala Kiristoos mul'isuu qaba; namni hojiidhaanis ta'e dubbiidhaan akka namni tokko cubbuu dhiisee onnee isaa Waaqayyoof akka banuuf geggeessu hundi naga-buuftuu dha.

"Nagaa kan buusan haa gammadan: isaan ijoollee Waaqayyoo ni jedhamu hoo." Hafuurri nagaa isaan qaban samii wajjin walitti dhufeenya qabaachuu isaaniitiif raga dha. Gammachun minyaawaan inni kan Kiristoos isaan marsee jira. Urgaan jireenyaa, amalli jaallatamaan, akka isaan ijoollee Waaqayyoo ta'an biyya lafaatti mul'isa. Namootni akka isaan Yesuus wajjin turan ni baru. "Kan jaallatu hundinuu Waaqayyo irraa kan dhalate dha." "Hafuura Kiristoosiin kan hin qabne hundinuu, kan Isaa miti" garuu, "Warri Hafuura Waaqayyootiin geggeeffaman hundinuu ijoollee Waaqayyooti." 1 Yoh. 4:7; Rom. 8:9, 14.

"Ijoollee Yaaqob keessaa warri hafan saba baayyee gidduutti akka fixeensa Waaqayyo biraa dhufuu, akka tiifuu biqiltuu irratti roobuus ni ta'u; nama hin abdatan, ijoollee namaas hin eeggatan." Miik. 5:7.

## "Warri qajeelummaadhaaf jedhanii ari'ataman haa gammadan, mootummaan Waaqaa kan isaaniiti." Mat. 5:1D. [29]

Yesuus duuka buutota Isaa ulfinaa fi badhaadhina biyya lafaa hin abdachiifne, qorumsis isinitti hin dhufu hin jenne, biyyi lafaa waan isaan hin beekneef Gooftaa isaanii duukaa bu'anii of ganuu fi hadheeffamuun bu'aa akkamii akka qabu isaanitti hime.

Inni warra badan fayyisuudhaaf dhufe diinota Waaqayyoo fi namaa biraa mormiin Isa mudate. Hammeenyaan tokko ta'uudhaan,

namootnii hamoo fi ergamootni hamoon angafa nagaa irratti duulan. Ammam illee hojiin Isaa fi dubbiin Isaa hundinuu gaarummaa Waaqummaa Isaatii kan qilleensa'u yoo ta'e, biyya lafaa jibbuun isaa jibba hadha'aa kakaase. Jalina uumamaan nu keessa jiru akka fayyadamnuuf waan nuuf hin heyyamneef mormii fi diinummaa jabaatu Isa mudate. Kun immoo warra Kiristoositti jiraatan hundumaas kan eeggatu dha. Qajeelummaa fi cubbuu, jaalalaa fi jibba, dhugaa fi soba gidduu wal'aansoo hin dhaamnetu jira. Namni tokko yeroo jaalala Kiristoosii fi miidhagina qullaa'ummaa dhiyeessu, mootummaa Seexanaa keessaa harkisaa waan jiruuf, angafa jal'inaa kan ta'e isa mormuuf ni ka'a. Ari'atamnii fi hadheefamuun warra Hafuura Kiristoos fudhate hundumaatti ni dhufa. Amalli ari'atama dhufuu yeroo wajjin ni jijjiirama. Haa ta'u malee, qajeelfamni hafuura kana raawwatuu isuma yeroo Aabelii jalqabee warra Gooftaadhaaf fo'aman gorra'e (qale) dha.

Yeroo namootni Waaqayyoo wajjin gara walii galuutti dhufan, yakki fannoo irratti raawwatame sun amma iyyuu akka hin badne ni hubatu. Humnootni hammeenyaa hundinuu wal ta'anii namoota
[30] seera samiif abboomamuu filatan hundumaa irratti ka'u. Kanaafuu, duuka buutotni Kiristoos Gooftaa isaanii faana dha'uu isaanii waan beekaniif, ari'atamuun qooda isaan gaddisiisuu gammachuu isaaniif fiduu qaba.

Waaqayyo qorumsi akka itti hin dhufne yoo waadaa hin seenneef ta'ee iyyuu waan sana irra baayyee caalu waadaa seeneeraaf. Akkas jedheera, "Jabinni isaa bara isaa wajjin wal haa qixxaatu." "Ayyaanni koo si ga'a, humni koo dadhabaa keessaan akeeka isaa ni raawwata." K.Deb. 33:25; 2 Qor. 12:9. Maqaa Isaaf jettanii ibidda boba'u keessa illee yoo dabartan Yesuus akkuma dargaggoota amanamoo biyya Baabiloon turanii sana isin bira ni dhaabata. Warri Fayyisaa isaanii jaallatan Isaa wajjin ceepha'amuu fi hadheeffamuu keessaa hirmaachuuf carraa argachuu isaaniitti ni gammadu. Jaalalli isaan Gooftaadhaaf qaban dhiphinichi akka minyaawu isaan taasisa.

Baroota hundumaa keessatti Seexanni saba Waaqayyoo ari'achaa ture. Isaan dhiphisee, isaan ajjeeseera. Haa ta'u malee, du'a isaaniitiin injifannoo argataniiru. Amantii isaanii jabeessanii qabachuudhaan Inni isaan amanan Seexna caalaa jabaa ta'uu Isaa agarsiisan. Seexanni qaama dhiphisuu fi ajjeesuu danda'a. Haa ta'u malee, jirenya isaanii isa karaa Kiristoosiin Waaqayyo keessa dhookate

tuquu hin danda'u. Mana hidhaa keessatti cinqaaruu danda'a, hafuura isaanii garuu hidhuu hin danda'u. Duumessa garasitti ulfina arguu danda'u, akkas jedhu, "Dhiphinni keenya si'anaa kun, ulfina isa nuuf mul'ifamuuf jiruu wajjin wal bira qabamee, ilaalamuu akka hin dandeenyetti nan lakkaa'a." Rakkinni salphaan inni nuti yeroodhaaf baannu kun, ulfina bara baraa isa safara malee guddatu sana baachuudhaaf nu qopheessa." Rom. 8:18; 2 Qor. 4:17.

Qorumsaa fi ari'atama keessatti, ulfinni amala Waaqayyoo ijoollee Isaa warra fo'aman keessaa mul'ata. Waldaan Waaqayyoo, biyya lafaatiin jibbamtee kan ari'atamtu, mana barumasaa Kiristoos keessatti kan baratanii fi sirreeffamani dha. Biyya lafaa keessatti daandii dhiphoo keessa deemu; ibidda qorumsaatiinis ni qullaa'u. Wal'aansoo jabaa keessatti Kiristoos duukaa bu'u; of ganuu fi abdii kutannaa hadha'aa keessa darbu; haa ta'u malee, qorumsi fi dhukkubbiin isaan mudatu hundinuu rakkina cubbuun fide isaan barsiisa, ija jibbaatiinis isa ilaalu. Dhiphina Kiristoos keessaa waan hirmaataniif ulfina Isaa keessaas hirmaachuuf kan adda baafamani dha. Mul'ata qulqulla'aa keessatti raajiin Waaqayyoo gammachuu saba Waaqayyoo arge. Sana booda akkas jedhe, "Ani wanta akka galaana dhoqqee of illallee ibiddaan makaa irraa hojjetame tokko nan arge, akkasumas warri bineensicha, bifa fakkeenya bineensichaa, lakkoofsa maqaa isaatiif dhaabatu irrattis mo'icha argatan, kiraara isa kan Waaqayyoo harka isaaniitti qabatanii wanta akka galaana dhoqqee of ilaallee sana bira dhaabatanii nan arge. Isaan faarfannaa Musee garbicha Waaqayyoo, faarfannaa Hoolichaas ni faarfatu. 'Yaa Waaqayyo Gooftaa hundumaa dandeessuu, hojiin kee guddaa dha, dinqisiisaadhas, Ati yaa Mootii saba hundumaa, karaan kee hundinuu qajeelaa dha, dhugaadhas." "Isaan kun warra rakkina guddaa keessaa ba'anii dhufani dha; uffata isaanii dhiiga Hoolichaatiin miiccatanii addeeffataniiru. Kanaaf, isaan teessoo Waaqayyoo duratti argamanii halkanii fi guyyaa mana qulqullummaa Isaa keessatti Isaaf ni hojjetu. Inni teessoo irra taa'us godoo Isaa diriirsee isaan irra ni jiraata." Mul. 15:2, 3; 7:14, 15. [31]

"Anaaf jedhanii namoonni yommuu isin arrabsan ykn yommuu isin ari'atan ykn sobaan waan hundumaa yommuu isin irratti dubbatanis gammadaa." Mat. 5:11.

Erga kufee kaasee Seexanni hojii gowoomsuu isaatii addaan hin kunne. Akuma Waaqayyoon gar malee akka hubataniif dhiyeesse, [32]

akkasuma ijoollee Waaqayyoos garmalee akka hubataman taasise. Fayyisaan keenya akkas jedhe, "Arrabsoon ittiin si arrabsanis ana irra bu'e." Far. 69:9. Haaluma wal fakkaatuun bartoota irras bu'e.

Biyya lafaa irra namoota jiraatanii darban keessaa kan akka Yesuus arrabsame hin turre. Seera Waaqayyoo isa qulqulluu ta'eef abboomamuu isaatiif arrabsamee, itti qoofame. Sababa malee Isa jibbaniiru. Haa ta'u malee, Inni obsaan diinota Isaa dura dhaabatee, arrabsamuun kan Kiristaanota hundumaatti darbu ta'uu isaa dubbachuudhaan, ari'atamuu isaanitti dhufu keessatti, xiyyee isaanitti darbatamu sodaatanii of wallaaluu akka hin qabne bartoota Isaa gorse.

Arrabsituun maqaa gaarii ati qabdu yoo gurraachesse iyyuu, amala keetti dhoqqee dibuu hin danda'u. Sun eegumsa Waaqayyoo keessa jira. Amma nuti cubbuutti qabamnee hin jirretti humni namaas ta'e humni Seexanaa lubbuutti dhoqqee dibuu danda'u tokko illee hin jiru. Namni onneen isaa Waaqayyoo wajjin ture, qorumsaa fi abdii kutannaa cimaa keessatti illee akkuma yeroo badhaadhummaatti jiraatuu fi akkuma yeroo ifi Waaqayyoo waan isaa wajjin jiru isatti fakkaatuu, isumaa wajjin tura. Dubbiin isaa, yaadni isaa, gochi isaa, gar malee dhiyaatee soba fakkaateera ta'a; haa ta'u malee, inni fedha guddaa waan qabuuf sanatti gurra hin kennu. Akkuma Museen, "Isa ijatti hin mul'anne arge" (Ibr. 11:27); "Nuyi gara wanta ijaan hin argamnee ilaalla malee, gara wanta ijaan argamuu hin ilaallu." (2 Qor. 4:18).

[33] Kiristoos warra namoota biratti gar malee hubatamanii wajjin ta'a. ijoolleen Isaa ammam yoo ari'ataman illee fuula Kiristoos duratti obsaan dhaabachuu fi Isa eeguu qabu. Wanti iccitatti qabamee utuu bakkeetti hin ba'in hafu waan hin jirreef, warri Waaqayyoof ulfina kennan namootaa fi ergamoota duratti ulfina ni argatu.

"Waa'ee waan hundumaa isa namatti dhufu baachuu fi waa'ee obsaan danda'uu immoo obboloota ko, fakkeenya raajota warra maqaa Gooftaatiin dubbatanii fudhadhaa!" Yaaqob 5:10. Abeel inni ilmaan Addaam keessaa Kiristaana jalqabaa ture du'a gootota du'e. Henook Waaqayyoo wajjin adeeme, biyyi lafaas isa hin beekne. Henookitti ni qoosame. "Warri kaan ga'oof ta'an, ni reebaman, funyoo sibiilaatiin iyyuu hidhamanii mana hidhaatti ni galfaman." "Warri kaanis jireenya isa wayyuuf du'aa akka ka'aniif gad dhiifa-

muu didanii harka warra isaan dhiphisaniitti dhiphatanii du'an." Ibr. 11:36, 35.

Baroota hundumaa keessatti warri Waaqayyoof ergaa deeman arrabsamaa fi ari'atamaa turaniiru. Haa a'u malee, ari'atamuu isaanii keessaan Waaqayyoon beekuun biyya lafaa keessa faca'eera. Duuka buutuun Kiristoos hundinuu sadarkaa kana keessa darbuudhaan hojii wal fakkaataa hojjechuu qaba. Akka diinotni isaa dhugaaf waa gochuu malee dhugaa waa gochuu hin dandeenye beekuu qaba. Utuma jibbamuu iyyuu Waaqayyo akka dhugaan achii as ba'ee qoratamuu fi irratti dubbatamu ni taasisa. Sammuun namootaa jeeqamuu qaba; wal'aansoon, arrabsoon, biliisummaa dhowwachuun hundinuu karaa ittiin Waaqayyo sammuu namootaa isaan malee dammaquu hin dandeenye dammaqsu dha.

Bu'aan kun seenaa namoota Waaqayyoof ergaa deemanii [34]
keessatti yeroo baayyee raawwateera! Yeroo Isxifaanos namni beekamaa fi cimaa ture sun bakka namootni hundinuu fi yaa'iin hundinuu jiranitti dhagaadhaan rukutamee du'e wangeelli hin bu'aa malee hin taane. Ifni samii inni fuula isaa ulfinaan guute, oo'i Waaqummaa kadhata nama du'aa jiru keessaa dhagaa'ame, xiyyee qara qabeessa amansiisuu danda'u ta'ee barsiisaa seeraa tokkoo fi Phaawulos faarisicha isa ari'ataa ture amansiisee akka isaan warra ormootaa, moototaa fi ijoollee Israa'el duratti Kiristoosiin dhugaa ba'aniif qodaa qulqulla'aa taasiseera. Yeroo dheraa booda Phaawulos gara dulluma isaa jala mana hidhaa biyya Roomaa jiru keessa taa'ee akkas jedhee barreesse: "Jarri tokko inaaffaa irraa anaan morkachuu irraas kan ka'e Kiristoosiin ni lallabu; warri kaan immoo fedha gaarii irraa kan ka'e Kiristoosiin ni lallabu. . . . warri akeeka ofii isaanii duukaa bu'anii yaada jal'aadhaan Kiristoosiin lallaban garuu, hidhamuu koo irratti rakkina kaasuu ni yaadu . . . fakkeessuudhaanis haa ta'uu, dhugaadhaanis haa ta'uu, akkuma fedhe ta'ee, karaa fedhe iyyuu Kiristoos haa lallabamu duwwaa!" Filip. 1:15-18. Hidhamuu Phaawulos keessatis Wangeelli biyya baayyeetti faca'e, lubbuu baayyeetu bakka teessumma Qeesaaritti Yesuusiif booji'ame. Inni seexanni balleessuudhaaf yaalii godhu dubbii Waaqayyoo isa baduu hin dandeenyeef deggersa ta'ee onnee namootaa keessa faca'e(l Phe. 1:23); ari'atamuu fi arrabsamuu ijoollee Waaqayyoo keessaan maqaan Kiristoos ol kaafamee lubbuu baayyeen fayyina argate.

Gatiin warra Kiristoosiif dhugaa ba'uu keessatti ari'atamanii fi arrabsamanii samii irratti guddaa dha. Yeroo namootni qabeenya lafa irraa barbaadanitti, Yesuus immoo badhaasa isa samii irra jiru
[35] itti agarsiise. Haa ta'u malee, hunduma isaa fuula duraaf qofa hin keenye; asumatti jalqaba. Waaqayyo dulluma keessa Abiraamitti mul'atee, "Ani gaachana keeti, gatiin kee baayyee guddaa ni ta'a" Uum. 15:1. Kun gatii warra Kiristoosiin hordofan hundaati. Waaqayyo keessa, "Badhaadhummaan Ogummaaf beekumsaa hundinuu isa keessa dhokfamee jira" "guutummaan Waaqayyummaa Kiristoos keessa ni jiraata" (Qol. 2:3, 9)—yeroo onneen Isa fudhachuudhaaf, Isaa wajjin tokko ta'uuf, Isa beekuuf, Isa qabaachuuf, banamaa adeemutti; "Dhoksaan Ogummaa Isaa ammam akka bal'atu, ammam akka dheeratu, ammam akka ol fagaatu, ammam akka gadi fagaatu, hubachuu akka dandeessaniif; jaalala Kiristoos isa safara beekumsa namaa bira darbus beektanii guutummaa Waaqayyoo bira hamma geessanitti akka guutamtaniif nan kadhadha." (Efe. 3:18, 19) " ......kun wanta garboonni koo ana biraa argatanidha, isa ani isaaniif dhugaa baasudhas jedhee Waaqayyo kana dubbateera." Isa. 54:17.

Kana ture kan mana hidhaa Filiphisiyuus keessatti akka Phaawuloosii fi Siilaas gammadanii Waaqayyoon galateeffatan kan godhe. Kiristoos isaan bira ture, ifi argama isaatiis dukkana jiru duraa saaqee ulfina dhadacha samii irra jiru itti mul'ise. Phaawuloos hidhaa sibiilaa harka isaatti jiruuf utuu dhimma hin godhatin faca'uu Wangeelaa yeroo arge biyya Roomaa keessa taa'ee akkas jedhee barreesse, "Ani kanatti nan gammada, si'achis itti nan gammada" Filip. 1:18. Dubbiin Kiristoos dursee dubbate ergaa Phaawuloos ari'atamuu waldaa Filiphisiyuus keessa jirtu ilaalchisee barreesse keessatti deebi'ee caqasame, "Yeroo hundumaa Gooftaatti gammadaa, ammas irra deebi'ee nan jedhaa gammadaa." Filip. 4:4.

[36] **"Isin soogidda biyya lafaati." Mat. 5:13.**

Soogiddi kan jaallatamu waa utuu hin badin tursuu waan danda'uuf dha; Waaqayyos ijoollee Isaatiin soogidda jedhee yeroo waamu, karaa ayyaana Isaatii akka isaan fayyina warra kaaniif hojjettota ta'aniif isaan barsiisuuf dha. Kaayyoon Waaqayyoo ijoollee Isaa godhee isaan guddifachuu qofaaf utuu hin taane karaa isaanii biyyi

lafaa ayyaana isa nama fayyisuu danda'u akka fudhatan gochuuf dha. Tit 2:11. Waaqayyo Abirhaamiin yeroo filate, akka inni michuu addaa Waaqayyoof ta'uuf qofa miti; qooda gaarii Waaqayyo saba sanaaf kennuu barbaaduuf giddu galeessa akka ta'uuf dha. Yesuus fannifamuu Isaatiin dura kadhannaa isa dhumaa bartoota isaa wajjin kadhate keessatti akkas jedhe, "Isaan immoo dhugaatti kan qulqulla'an akka ta'aniif ani isaaniif jedhee of nan qulleessa." Yoh. 17:19. Haaluma wal fakkaatuun kiristaanotni warri dhugaadhaan qullaa'an humna manca'ina irraa biyya lafaa eeguu danda'u of keessaa qabu.

Soogiddi waan itti naqame sanaa wajjin wal fudhachuu qaba; utuu hin manca'in tursuudhaaf keessa seenuu qaba. Akkasuma kana namootni Wangeela fudhatanii fayyuu danda'an isaanii wajjin walitti dhufeenya uumuudhaanidha. Gareedhaan utuu hin taane dhuunfaadhaan fayyu. Dhuunfaatti dhiibbaa gochuun humna qaba. Namoota gargaaruu barbaannutti haa dhiyaannu.

Minyaawuun soogiddaa barbaachisummaa humna kiristaanotaa bakka bu'a. Sunis jaalala Yesuus isa onnee keessa jiruu fi qajeelummaa Kiristoos isa jireenya kennu dha. Jaalalli Kiristoos humna guddaadhaan kan nama keessa seenu dha. Yoo nu keessa bule, warra kaanittis ni lola'a. Amma onneen isaanii ho'a jaalala ofittumaa hin qabne isa nuti itti agarsiifnuun ho'utti itti dhiyaachuu qabna. [37]
Kiristaanotni dhugaan annisa maddisiisu. Sun immoo lubbuu isaan dadhabaafii jiran keessa cabsee seena. Kun humna namichaa miti, humna Hafuura qulqulluu isa hojii nama jijjiiruu hojjetu dha.

Yesuus akeekkachiisa akkas jedhu itti dabale: "Soogiddi minyaawummaa isaa yoo dhabe, soogiddi maaliin minyawaree? Sana booda waa'ee hin baasu, ni gatama, miillaanis irra ni ejjetama."

Sabni sun utuma dubbii kiristoosiin dhaggeeffachaa jiranii, yaada isaaniitti soogidda adii sababii waa'ee hin baafneef gadi baafamee gatame ilaalaa turan. Sun immoo haala Fariisotaa fi dhiibbaa amantiin isaanii hawwaasa irraan ga'aa jiru sirriitti bakka bu'a ture. Fakkeenyi kun namoota ayyaana Waaqayyoo irraa fagaatanii qabbanaa'oo fi Kiristoosiin kan of keessaa hin qabne hunda bakka bu'a. Ogummaa kamiin iyyuu yoo qabaate namni akkasii namootas ta'e ergamoota duratti akka dadhabaatti ilaalama. Nama akkasiitiin dha kan Kiristoos akkas jedhe: "Ati garuu bu'aa dha; diilalla'aa ykn

bulluqaa waan hin ta'iniif akka nama bishaan bu'a'aa afaan isaa keessaa tufuutti anis si tufuufan jira." Mul. 3:15, 16.

Amantii jiraataa ta'e Kiristoositti hin qabnu taanaan biyya lafaa hin amanne kana irraan dhiibaa tokko iyyuu ga'uu hin dandeenyu. Waan ofii keenyaaf hin qabne nama biraaf kennuu hin dandeenyu. Ammuma dhuunfaatti kadhannuu fi Kiristoosii wajjin walitti dhufeenya uumnu dha kan nuti ilmaan namootaaf eebbaa fi guddina taanu. Yoo tajaajilli dhugaan hin jiru ta'e, jaalalli dhugaan hin jiru, muuxannoo qabatamaan hin jiru, humni ittiin gargaaran
[38] hin jiru, samii wajjin walitti dhufeenyi hin jiru, minyaan Kiristoos jireenya keessa hin jiru. Yoo Hafuurri qulqulluun nutti dhimma ba'uudhaan dhugaa Yesuus keessa jiru biyya lafaatti dabarsuu hin danda'u ta'e, nuti akkuma soogidda minyaa isaa dhabee gatamuu waan taanuuf waa'ee hin baafnu. Ayyaanni Kiristoos nutti hir'achuu isaatiin akka dhugaan nuti lallabnu humna hin qabne biyya lafaatti himaa jirra; kanaafidha kan amma ammaatti dubbiin Waaqayyoo nu keessatti hin hojjetin jiru. "Afaan namaan ykn afaan ergamoonni Waaqayyoo dubbataniin dubbadhee jaalala yoon qabaachuudhaa baadhe, ani akka sibiila kililchuu ykn dibbee kosh kosh jedhuun ta'e. Raajii dubbachuudhaaf kennaa qabaadhee, dhoksaa jiru hundumaa beekee, beekumsa hundumaa qabaadhee, gaara iddoo isaatii hamman bututti amantii guutuus qabaadhee jaalala yoon qabaachuudhaa baadhe garuu, ani homaa miti. Wantan qabu hundumaa warra dhabaniif hiree ittiin of jajuudhaafis jaalala yoon qabaachuudhaa baadhe garuu, homaa waa'ee anaaf hin baasu." 1 Qor. 13:1-3.

Jaalalli yeroo onnee keessa guutu gara warra kaaniitti lola'a. Kunis kan ta'u, isaan irraa waan gaarii waan arganneef utuu hin taane jaalalli qajeelfama hojiin agarsiisuu waan ta'eef dha. Jaalalli amala ni qajeelcha, rukuttaa onnee ni to'ata, diinummaa ni balleessa, wal jaallachuu ol qaba. Jaalalli kun akkuma addunyaa kanaa bal'aa dha, hojii ergamoota hojii irra jiranii wajjinis wal sima. Onneen jaalala qabu, jireenya guutummaa kan minyawaa taasisuu fi naannoo isaatti eebba kan dhangalaasu dha. Isa kanaa fi kana qofatu biyya lafaaf soogidda nu gochuu danda'a.

**"Isin ifa biyya lafaati." Mat. 5:14.** [39]

Yesuus yeroo barsiisutti xiyyeeffannaa namootaa gara Isaatti harkisuudhaaf fakkeenyaan waa'ee isaanii isaanitti hima ture. Baridhaan namootni gara Isaa dhufan. Aduun miidhagduun samii keessaa ol ba'aa dhuftee gaaddidduu warra Gaara jala jiran irra buufate ari'aa dhufe. Ulfinni samii gara bahaa irraan jiru amma iyyuu hin badin jira. Ifni aduu lafa uffise; galaanni achi jiran ifa warqee fakkaatu calaqqisiisee duumessa ganamaa of keessatti agarsiise. Abaaboon hundinuu fixeensa harcaafate. Biqilaan hundinuu eebba ganamaatti gammadan, simbirroonnis mukeetii keessaa ni faarfatan. Fayyisaan namoota Isa duratti walitti qabamnii fi ifa aduu baate ilaalaa bartoota isaatiin akkas jedhe, "Isin ifa biyya lafaati." Akkuma aduun toora isaa eeggatee ol ba'aa adeemuudhaan dukkana ari'ee namoota dammaqsu, akkasuma duuka buutonni Kiristoos toora ergama isaanii irra adeemuudhaan ifa samii biyya lafaa cubbuu fi dogoggoraan dukkanoofte kana irratti ibsuu qabu.

Ifa miidhagaa ganamaa sanaan magaalonnii fi mandarootni naannoo gaara sanaa jiran hundi sirriitti mul'achuudhaan miidhaginni isaanii argame. Gara isaaniitti quba qabee Yesuus akkas jedhe, "Magaalaan gaara gubbaatti ijaaramte dhookachuu hin dandeessu." Itti dabalees "Eenyu illee ibsaa bobeessee qodaa jala hin kaa'u; garuu baattuu ibsaa irra kaa'a; ifi isaas namoota manicha keessa jiran hundumaaf ni ifa." Namootni dubbii Yesuus dubbatu dhaggeeffachaa turan baayyeen isaanii dafqaan bulaa fi qurxummii qabdoota waan turaniif mana kutaa tokkitti keessa jiraatu; kanaaf ibsaa tokkittiitu baataa irra taa'ee mana isaanii guutummaa ibsaaf. Yesuus akkas jedhe, "Isaan hojii keessa isa gaarii arganii isa waaqa irraa Abbaa keessan akka galateeffatanitti, ifni keessan namoota duratti haa ifu."

Ilmaan namootaa kufe fayyisuudhaaf kanaan duras ta'e fuula [40]
duratti ifni ifa Yesuus irraa ba'een qixxaatu hin jiru. Ifni dukkana cubbuu biyyi lafaa keessa ciisaa jirtu kana ibsuu danda'u Yesuus fayyisaa malee kan biraan hin jiru. Kiristoosiin ilaalchisee akkas jedhamee ture, "Jireenyi Isa keessa ture; jireenyichis ifa namootaa ture." Yoh. 1:4. Jireenya Isaa fudhachuudhaani dha kan bartootni Isaa baattota ibsaa ta'uu danda'an. Jireenyi Kiristoos inni lubbuu keessa jiruu fi jaalalli isaa inni amala isaanii keessaan mul'atu biyya lafaatiif ifa isaan gochuu danda'a.

Namummaan ofii isaatii ifa tokko iyyuu hin qabu. Kiristoosiin malee nuti akka dungoo hin qabsiifamnee fi akka ji'a aduutti dugda gatteeti; nuti ifa gara biyya lafaa ishee dukkanooftuutti erginu tokko iyyuu hin qabnu. Gara aduu qajeelummaatti yeroo fuula deebifnu garuu, yeroo Yesuusii wajjin harka wal qabannu, lubbuun guutummaan ifa argamuu Waaqayyootiin guutamti.

Duuka buutonni Kiristoos namoota gidduutti ifa irra caaluu qabu. Isaan ifa biyya lafaati. Kiristoos warra maqaa Isaatti waamaman hundumaan akkas jedha, ofii keessan anaaf kennitaniittu, ani immoo akka bakka buutota kootiitti biyya lafaaf isin kenneera. Akkuma Abbaan biyya lafaatti Isa erge, innis akkas jedheera, "Anis akkasuma gara biyya lafaatti isaan ergeera." Yoh. 17:18. Akkuma Kiristoos Abbaa Isaa mul'isu, nutis Kiristoosiin kan mul'ifnu dha. Yaa kiristaanotaa, Yesuus madda ifa hundumaa yoo ta'e iyyuu namoota keessaan mul'achuu isaa hin dagatinaa. Eebbi Waaqayyoo kan inni caalaatti mul'atu karaa namootaati. Kiristoos iyyuu gara biyya lafaa
[41] kan dhufe akka ilma namaatti dha. Namummaan Waaqummaa wajjin wal qabate namoota tuquu qaba. Waldaan Kiristoos, duuka buutuun Gooftaa tokkoon tokkoon isaanii, kan samiin Waaqayyoon mul'isuudhaaf bakka isaan buuse dha. Lubbuu badiisaaf qopha'aniif ifa samii fi humna dabarsuudhaaf ergamootni ulfinaa siin eegaa jiru. Bakka bu'aan nama ta'e kun hojii haa raawwatuuf itti kenname raawwachuu dhiisuu qabaa? Ammuma sana biyyi lafaa kun abdii Hafuurri Qulqulluun kenneef sarbamtee jirti!

Yesuus garuu, bartota Isaatiin, "Ifni keessan akka ifuuf yaalaa" hin jenne; "Ifni keessan haa ifu" jedhe. Yoo Kiristoos onnee keessa jiraate ifa argama Isaatii dhoksuun hin danda'amu. Namootni duuka buutota Kiristoosi dha jedhaman biyya lafaaf hin ibsan yoo ta'e, humni isaan dhiisee deemeera jechuu dha; ifa kennan hin qaban taanaan, madda ifaa wajjin wal hin qabanne jechuu dha.

Baroota hundumaa keessatti, "Hafuurri Kiristoos inni isaan keessa ture" (1 Phe. 1:11) ijoolleen Waaqayyoo warri dhugaan akka isaan dhaloota yeroo isaanii keessa turaniif ibsan isaan taasiseera. Yoosef biyya Misir keessatti ibsaa ture. Qullaa'ummaa fi jaalala isatiin biyya waaqa tolfamaa duukaa bu'u keessatti Kiristoosiin bakka bu'ee ture. Yeroo sabni Israa'el biyya Misirii gara biyya abdii sanatti deebi'uuf karaa irra turan warri garaa dhugaa qaban saba naannoo isaanii turaniif ifa ta'aniiru. Karaa isaanii

Waaqayyo biyya lafaatti mul'ateera. Karaa Daani'elii fi hiriyyoota isaa biyya Baabiloon keessatti, karaa Mardakiyoos biyya Faaris keessatti dhaddacha Moototaa dukkanaan guute irratti ifni guddaan ba'eera. Haaluma wal fakkaatuun, duuka buutotni Kiristoos karaa gara samiitti geessu gubbaatti ifa akka baataniif ka'aman; karaa isaanii biyya lafaa dukkanaan liqimfamtee Waaqayyoon wallaalteef araarrii fi gaarummaan Waaqayyo mul'ata. Hojii isaanii isa gaarii [42]
arguudhaan, warri kaan gara Abbaa isaanii Isa samii irra jiru galateeffachuutti ni dhufu; karaa isaanii Waaqayyo Inni teessoo irra jiru amalaa fi eenyummaa galateeffatamuu qabu akka inni qabu mul'ata. Jaalalli Waaqummaa onnee keessatti guddachaa deemu, tokkumaan Kiristoosiin fakkaachuu jireenya keessaa mul'atu, akka isaan dinqisiifataniif mil'uu samiin namoota biyya lafaa irra jiran mil'ate dha.

Gara, "Jaalala Waaqayyo nuuf qabu" hubachuu fi amanuutti namootni ni geggeeffamu. 1 Yoh. 4:16. Kanaaf, onneen takkaa cubbamaa fi manca'aa ture qulqullaa'ee fi haareffamee yeroo dhiyaatu, "Mudaa malee gammachuudhaan ulfina isaa dura isin dhaabbachiisuu ni danda'a." Yih. 24.

Dubbiin fayyisaa, "Isin ifa biyya lafaati," jedhu akka Inni hordoftoota Isaatti ergama biyya lafaa guutummaa ialaallatu Isaanitti dabarse agarsiisa. Bara Kiristoos lafa irra ture keessa, ofittummaa fi koormaan dallaa guddaa namoota seera Waaqayyoo eegsisuuf itti gaafatamummaa fudhatanii fi saba biyya lafaa gidduu jiru gidduutti uumee gargar baase. Haa ta'u malee, Fayyisaan isaan kana hunda jijjiiruuf dhufe. Dubbiin isaan Isa irraa dhaga'aa jiran kan gonkumaa lubootaa fi barsiisota isaanii irraa dhaga'anii hin beekne dha. Kirstoos keenyan garaa garummaa sana ni tarsaase, of jaallachuu, sanyiin adda wal qooduu, balleessee ilmaan namootaa hundumaa jaallachuu isaan barsiise. Namoota dhiphummaa ofittummaa irraa ijaarame keessaa baasee, sarara garaa garummaa fi sanyummaa isaan gidduu jiru balleesse. Olla fi orma, michuu fi diina gidduutti addaa addummaa tokko illee hin hambifne. Lubbuu gargaarsa barbaaddu hundumaa akka olla keenyaattii fi biyya lafaa ammo akka maasii keenyaatti akka ilaaluu qabnu nu barsiisa.

Akkuma qarri aduu golee lafaa hundumaa keessa seenu, akka- [43]
suma Wangeelli lubbuu lafa irra jiru hundumaa bira akka ga'uu qabu Waaqayyo karoorse. Yoo waldaan kaayyoo Waaqayyoo kana

bakkaan ga'uudhaaf hojjette, lubbuu lafa kana irraa dukkanaa fi gaaddisa du'aa keessa jiran hundumaaf ifni wangeelaa ni qaqqaba. Qooda walitti qabamanii dirqama fannoo baachuuf qaban wal harkatti didan, utuu kiristaanotni addaan faca'anii lafa hundumaa wal ga'anii, ifa Kiristoosiin bakka jiran hundatti ibsanii, akkuma Inni hojjete fayyina namootaatiif utuu hojjetanii silaa, "Wangeelli mootummaa" kun ariitiidhaan biyya lafaa wal ga'a ture.

Kanaafuu, kaayyoon Waaqayyo bara Abirhaamiin waamee kaasee amma bara keenyaatti ijoollee Isaa waamuuf raawwiidhaan akka ga'aniif dha. Akkas jedhe, "Sin eebbisa, , . . . eebbas ni taata." Uum. 12:2. Dubbiin Kiristoos karaa Wangeela raajii dubbatee lallaba gaara gubbaa irratti immoo irra deebi'e, ergaa nu warra bara dhumaa keessa jirruuf ta'u dha: "Ka'iitii ibsi, ibsaan kee siif dhufeeraa; ulfinni Waaqayyoos siif ifeeraa." Isa. 60:1. Yoo hafuura kee irratti ulfinni Waaqayyoo ife, yoo miidhagina isa, "Angafa kumaa" fi "Isa jaallatamaa" argiteetta ta'e, yoo lubbuun kee aragamuu ulfina isaatti gammaddeeti ta'e, ergaan Gooftaa biraa ergame kun kan keeti. Gaara jijjiiramaa sana irra Kiristoosii wajjin dhaabatteettaa? Gaara sana jala seexanaan kan garboomfaman lubbuu baayyeetu jira; isaan dubbii amantii fi kadhannaa luba isaan baasu eeggachaa jiru.

[44] Nuti ulfina Kiristoosiin calaqqisiisuuf qofa miti kan waamamne, guddummaa Isaas dubbachuuf dha. Isaayyaas ulfina Kiristoosiin arguu qofa utuu hin taane waan arges dubbateera. Daawwit ibidda boba'u yeroo argetti; arraba isaanis ni dubbate. Yeroo waa'ee jaalala Waaqayyoo hubatetti cal jechuu hin dandeenye, waan argee fi waan itti dhaga'ame dubbate. Amantiidhaan karoora fayyinaa argee, ulfina ilma Waaqayyoo isa tokkicha ilaalee, kan hin dubbanne eenyu dha? Jaalala Isa dhuma hin qabne yeroo Kiristoos du'e fannoo Qaraaniyoo irratti argee, kan Inni akka nuti hin badneef jireenya bara baraa akka qabaannuuf raawwate argee jecha ittiin ulfina Fayyisaa keenyaa himu kan dhabu eenyu?

"Mana qulqullummaa Isaa keessatti hundinuu hooqubaa ni dhiyeessu." Far. 29:9. Faarfataan Israa'el inni beekamaan kiraaraan yeroo faarfate akkas jedhe, "Isaan waa'ee simboo ulfina kee, waa'ee surraakee, waa'ee hojii kee isa dinqisiisaas itti yaadanii ni dubbatu; isaan waa'ee aangoo hojii kee isa guddaa sodaachiisaa ni dubbatu; anis guddina kee nan hima." Far. 145:5, 6.

Fannoon Qaraaniyoo akka sammuu fi yaada namaa hundumaa hawwatutti ol kaafamuu qaba. Sana booda dhimmootni Hafuuraa hundinuu humna Waaqayyo biraa dhufuun ni jijjiirama. Sana booda Gooftaadhaaf hojjechuudhaaf humni hundinuu walitti kuufama. Hojjettootni biyya lafaa ibsuudhaaf akka ergamoota ifaati gara biyya lafaatti ni ergamu.

Kiristoos ilmaan namootaa garaa guutuudhaan isaaf of kennan [45]
hunda gammachuu guddaadhaan simata. Inni namoota akkasii gara tokkummaa waaqummaatti fiduudhaan iccita jaalala Waaqa Isa foon uffatee ni hubachiisa. Isa dubbata, isa kadhata, isa faarfata; ergaa ulfina Isaatii kana labsaa, biyyoota biyya duuba jiran hundaa biraan ga’uuf itti fufa.

Qorumsa obsaan baachuun, eebba fudhachuun, qorumsaan mormuun, gaarummaan, garraamummaan, araarri, fi jaalalli mul’atan ifa amala Kiristaanotaa isa faallaa dukkana onnee ofittummaa keessa jiruu fi kan ifi jaalalaa irratti ifee hin beekneeti.

## [46] Boqonnaa 3 - Seerichi Seera Hafuuraa Ta'uu Isaa

**"Diiguudhaaf hin dhufne, raawwachuuf malee." Mat. 5:17.**

I fa keessa ta'ee gaara Siina irratti kan seera lallabe Kiristoos ture. Ulfinni Waaqayyoo akka ibiddaatti yaa'ii sana irra yeroo qubatetti, argama Waaqayyootiin gaarri sun ni raafame. Sabni Israa'el garaadhaan gadi gombifamee soda guddaadhaan waa'ee seera Waaqayyoo isa qulqulla'aa ni dhaggeeffata ture. Gaara eebbaa kana irratti wanti ta'e kun ammam wal faallessa! Samii yeroo gannaa jalatti, kan callisa sana cabse faarfannaa simbirrootaa malee sagaleen tokko hin turre, Yesuus qajeelfamoota mootummaa Isaatii bakkeetti baase. Haa ta'u malee, kan gaafa sana sagalee jaalalaatiin isaanitti dubbate sun qajeelfamoota seeraa warra gaara Siinaa irratti kennaman isaanitti lallabe.

Yeroo seerri kennametti, sabni Israa'el biyya Misir keessa garbummaadhaan yeroo turan qullaa'ummaa isaanii waan gad dhiisaniif, humna Waaqayyootiin jijjiiramuun isaan barbaachisa ture. Haa ta'u malee, inni jaalalaan isaanitti dhiyaate malee jaalala Waaqummaa isaa hin hir'ifne.

"Inni Waaqayyo Siinaadhaa dhufe; Se'ir irra akka bariitti isaaniif ni ba'e; Gaara Phaaraan gubbaadhaas isaaniif ni ibse; qulqulloota kumaatamaa wajjinis ni ba'e; gara mirga Isaattis ibiddi seeraa isaaniif
[47] ni boba'e; dhuguma Inni saba Isaa ni jaallata; warri qulqulloonnis harka Isaa keessa jiru; isaan hundinuu miilla Isaa jalatti ni kufu; Isa biraas barsiisa ni argatu."K.Deb.33:2, 3.

Dubbiin dinqisiisaan dhaloota hundumaaf dhaala ta'e kun kan mul'ate Museetti ture: "Ani Waaqayyo Gooftichi, Waaqayyo Isa oo'a qabeessaa fi araara qabeessa, aariitti suuta jedhaadha, gaarummaan koof amanamummaan koo guddaa dha. Yakka, irra daddarbaa, cubbuus namaaf nan dhiisa." Ba'uu 34:6, 7.

Seerri Siinaa irratti kenname qajeelfama jaalalaa ti, seera samii kan lafatti mul'ise. Harka Kiristoosiin kan dibame ture; kan dubbatames karaa Isa humni Isaa onnee namootaa gara qajeelfamoota

kanaa wajjin walii galuutti fiduu danda'u dha. Yeroo saba Israa'elitti dubbate kaayyoon seera kanaa maal akka ta'e itti himeera, "Isin namoota anaaf qulla'an ni taatu." Ba'uu 22:31.

Haa ta'u malee, sabni Israa'el serichi seera Hafuuraa ta'uu isaa waan hin hubanneef bakkeedhaan kan mul'atu sirna adda addaaf oolchan malee garaa isaanii ol'aantummaa jaalalaaf hin kennine. Yeroo Yesuus amalaanis ta'e hojiidhaan qullaa'ummaa, gaarummaa fi abbummaa Waaqayyoo agarsiisee, sirnoota bakkeedhaan mul'atan duwwaaf abboomamuun isaanii qofaa isaa waa'ee akka hin baafne isaanitti himaa ture geggeessitootni Yihuudotaa dubbii isaa hin fudhanne ykn hin hubanne. Barbaachisummaa fi ulaagaa seeraa akka waan inni baayyee hin baranneetti isa yaadan; yeroo Inni hojii isaanitti kenname ilaalchisee dhugaa jiru gadi fageenyaan dhiyeessu isaan garuu irra keessa qofaa ilaalaa waan turaniif isa balleessuudhaaf hadheessaa turan.

Dubbiin Kiristoos inni suuta jedhamee dubbatame, humna guddaadhaan onnee namootaa sochoose. [48] Dubbiin jireenya of keessaa hin qabne kan isaan barsiisota isaanii irraa irra deddeebi'anii dhaggeeffachaa turan akkasumaan ture. "Inni akka barsiisota seeraa warra kan isaanii utuu hin ta'in, akka nama aboo qabuutti isaan barsiisa ture." Mat. 7:29. Fariisonnis barsiisa isaanii fi barsiisa Kiristoos gidduu garaa garummaa guddaan akka jiru hubatan. Jabinnii fi miidhaginni dhugaa Inni barsiisaa jiruu sammuu namoota baayyee keessaa iddoo guddaa akka fudhataa jiru hubatan. Jaalalli Fayyisaa keenyaa onnee namootaa gara isaatti harkise. Barsiisonni isaanii akka qajeelfamni isaan kennaa turan hundi barsiisa Isaatiin gatii dhabe argan. Inni keenyan adda addummaa kan of tuulmaa fi nu qofa jechuudhaan dhaabate diigaa jiraachuu Isaa argan; akkasumas yoo Isaaf heyyamame akka Inni namoota hundumaa isaan jalaa baasuu danda'u baranii sodaatan. Kanaaf jecha gaaf tokko dogoggorri saba sanaa wajjin walitti Isa buusee caaftotnni isaanii Isa himachuudhaan du'aaf Isa kennuu danda'u abdii jedhuun ittiin mormudhaaf duukaa deemu turan.

Gaara irratti, basaastotnni Yesuusiin itti dhiyaatanii ilaalaniiru; yeroo Yesuus qajeelfama qajeelummaa dubbachuu jalqabetti fariisonni dubbiin kun seera isa Siinaa irratti kennamee wajjin wal faallessa jedhanii walitti asaasuu jalqaban. Yesuus waa'ee seera mana qulqullummaa keessatti raawwatuu isa Museedhaan kennamee

homaa hin dubbanne; sababiin isaa ifni Waaqummaa geggeessaa Isiraa'elootaa kanaan gara saba kanaatti darbe hundinuu Kiristoos biraa kan kenname ture. Utuu namootni baayyeen Inni seera diiguudhaaf dhufe jedhanii yaadaa jiranii, yesuus jecha ifa ta'een seerii Siidaa Waaqayyoo ta'uu isaa jala muree dubbate. "Hin se'inaa," jedhe "waan ani seeraa fi raajota diiguudhaaf dhufe."

[49] Uumaa namootaa, Isa seericha kenne dha kan akka seerota diiguudhaaf hin dhufne dubbate. Wanti hundinuu, utubaa aduudhaa kaasee amma isa gadiitti kan jiru hundi seera jala jiru. Tokkummaa fi waliigalteen uumama hundumaa seera kanaaf abboomamuu irratti hirkatee jira. Kanaafuu namoota hundumaatiif qajeelfamni qajeelummaa kan jireenya to'atu waan jiruuf, nagummaan addunyaa kanaa qajeelfama kanaa wajjin walii galuu uumama kanaa irratti hirkattee jirti. Utuu biyyi lafaa hin uumamin dura seerri Waaqayyoo tureera. Ergamootni qajeelfamoota kanaan socho'u, lafti kunis samii wajjin akka walii galtee sochootutti namni seera kanneeniif abboomamuu qaba. Nama isa jannata keessa turetti Waaqayyo seera isaa beeksiseera. "Yeroo urjoonni ganamaa wal ta'anii faarfatanitti, ilmaan Waaqayyoos gammachuudhaan sagalee ni dhageessisu." Iyyoob 38:7. Ergamni Kiristoos lafa kana irratti qabaate seericha balleessuu utuu hin taane Ayyaana Isaatiin nama gara abboomamuutti deebisuu dha.

Bartuu jaallatamaan, inni dubbii Yesuusiin gaara sana irratti dhaga'e, yeroo dheeraa booda gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin yeroo barreesse, seerri kan bara baraa ta'uu isaa dubbateera. Akkas jedhe, "Cubbuun seera irra daddarbuu dha" akkasumas, "Namni cubbuu hojjetu hundinuu seera irra daddarbuu isaati." 1 Yoh. 3:4. Seerri inni waa'ee isaa dubbachaa jiru, "Abboommii moofaa isa dur durii jalqabee isin bira ture" ta'uu isaa ifa godheef. 1 Yoh.2:7. Kan inni dubbachaa jiru waa'ee seera isa yeroo uumamaa iyyuu jiruu fi isa gaara Siinaa irratti irra deebi'amee dubbatamee ti.

Waa'ee Seeraa yeroo dubbatu Yesuus akkas jedhe, "Ani raawwachuuf malee diiguudhaaf hin dhufne." Jechi Inni iddoo
[50] kanatti "raawwachuuf' jedhee dubbate kun isa Yohaannis cuuphaadhaan kaayyoon isaa, "Qajeelummaa raawwachuu dha" jedhee wajjin tokko dha (Mat. 3:15); sunis, safartuu ulaagaa seerri gaafatu guutuu dha, fakkeenya fedha Waaqayyoo wajjin guutummaatti walii galuu kennuuf dha.

Ergamni Isaa, "Seera ol qabuu fi akka inni kabajamu gochuu" dha. Isa. 42:21. Seerichi seera hafuuraa ta'uu isaa agarsiisuu barbaade, qajeelfama yeroo dheeraaf turuu fi dirqama bara baraa ta'uu isaa ibsuuf dha.

Miidhaginni Waaqummaa amala Kiristoos, inni namoota hundumaa gidduutti baayyee beekamaa ture sun kan gar malee hubatame; isa Solomoon Hafuuraan guutamee waa'ee Isaa akkas jedhee barreesse Inni, "Angafa kumaati, . . . kan jaallatamu dha" (Weedduu weedduu caalu 5:10-16); kan Daawwit mul'ataan argee akkas jedhe, "Ilmaan namaa keessaa ati miidhaginaan hundumaa ni caalta" (Far. 45:2); Yesuus, Inni bifa Abbaa sirriitti agarsiisu, Inni ifa ulfina Isaatii ta'e; furiin ofii Isaa gane, lafa kana guutummaatti jaalala isaatiin kan beekamu; Inni bakka bu'aa jiraataa amala seera Waaqayyooti. Jireenya Isaa keessatti jaalalli samii mul'ateera, qajeelfamni Kiristoosiin fakkaachuu, seera qajeelummaa bara baraa kan mirkaneessani dha.

"Hanga samii fi lafti darbanitti," jedhe Yesuus, "Seerota keessaa amma hundinuu raawwatamanitti qubeen tokko illee hin darbu." Ofii Isaatii seeraaf abboomamuu isaatiin, amala Isaa isa mudaa hin qabne dhugaa ba'ee karaa Ayyaana Isaatii mirkaneessuudhaan akka ilmaannii fi intalootni Addaam hundinuu guutummaatti seerichaaf abboomamuu qaban agarsiise. Gaara sana irra dhaabatee seerotni kun hundi amma raawwatamanitti isaan keessaa qubeen tokko illee [51]
akka hin dabarre labse. Wanti ilmaan namootaa ilaallatu hundinuu, karoora fayyinaa ilaallatu. Seerri cabuu akka qabu gonkumaa hin barsiifne, ija Isaa isa hundumaa ol jiru irra kaa'uudhaan amma sadarkaa kaa'ame sana bira ga'amutti seerichi aangoo qabaatee akka itti fufu mirkaneesse. Kana gochuu Isaatiin akka namni tokko illee kaayyoon lafa kana dhufuu Isaatii seericha balleessuu dha jedhee hin yaadne taasise. Amma laftii fi samiin jiranitti, seerii Waaqayyoo warri qulqullaa'oon ni jiraatu. Qajeelummaan Isaa, "Akka gaara guddaatii" (Far. 36:6), darbee ni jiraata, madda eebbaa burqituu Isaa ergee lafa ni haaressa.

Seerri Waaqayyoo guutuu waan ta'eef, hin jijjiiramu, ilmaan namootaa warra cubbamootaaf safartuu seeraa kana bira ga'uun hin danda'amu. Kanaafidha kan Yesuus furii ta'ee dhufe. Kanaaf, ergamni Isaa akka namootni hirmaattota waaqayyummaa keessaa hirmaattuu ta'uudhaan qajeelfama seera samii wajjin walii galan

gochuu dha. Yeroo cubbuu keenya gannee Kiristoosiin akka fayyisaa keenyaatti fudhannu, seerri ol qabama. Phaawulos akkas jedhee gaafata, "Amantiidhaan seera diigna jechuudhamooree? Waa'wuu kun raawwatee ta'uu hin danda'u." Rom. 3:31

Waadaan kakuu haaraa, "Seera koo garaa isaanii keessa nan kaa'a, yaada isaanii keessattis isaaniifan caafa" Kan jedhu dha. Ibr. 10:16. Sirnootni Kiristoos Isa Hoolaa Waaqayyoo ta'ee cubbuu biyya lafaa balleessu agarsiisan du'a Isaatiin yeroo darban, qajeelfamootni qajeelinaa kurnan sun garuu akkuma teessoo Waaqayyoo bara baraan jiraatu. Seerri tokkittiin illee hojiin ala hin ta'u, qubeen ykn mata dureen tokkittiin illee hin jijjiiramu. Qajeelfamootni warri Jannata keessatti beekaman sun lafa ishee haaraa keessattis iddootti deebi'u. Yeroo jannati deebitee lafa irra buufattu, seerri jaalala Waaqayyoo aduu jala kan jiran hundumaatiin ni eegama.

[52] "Dubbiin kee yaa Waaqayyo bara baraan bantiiwwan waaqaa keessatti jabaatee dhaabateera." "Abbaoommiin Isaa hundinuus amansiisaa dha. Isaan amanamummaa fi qajeelummaadhaan hojjetaman." "Isaan bara baraan akka jiraataniif dhaabuu kee ani duraan dursee seera siif dhugaa ba'u sanaan beekeera." Far. 119:89; 111:7, 8; Far. 119:152.

**"Namni abboommota hundumaa irra xinnaatan keessaa tokko diigee, diigamuu isaas namoota barsiisu mootummaa Waaqaa keessatti isa hundumaa irra xinnaatu ni jedhama." Mat. 5:19.**

Sana jechuun, achi keessaa iddoo hin qabu. Kan fedha isaatiin seera tokko cabse, hafuuraaf dhugaatti isaan keessaa tokko iyyuu eeguu hin danda'u. "Namni abboommota hundumaa eegee tokko yoo cabse, hunduma isaa akka cabsetti ilaalama." Yaaqob 2:10.

Cubbuu kan ta'u jabina abboomamuu dhisuu miti, fedhii Waaqayyoo irraa xiqqoo adda ba'uu dha; kunis kan agarsiisu lubbuu fi cubbuu gidduu walitti dhufeenyi jiraachuu isaati. Onneen tajaajila kennutti addaan hirma. Seerota mootummaa isaa irratti fincila kaasuun mul'inatti Waaqayyoon ganuu dha.

Utuu namootni akka safartuu ofii isaanii qopheessaniif eeyyamameeraaf ta'eetii sammuu namoota adda addaaf akka mijatutti safartuu adda addaa baayyeetu jiraatature. Bulchiinsis harka

Waaqayyoo keessaa ni fuudhama ture. Fedhiin namaa iddoo olaanaa argata ture, inni guddaa fi qulqulla'aan fedhiin Waaqayyoo—kaayyoo fi jaalalli Inni uumama Isaatiif qabu hundinuu ni tuffatama ture.

Namootin yeroo karaa ofii isaanii filatan hundumaatti [53]
Waaqayyoo wajjin wal mormu. Qajeelfa samii wajjin waan wal lolaa jiraataniif mootummaa Waaqayyoo keessaa iddoo hin qargatan. Fedhii Waaqayyoo tuffachuu isaaniitiin tarree diina namaa fi diina Waaqayyoo isa ta'e, tarree Seexanaa irra hiriiru. Jecha tokko, ykn jecha baayyeen utuu hin taane, jechoota Waaqayyo dubbate hundumaan namni jiraata. Dubbii Waaqayyoo keessaa tokkittii illee, kan waa'ee hin baafne yoo nutti fakkaate illee, tuffachuu hin qabnu. Lafa kana irrattis ta'e jireenya isa dhufu keessatti, abboommii Waaqayyoo keessaa kan gammachuu fi gaarummaa namaaf hin taane tokko hin jiru. Namni abboommii Waaqayyoo eeguu isaatiin marfamee hamaa irraa eegama. Namni dallaa isa eeguuf dhaabame kana cabsu, humna isa eegu balleessuu isaati; inni karaa diinni ittiin isatti seenee jireenya isaa balleessuu fi xureessu baneef jechuu dha.

Maatiin keenya warri jalqabaa yeroo ta'etti Waaqayyoof abboomamuu dhiisuu filachuudhaan balbala bal'aa bananii 'wayyoo ykn ofbaasii' gara biyya lafaatti galchan. Namni fakkeenya isaanii duukaa bu'u hundinuu bu'aa wal fakkaataa haammata. Jaalalli Waaqayyoo seera Isaaf kabaja kennuu kan gaafatu yeroo ta'u, namni seera Isaa irraa adda ba'u hundinuu xuraa'ummaa fi gammachuu dhabuu ofitti fida.

"Qajeelummaan keessan qajeelummaa warra barsiisota seeraatii fi warra Fariisotaa irra guddaa yoo caaluudhaa baate mootummaa Waaqaatti gonkumaa hin galtan" Mat. 5:20.

Caaftonnii fi Fariisonni Yesuusiin qofa utuu hin taane barmaata [54]
isaanii duukaa bu'uu waan didaniif bartoota illee cubbamoota jedhanii hadheessaniiru. Warra barsiisota seeraati jedhaman irraa ariannaa fi himannaan baayyeen bartoota irra ga'eera. Yesuus soba saaxile. Qajeelummaan warri Fariisotaa iddoo guddaa kennaniif gatii akka hin qabne labse. Yihuudotni akka saba addaatti, akka saba Waaqayyo filateetti of lakkaa'u turan; Kiristoos garuu, amantiin isaanii akka amantii fayyisuu hin dandeenye ta'etti dhiyeesse. Qulqulluu of fakkeessuun isaanii, sirnoota adda addaa raawwachuun isaanii, kan seerri irra barbaadu kan bakkeedhaan

mul'atu raawwachuun isaanii, qulqulloota isaan taasisuu hin dandeenye. Onneen isaanii qulqulluu hin turre, amalli isaaniis Kiristoosiin hin fakkaatu ture.

Amantiin seera irratti hundaa'e lubbuu Waaqayyoo wajjin walitti fiduu hin danda'u. Amantiin warra yihuudotaa jabaa, kan hin wayyoofne, qalbii jijjiirraannaan isaan gaafatan, gaaruummaa fi jaalalli isaanii cubbamootaaf dhagaa gufannaa ture. Isaan akka soogidda minyawummaa isaa dhabee turan; dhiibbaan isaan godhan biyya lfaa kana faalama irraa oolchuu hin dandeenye. Amantii dhugaan lubbuu qulleessuu danda'u isa, "Jaalala dhugaadhaan hojjetu dha" (Gal. 5:6).

Kana hundumaa Yihuudonni barsiisa raajotaa irraa barachuu qabu turan. Jaarraa baayyee dura, lubbuun qajeelummaa barbaachaaf gara Waaqayyootti iyyite deebii isheen argattee wajjin kara raajicha Miikiyaas dubbatamera. "Ani maal fudhadhee Waaqayyo duratti dhiyaadhu? Waaqayyo Isa ol gaara irra jiru durattis akkamitti gugguufu? Qalma gubamuuf jabboota waggaa tokkoo fudhadhee fuula Isaa duratti dhiyaadhuuree? Gooftichi korbeeyyii hoolaa kumatti,
[55] dhadhaa ejersaa akkuma bishaaniitti lagoota kuma kudhan keessa yaa'utti ni gammadaaree? . . . Inni wanta gaarii ta'e sitti himeera, yaa namaa, wanta qajeelaa ta'ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachuu, gad of- deebiftees Waaqayyo kee wajjin deddeebi'uu malee Gooftichi maal si irraa barbadaree?" Miik. 6:6-8.

Raajichi Hoose'is barmaata warra Fariisotaa akkas jechuudhaan ibseera, "Warri Israa'elis akka muka Wayinii of jaallatee ija baayyee naqatuuti." Hos. 10:1. Tajaajila Waaqayyoon akka tajaajilaniif itti kenname keessatti isaan ofii isaanii tajaajilaa turan. Qulqullummaan isaan akka ofii isaaniitii itti yaadanii fi bu'aa mataa isaaniif seera eeguu dha. Haa ta'u malee, eenyummaa isaanii isa duraa irra waan fooyyesse hin qabu. Adeemsa qulqulluu of gochuu keessatti waan xura'aa keessaa waan qulqulluu baasuuf yaalaa turan. Seerri Waaqayyoo akkuma Waaqayyo qulqulluu ta'e qulqulluu dha, akkuma Waaqayyo guutuu ta'e innis guutuu dha. Qajeelummaa Waaqayyoo namootatti agarsiisa. Namni ofii isaatiin seera eeguu hin danda'u; sababiin isaas uumamni namaa sarbamee, jijjiiramuudhaan amala Waaqayyoo fakkaachuu irraa fagaateera. Hojiin onnee ofittoo ta'ee, "Akka waan xuraa'aati;" akkasumas, "Qajeelummaan keenya moofaa abaarsaati." Isa. 64:6.

Seerichuu qulqulluu ta'ee utuma jiruu, Yihuudotni ofii isaaniitii seera eeguudhaan qajeelummaa argachuu hin danda'an. Bartootnis mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf qajeelummaa kan warra Yihuudotaa irraa adda ta'e qabaachuu qabu. Waaqayyo ilma Isaa keessaan qajeelummaa seeraa guutuu ta'e isaaniif dhiyeesse. Yoo isaan Kiristoosiin fudhachuudhaaf guutummaatti onnee isaanii banan, jireenyi, jaalalli fi isaan keessa buluun Isaa akka isaan Isa fakkaachuutti jijjiiraman isaan taasisa. Kanaaf, kennaa Waaqayyoo isa tola kennamuun qajeelummaa seerri gaafatu guutanii argamu. [56]
Haa ta'u malee, Fariisonni Kiristoosiin morman, "Qajeelummaa isa Waaqayyo kennu wallaalanii, qajeelummaa mataa isaanii dhaabbachuu yaalaniiru," (Rom. 10:3), isaan qajeelummaa Waaqayyotti of kennuu hin dandeenye.

Yessus dhaggeeffattoota Isaatti kan Inni himuu barbaade, amala Kiristoosiin qabaachuu jechuun abboommota Isaa eeguu akka ta'e dha. Sababni isaas, Isa keessatti guyyaatii gara guyyaatti Abbaan mul'achaa ture.

**"Eenyu illee obboleessa isaatti yoo dheekkame, abboota firdii duratti itti ni faradama." Mat. 5:22.**

Kara Musee Waaqayyo akkas jedhe, "Ati garaa keetti obboleessa kee hin jibbin . . . Ati nama akka ofii keetiitti jaalladhu malee ijaa hin baafatin, ijoollee saba keetii irrattis haaloo hin qabaatin." Lew. 19:17, 18. Dhugaan Kiristoos isaanitti dubbachaa ture isuma raajonni isaan barsiisan ture, isaan garuu gara jabinaa fi cubbuu jaallachuudhaan haguugaman.

Dubbiin Fayyisaa keenyaa kan Inni dhaggeeffattoota Isaatti mul'ise, yeroo nama kan biraatiin yakka hojjetteetta jedhan isaanis yakka wal qixa hojjechuu isaaniiti; isaanis hammeenyaa fi jibba jajjabeessaa waan turaniif.

Fuullee bakka isaan jiraniitiin galaana gama biyya bosonaan guute kan namootni yakka hojjetan keessa dhookatantu ture. Saamichii fi ajjeechaan nannoo sanatti raawwate kan yeroo dhiyoo fi sammuu namootaa keessa kan jiru ture. Namootni sunis warra akkas godhan balleessuudhaaf hinaaffaa guddaa qabu turan. Haa ta'u malee, isaanis rakkoo qabu turan; warra Roomaa irratti jibba hadha'aa kan qabanii fi saba biyya kan biraas ta'e saba biyya isaanii [57]

keessaa kan yaada isaanii wajjin hin deemne jibbuudhaaf eeyyama kan qaban ta'uutti of yaadu turan. Kana hundumaa keessatti isaan seera isa, "Hin ajjeesin" jedhu cabsaa turan.

Hafuurri jibbaa fi haaloo ba'uu kan bu'uureffame seexanaan ture, amma ilma Waaqayyoo ajjeesuttis ittuma fufe. Namni jibbaa fi hammeenya facaasu hundinuu hafuura wal fakkaatu qaba, bu'aan isaa ammo du'a fida. Yaada ijaa baafannaa keessa hojii hamaan akkuma biqilaa guddaan sanyii keessa taa'utti hammeenyi dhookatee ta'a. "Obboleessa isaa kan jibbu hundinuu nama nama ajjeese dha: namni nama ajjeese abdii jireenya bara baraa akka hin qabne isin iyyuu beektu." 1 Yoh. 3:15.

"Namni obboleessa siaatiin bututtuu uffatta jedhu, yaa'ii duratti ni dhiyaata." Waaqayyo ilma isaa tokkicha namota hundumaaf kennuu Isaatiin lubbuu tokkoo tokkoo isheef gatii ammam akka kenne agarsiiseera. Kanaaf, nama kamiif iyyuuu nama kan biraa irratti hamaa akka dubbatuuf mirga hin laatne. Namoota sana keessatti dadhabinaa fi dogoggora ni argina ta'a, haa ta'u malee, Waaqayyo qabeenyaa kooti jedhee isaan falmata; uumuu isaatiin kan isaati, irra deebi'ee dhiiga Yesuus isa gati jabeessaan bituu Isaatiinis kan isaati.

Hundinuu akka bifa Isaatti uumaman, namootni warri gad deebi'oon illee kabaja guddaadhaan ilaalamuu qabu. Lubbuu Kiristoos jireenya Isaa aarsaa godheef tokkittii illee salphisuu keenyaaf Waaqayyo nu gaafata.

"Warra kaan irratti immoo eenyutu caalmaa siif kenne? Waan Waaqayyo siif hin kennin maalfaa qabdaree? Isa irraa fudhatte erga ta'ee immoo maaliif akka waan kennaa hin ta'iniitti ittiin of jajjaree?" "Ati inni hojjetaa biraatti faraddu eenyu ati? Inni yoo dhaabates yoo kufes Gooftaa isaatu beeka." 1 Qor. 4:7; Rom. 14:4.

[58] "Namni gowwaa, namaan jedhe ibiddaan gubata." Kakuu Moofaa keessatti jechi 'gowwaa' jedhu nama cubbuu isaatiif jecha baqataa ta'e ilaallata. Yesuus akka dubbatetti namni obboleessa isaa baqataa ta'uu isaatiif arrabse ofii isaatiis dheekkamsa wal fakkaatu fudhata jedhe.

Kiristoos ofii Isaatii seexanaa wajjin reeffa Musee irratti yeroo wal falme. "Arrabsee itti faraduuf ija hin jabaanne." Yih. 9. Utuu akkas godheera ta'eetii ofii Isaa bakka seexanaatti gad of buusa ture; sababiin isaa himannaan/hadheessuun meeshaa warra hamaa hojjetaniiti. Seexanni Kitaaba Qulqulluu keessatti, "Hadheessituu

Obbolootaa” jedhamee waamameera (Mul. 12:10.) Yesuus meeshaa Seexanaa kamiin iyyuu hin fayyadamne. Akkas ittiin jedhe, “Gooftaan si haa ifatu.” Yih. 9.

Fakkeenyummaan Isaa nuuf dha. Yeroo diinota keenyaa wajjin wal falmuutti dhufnu jechoota hadheessaa ykn himannaa of keessaa qabu fayyadamuu hin qabnu. Namni af-yaa’ii Waaqayyoo ta’ee lafa kana irra jiru jecha samiin hin fayyadamnee fi kan Yesuus yeroo Seexanaa wajjin wal falme itti dhimma hin ba’in fayyadamuu hin qabu. Hojii murtii kennuu Waaqayyoof dhiisuu qabna.

### “Obboleessa keetti araarami.” Mat. 5:24.

Jaalalli Waaqayyoo walitti araaramuun oli dha; qajelfama hojjetu dha, burqituu jiraataa dha, kan warra kaan eebbisuuf yeroo hundaa burqu dha. Yoo jaalalli Kiristoos nu keessa bule, namoota keessa jibba facaasuu dhiisuu qofa utuu hin taane, kallattii hundumaan jaalala isaaniif qabnu itti agarsiisuudhaaf yaalii goona. Yesuus [59]
akkas jedhe, “Kennaa aarsaa dhiyeessuudhaaf iddoo aarsaatti yoo fidde, iddoodhuma sanatti akka obboleessa kee waa yakkitee yaada isaa miite sitti ni yaadatama ta’a, kennaa aarsaa kee achuma iddoo aarsaa duratti dhiisiitii dhaqii obboleessa keetti dura araarami; kana booda deebi’ii kennaa aarsaa kee dhiyeessi.” Aarsaan dhiyaatu kana agarsiisu amantii karaa Yesuus dhiyaatuun namni dhiyeessu sun jaalalaa fi araara Waaqayyoo fudhachuu isaa agarsiisa. Namni tokko garuu, hafuura jibbaa utuu qabuu aarsaa araara Waaqayyo bakka bu’u dhiyeessuun qoosuu dha.

Yeroo namni Waaqayyoon tajaajilu tokko obboleessa isaa yakku, obboleessa sanatti amala Waaqayyoo gar malee agarsiisa, kanaaf cubbuu isaa himachuu qaba, cubbuu ta’uu isaas amanuu qaba, kana gochuudhaanidha kan Waaqayyoo wajjin walii galuu danda’u. obboleessi keenya yakka nuti isa irratti hojjenne caalaa nu yakkeera ta’uu danda’a; haa ta’u malee, kun itti gaafatamummaa keenya hir’isuu hin danda’u. yeroo Waaqayyoon duratti dhiyaannu namni nutti gadde jiraachuu isaa yoo yaadanne, kadhannaa keenya, galata keenya, kennaa jaalalaa keenya sana dhiisnee gara obboleessa wajjin wal dhabnee dhaquudhaan gad of deebifnee cubbuu keenya himachuudhaan dhiifama gaafachuu qabna.

Yoo obboleessa keenya waliin dhoofnee ykn madeessineerra ta'e bakkatti deebisuu qabna. Yoo sobaan irratti dhugaa baaneerra ta'e, yoo jecha isaa jallifnee namatti himeeneerra ta'e, karaa kamiin iyyuu yoo isa miineerra ta'e, namoota biratti sana goone hundumaa bira deemenee dogoggora hojjenne hunda irraa kaasuu qabna.

[60] Utuu dadhabinni obbolootaa namoota biroo duratti himamuun hafee, jaalala kiristaanummaatiin walii isaanii gidduutti ifatti irratti dubbatanii, hammeenyi baayyee ittifama ture. Hadhaa'ummaan namootni baayyeen ittii xuraa'an baayyeen ni bada ture. Duuka buutonni Kiristoosis tokkummaa jaalalaa guddaa qabaatu turan.

**"Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale, garaa isaatti isheetti ejjeera." Mat. 5:28.**

Warri Yihuudotaa seera eeguu isaaniitiin warra kaan biratti ija sodaatiin ilaalamu. Bulchitootni Room warri karaa geggeessaa biyyattii gara Filisxeemitti fide yakka wal irraa hin cinne saba sana irratti fide, namootni biyya biraatii dhufan kun barmaata badaa ta'e, hawwa, fi gowoomsaa fidanii dhufan. Dhaggeefatootni kan isaan Yesuus irraa eegaa turan jarri kun baduu qabu kan jedhu ture; haa ta'u malee, dubbiin isaan dhaggeeffachaa turan hammeenya onnee isaanii keessa jiru qullaatti hambise.

Yesuus akka jedhetti, yeroo yaadni cubbuu jaallatamee facaafamu, ammam illee dhookataa yoo ta'e cubbuun onnee sana irratti mo'uu isaa agarsiisa. Lubbuun sun amma iyyuu manii hadhaa'umaa fi garbummaa cubbuu keessa jirti. Namni yaadni qulqulluu hin taane keessa isaa buluutti gammadu, yaada hamaas kan facaasu, iji hawwaa, cubbuu bakkeetti mul'atu akka qaanii guddaatti ija aariidhaan ilaaluu danda'a ta'a. Cubbuu inni guddaan garuu, hammeenya inni onnee isaa keessa dhoksee dha. Waqtiin qorumsaa, kan tarii namni tokko cubbuu guddaatti kufu, yerooma sana kan uumame utuu hin taane, yeroo dheeraadhaaf gola onnee isaa keessa kan dhookatetu bakkeetti ba'uu isaati. Namni "Garaa isaatti akka of yaadu,inni akkasuma" wanti jireenyaaf barbaachisu, "Yaada garaa keessaa ba'a." Fkn 23:7; 4:23.

**"Harki kee mirgaa cubbuu yoo si hojjechiise, isa of irraa murii gati." Mat. 5:30.** [61]

Dhukkubni tokko dhaqna keessa faca'ee jireenya balleessuu isaa irra harka isaa mirgaa illee yoo ta'e dhabuu wayya. Wanta lubbuu balleessu irrattis kana caalaa aarsaa gochuu barbaachisa.

Karaa Wangeelaa, lubbuun seexanaan gadi qabamanii fi cunqurfaman fayyanii bilisummaa Ilmi Waaqayyoo kennu hirmaachuuf jiru. Kaayyoon Waaqayyoo miidhama sababa cubbuutiif namootatti dhufe irraa oolchuu utuu hin taane cubbuu mataa isaa irraa fayyisuu dha. Lubbuun faalamtee fi boca ishee gad dhiifte, qullooftee jijjiiramuudhaan, "Miidhagina Waaqa keenyaa keessatti" akka uwwifamtu dha. Akkasumas, "Fakkaattii ilma Isaa akka ta'aniif" dha. "Waan Waaqayyo warra Isa jaallataniif qopheesse iji namaa hin argine, gurri namaa hin dhageenye, yaadni namaas bira hin geenye" Keessaa akka hirmaatani dha. Far. 90:17; Rom. 8:29; 1 Qor. 2:9. Ulfina namni gara Waaqayyoon fakkaachuutti deebi'uudhaan argachuuf jiru jireenya bara baraa qabaachuu qofti illee mul'isuu danda'a.

Nuti sadarkaa guddaa kana irra ga'uudhaaf wanti aarsaa ta'uu qabu aarsaa ta'uu qaba. Cubbuun kan nu qabatu karaa fedha keenyaati. Fedhii keenya kennuun akka waan ija keenya of keessaa baafnee ykn harka keenya of irraa murreetti ilalama. Fedha keenya Waaqayyoof kennuun yeroo baayyee of miidhuu ykn okkolaa of taasisuu nutti fakkaata. Yesuus garuu, jireenyatti galuudhaaf madaa'uu, ykn qaama hir'uu ta'uudhaan kan danda'amu yoo ta'e isa wayya jedhe. Kan isin balaa dha jettanii yeroo baayyee yaaddantu bu'aa guddaadhaaf balbala ta'a.

Hundeen jireenyaa Waaqayyo dha; kanaaf, kan nuti jireenya [62]
argachuu dandeenyu amma Isaa wajjin walitti dhufeenya qabaanne qofatti dha. Waaqayyottii adda baanee yeroo xinnoof ni turra ta'a, garuu jireenya hin qabnu. "Isheen qananiitti of gad dhiifte fayyatti utuma jirtuu iyyuu duutuu dha." lXim.5:6. Fedhii keenya Waaqayyoof yoo kennine qofa dha kan Inni jireenya nuuf hiruu danda'u. Of kennuudhaan jireenya Isaa yoo fudhanne qofadha kan nuti cubbuu dhookataa kana irratti mo'icha argachuu dandeenyu. Ofii keessan keessa cubbuu owwaaltanii ija namaa duraa dhoksuu ni dandeessu, fuula Waaqayyoo dura garuu akkamitti dhaabachuu dandeessu?

Yoo ofii kee jaallattee, fedha kee Waaqayyoof kennuu didde, du'a filachaa jirta. Eessatti iyyuu yoo argame cubbuudhaaf Waaqayyo abidda nyaatu dha. Cubbuu yoo filatte, isa irraas adda ba'uu yoo didde, Waaqayyo Inni ibidda cubbuu nyaatu ta'e siinis si nyaata.

Ofii kee aarsaa gootee Waaqayyoof kennuu si gaafata; sun immoo isa xiqqaa isa guddaadhaaf, isa biyya lafaa isa Hafuuraatiif, isa badu isa hin badneef aarsaa gochuu dha. Waaqayyo fedhii keenya balleessuu hin barbaadu; karaa fedhii keenyaati kan nuti waan akka nuti hojjennuuf inni nu gaafatu raawwachuu kan dandeenyu. Kan qullaa'ee fi qajeele ta'ee, fedhii fi yaada Waaqayyoo wajjin kan walii galu ta'ee jaalala isaa fi humna isaa wajjin walitti hidhamee, deebifnee fudhachuu akka dandeenyuuf fedhiin keenya Isaaf bitamuu qaba. Fedhii ofii kana dabarsanii kennuun ammam kan miidhaa qabu fakkaatee onneetti yoo dhaga'ame illee, "Kan bu'aa siif qabu dha."

[63] Yaaqob hanga dadhabee, mudhuqee, laphee ergamaa kakuu irratti of gatutti mo'ee maqaa 'Waaqayyoo wajjin kan mo'e' jedhamu argachuu isaa hin beeku ture. (Uum. 32:31) Akka duulli Eesa'uu fuula isaa dura jiruu fi Fari'oon eebba isaa fudhachuuf akka karaatti isa eegu hin beeku ture. Kanaaf geggeessaan keenya, "Dhiphinaan fiixaan baaseera" (Ibr. 2:10), ijoolleen amantiis "Dadhabbii keessaa jabina argatanii loltuu warra ormaas baqachiisaniiru" (Ibr. 11:34). Akkasumas, "Warri okkolan boojuu ni saammatu" (Isa. 33:23), Dadhaboonnis "Akka Daawwit," fi "Sanyiin Daawwit akka ergamaa kootti isaan ni geggeessa" (Zak. 12:8).

### "Namni haadha manaa isaa baasuun seeraa?" Mat. 19:3.

Yihuudota keessatti haati manaa isaanii yoo yakka dalagde baasuun beekamaa ture; sana booda isheenis kan biraatti heerumuuf mirga qabdi. Shaakalli kun gaddaa fi cubbuu baayyeetti geessa ture. Lallaba gaara irratti godhe sana keessatti Yesuus kakuu gaa'elaaf amanamoo ta'uu yoo dadhaban malee gaa'ela diiguun akka hin danda'amne labse. "Inni garuu deebisee, namni haadha manaa isaa baasee kan biraa fuudhe ni ejja: namni ishee baate fuudhus ni ejje, jedhe."

Yeroo Fariisonni gaa'ela diiguun heyyamaamaa dha jedhanii gaaffii itti kaasan, Yesuus immoo gaa'elli jalqaba uumamaatti

akkamitti akka ture isaanitti agarsiise. "Museen sababa mata jabina keessaniitiif haadha manaa keessan akka baaftaniif karaa isiniif bane malee jalqabatti akkas hin turre." Mat. 19:8. Guyyaa eebbifamaa isa yeroo Waaqayyo, "Baayyee gaarii dha" jedhe sana isaan yaadachiise. Jannata keessatti ture dhaabbileen fayidaa namaaf kennaman lamaan, Gaa'elaa fi Sanbati kan hundeeffaman. Sana booda Waaqayyo harka hidhattoota gaa'elaa lamaan wal qabsiisee [64]
akkas jedhe, "Kanaafis dhiirri abbaa isaa fi haadha isaa ni dhiisa, haadha manaa isaattis ni maxxana, isaan lachuus foon tokko ta'u" (Uum. 2:24); sana gochuu isaatiin Waaqayyo qajeelfama gaa'elaa yeroo Addaamii kaasee amma dhuma baraatti kan turu kaa'e. Seera Waaqayyo guddina ilmaan namootaaf eebba guddaa dha jedhee ofii Isaatii labse dha.

Akkuma kennaa gaggaarii warra Waaqayyo kenne kaanii gaa'ellis cubbuudhaan manca'e. Haa ta'u malee, miidhaginaa fi qulqullina isaa iddootti deebisuun kaayyoo wangeelaati. Kakuu Haaraas ta'e Kakuu Moofaa keessatti gaa'elli walitti dhufeenya jaalalaa fi qulla'aa ta'e kan Kiristoosii fi saba Isaa gidduu jiru agarsiisa; sabni Isaa kunis warra Inni gatii qaraaniyoo irratti baaseen isaan bitee isaan fayyise dha. "Hin Sodaatin," jedhe; "Inni Si uume akka abbaa manaa siif ta'a; maqaan Isaa Waaqayyo Gooftaa maccaati; Inni si fure Isa qulqulluu kan Israa'el." "Ana Gooftaa keessaniho deebi'aa; ani isin fuudheeraho." Isa. 54:4, 5; Erm. 3:14. Weedduu Weeddotaa keessatti dhirsi misirroo sagalee isaa dhageessisee utuu akkas jedhuu dhageenya, "Jaalalleen koo kan kooti, anis kan jaalallee kooti." Kan ishee Inni ta'es, "Namoota kuma kudhan keessatt iyyuu ni mul'ata," warra Isaaf fo'amaniin akkas jedha, "Yaa hiriyyee koo ati guutummaatti miidhagduu dha, mudaa tokko illee hin qabdu." Weedduu Weedduu Caalu 2 :16; 5:10; 4:7.

Phaawulosis gara dhumaatti warra Efesooniif yeroo barreesse akka Gooftaan abbaa manaa mataa haadha manaa godhee kaa'e labse; mataa haadha manaa, kan hamaa irraa ittisu, kan maatii guutummaa walitti hidhu, akkuma Kiristoos mataa waldaa kiristaanaa fi fayyisaa qaama waldaa hundumaa ta'e jechuu dha. Kanaafis jedha, [65]
"Waldaan Kiristaanaa harka Kiristoos jala akkuma of galchitu, haati manaas waan hunudmaatti harka abbaa manaa ishee jala of haa galchitu. Kiristoos akkuma waldaa Kiristaanaa jaallate, waldaadhaafis

dabarsee of kenne, akkasuma abbaan manaas haadha manaa isaa haa jaallatu. Waldaan kiristaanaa Waaqayyo biratti fudhatamtuu akka taatutti Kiristoos karaa dubbii Isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee ni qulleessa. Waldaas xurii fi dirmammuu waanti kana fakkaatus utuu irratti hin argamin fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira. Akkasumas immoo, Abbaan manaa akkuma dhaqna ofii jaallatutti haadha manaa jaallachuun ni ta'aaf. Namni haadha manaa isaa jaallatu ofii isaa ni jaallata." Efe. 5:24-28. {MB 64.2}

Ayyaana Waaqayyoo qofatu dhaabbata kana akka Waaqayyo yaadee karoorse gochuu danda'a; bakka bu'aa ilmaan namootaa eebbisuu fi ol qabuu danda'u. Kanaafuu, maatiin lafa irra jiraatan, tokkummaa, jaalalaa fi nagaa qabaataniin maatii samii irra jiran bakka bu'uu qabu.

Amma, akkuma bara Kiristoos lafa irra tureetti, haalli hawwaasi keessa jiru walitti dhufeenya qulqulla'aa kana ilaalchisee haala gaddisiisaa irra jira. Haa ta'u malee, hidhata gaarii fi gammachuu dhabuudhaan namoota jireenyi itti hadhaa'ee fi abdii kutataniif wangeelli furmaata kennu qaba. Obsaa fi gaarummaan walitti dhufeenya hadhaa'e ni miyeessa. Onneen Kiristoos keessa buufate jaalala qabuun ni guuta, ni quufa, ofitti hawwachuuf yaaduudhaan nyaatamee hin dhumu. Lubbuu ofii Waaqayyotti dabarsanii kennuudhaan waan Ogummaan namaa gochuu dadhabe Ogummaan samii akka raawwatu gochuun ni danda'ama. Ayyaana Waaqayyootiin, onneen wal irraa fagaatee fi keessummaa walitti ta'e deebi'ee walitti hidhamuu fi kan warra biyya lafaa caalaa yeroo dheeraaf turuu ni danda'a.

[66] **"Hin kakatin." Mat. 5:34.**

Abboommiin kun maaliif akka kennames ibsameera: samiidhaan kakachuu hin qabnu, "Iddoo teessoo Waaqayyooti;" lafaan kakachuu hin qabnu, "Inni ejjeta miilla Isaati"; Yerusaalemiin kakachu hinqabnu, "Magaalaa Mooticha Isa guddaati." Mataa dhaan kakachuu hin qabnu, "Rifeensa tokkittii illee adii ykn gurraacha gochuu hin dandeenyu."

Wanti hundinuu Waaqayyo biraa dhufa. Waan hin fudhatin tokko illee hin qabnu; kana caalaatti immoo, dhiiga Kiristoosiin wanti nuuf

hin bitamin tokko illee hin jiru. Wanti nuti harka keenya keessaa qabnu hundinuu dhiiga gati jabeessa isa jireenya Waaqayyoo ta'ee fi isa tilmaama hin qabneen waan bitameef fannoodhaan chaappeffamee gara keenya dhufa. Kanaafuu, akka waan kan keenya ta'eetti ittiin raawwachuf jecha waan qabsiisa laannu tokko illee hin qabnu.

Yihuudonni abboommii sadaffaa isa maqaa Waaqayyo Waaqa keetii akkasumaan hin dha'in jedhu ni hubatu; Waan kan biraatiin kakachuuf garuu akka waan mirga qabaniitti of yaadu; kakachuun isaan gidduutti seera dha. Museen sobaan akka isaan hin kakanneef isaan dhowwwee ture, karaa ittiin dirqama kakaadhaan itti dhufe of irraa kaasan baayyee qabu. Waan kakatan sana diiguuf homaa hin sodaatan, ykn immoo amma seerri isa diigu jirutti waan kakatame sana gadi buusuu hin sodaatan.

Yesuus shaakala isaanii ceepha'e, barmaatni kakaa isin qabdan [67]
seera Waaqayyoo cabsuudha ittiin jedhe. Haa ta'u malee, Gooftaan keenya, kakaa mana murtiitti kennamu hin dhowwine, kan Waaqayyo waanti jedhame dhugaadhaa fi dhugaa ta'uu isaa akka raga baanuuf itti nu waame. Yesuus ofii Isaatii yeroo warra murtii kennan duratti dhiyaate, kakachuudhaan hin mormine. Angafni lubaa akkas ittiin jedhe, "Adaraa Waaqayyo Isa jiraataatti, Masihicha Ilma Waaqayyoo yoo taate nutti himi." Yesuus immoo deebisee, "Atumtuu jetteka." Mat. 26:63, 64. Yesuus utuu kakaa mana Murtiitti kennamuun ni morma ta'eetii silaa kaka angafa lubaa sanaan mormuudhaan, bu'aa bartoota isaatiif jecha barsiisa haaraa isaan barsiisa ture.

Namootni namoota akka isaanii gowoomsuu hin sodaanne baayyeetu jiru. Haa ta'u malee, yeroo baayyee barsiifamaniiru, Hafuurri Waaqayyoos isaanitti himeera, Uumaa isaanii sobuun waan baayyee sodaachisaa akka ta'e barataniiru. Yeroo kakatanitti nama duratti qofa utuu hin taane Waaqayyoon durattis dhugaa ba'aa akka jiranitti itti dhaga'ama. Kanaaf, yoo sobaan raga ba'an, Isadha kan onnee isaanii dubbisee dhugaaf soba isaa adda baasuu danda'u. Murtiin kanaan isaanitti dhufu jiraachuu isaa beekuun isaanii dhiibbaa isaan ittisu isaan irratti qaba.

Namni dubbii isaa utuu hin jallisin kakachuu danda'u Kiristaana dha. Wanti nuti yaadnuu fi goonu hundinuu fuula Isaa duratti dhookataa akka hin taane bekuudhaan itti jireenya dhugaa jiraata; kanaaf haala seera qabeessa ta'een sana akka goonuuf yeroo gaafa-

tamnu, wanti inni dubbachaa jiru kun dhugaa fi kan soba hin qabne ta'uu isaa Waaqayyootti himuun qajeelaa dha.

Yesuus wantota Kakatamuun irra hin jirreef tarreesse. Dhugaa
[68] inni sirriin seera dubbannaa akka ta'e barsiise. "Dubbiin keessan eeyyee, ykn waawuu haa ta'u wanti kana irra caalu yoo jiraate sun hamaa dha."

Dubbiin kun gaaleewwan hiikkaa hin qabne ceepha'ee maqaa Waaqayyoo akkanumaan waamuutti daangaa godha. Jechoota gowoomsaa ni ceepha'u, dhugaa ukkaamsuu, sobaan gamamchiisuu, irra tuuluu, fi kan kana fakkaatan rakkoo har'a hawwaasa keessa jiran hunda ni ceepha'a. Namni tokko waan hin ta'in ta'ee yoo dhiyaate, ykn dubbiin isaa waan onnee isaa keessa jiru wajjin adda adda yoo ta'e, dhugaa dha jechuun hin danda'amu.

Utuu dubbii Yesuusiif iddoo kennan ta'ee, jechoota ceephoo fi gaarii hin taane adda baafatu turan; hojii namni biraa hojjete irratti yaada kan kennu ammam dhugaa sirrii ta'e dubbata laata? Yeroo baayyee koorri, inaaffaa fi aariin dhuunfaa barumsa barsiifame halluu diba. Mil'annaan, jechi, sagaleen dhagaa'amu illee sobaa wajjin waan murteessaa ta'uu danda'a. Waanumti dhugaan illee akka sobaatti dhiyaachuu danda'a. kanaaf, "Wanti dhugaadhaan olitti himamu hundinuus kan isa hamaa sana dha."

Wanti Kiristaanotni hojjetan hundinuu akka ifa aduu iftoominaan ta'uu qaba. Dhugaan kan Waaqayyooti; Sobni bifa kamiin iyyuu yoo ta'e kan Seexanaati. Kanaaf, namni haala kamiin iyyuu toora dhugaa irraa adda ba'e ofii isaa ganee tarree isa cubbamaa sanaa iriiruu isaati. Haa ta'u malee, dhugaa dubbachuun salphaa miti. Utuu dhugaa hin beekin dhugaa dubbachuu hin dandeenyu; yeroo baayyee yaadni dursanii sammuu keenya qabatan, gar tokko qofa ilaaluun, beekumsi mudaa qabu, murtiin dogoggoraa, dhimmoota akka itti hubachuu qabnutti akka hin hubanne taasisu. Sammuun keenya Waaqa Isa dhugaa sanaan yoo hin geggeeffamne dhugaa dubbachuu hin dandeenyu.

[69] Karaa bartuu Phaawulos, Kiristoos nu gaafata, "Haasofni keessan yeroo hunda gurratti kan tolu haa ta'u." "Dubbii gargaaru, yeroo barbaachisutti kan cimsu, warra dhaga'uufis ayyaana kan kennu malee dubbii hamaan afaan keessan keessaa hin ba'in." Qol. 4:6; Efe. 4:29. Ifa eertuwwan kanaan yoo ilaalle Kiristoos dubbii gowoomsaa, dubbii waa'ee hin baafnee fi dubbii qulqulluu hin

taaneen mormaa jira. Dubbiin keenya dhugaa qofa utuu hin taane qulqulluu ta'uu qabu.

Warri fedhii Kiristoosiin baratan, "Hojii dukkanaa isa wanti dhimma baasu keessaa hin baane, bakkeetti baasu malee itti hin hirmaatan." Efe. 5:11. Dubbiidhaan, jireenyaan, kan itti dhiyaachuuf hin ulfaanne, kallattiidhaan kan dubbatanii fi dhugaa kan dubbatani dha; sababiin isaa isaan warra afaanni isaanii, "Mudaa hin qabne dha" jedhamanii wajjin tokkummaatti hirmaachuuf deemu. Mul. 14:5.

**"Namni maddii kee isa mirgaa yoo si kabale isa gara kaaniis itti qabi." Mat. 5:39.**

Yeroon itti walitti dhufeenya loltoota Roomaa wajjin qabaniin aariin Yihuudotaa kaka'u jira ture. Waraanni isaanii addaan hirmanii Yihuudaa fi Galiilaa keessa iddoo adda addaa buufachuun isaanii saba sanaaf acuuccaa ture. Sagalee malakataa guddaa dhageessisudhaan wantota warri Roomaa hundeessan kan mallattoo aangoo isaanii agarsiisu kanaaf akka sagadan yeroo gaafataman itti hadha'a ture. Saba sanaa fi loltoota sana gidduutti walitti bu'iinsi yeroo baayyee waan uumamuuf jibbi isaanii dabalaa deemeera. Yeroo tokko tokko warra Roomaa keessaa kan aangoo qaban loltoota isaaniitiin marfamanii dhufanii Yihuudota warra maasii namaa keessa hojjetanii bulanitti ba'aa ulfaataa fe'anii gaara ol baasan [70]
ykn hojii ulfaataa sana fakkatu ajaju turan. Kun immoo barmaataa fi seera warra Roomaa ture. Waan kanaan mormuun immoo hammeenya guddaa ofitti waamuu dha. Guyyaa hundumaa onnee Yihuudotaa keessa kan jiru hawwii waanjoo warra Roomaa of irraa fonqolchuuti. Keessumaa warra Galiilotaa keessatti yaadni kun faca'eera. Qifirnaahom daangaa irra waan jirtuuf magaalaa teessuma warra Roomaa turte; barsiisa Yesuus keessatti illee bakka gadi qabamuu Israa'el ta'uu ishee dhaggeeffattoota Isaa yaadachiiseera. Sabni sun Yesuustu koora warra Roomaa kana cabsa jedhanii abdiidhaan eegaa turan.

Yesuus ija gaddaatiin fuulota gedderamee isa dura jiru ilaale. Hafuura ijaa baafannaa fi fedhii aangoo ittiin diina isaanii kana cabsan qabaachuuf isaan qaban isaan keessatti hubate. Sagalee gaddaatiin akkas isaaniin jedhe, "Hamaadhaaf hamaa hin deebisin:

nama maddii kee isa mirgaa si kabaleef, maddii kee isa bitaa itti qabi."

Dubbiin kun barsiisa Kakuu Moofaa wajjin kan wal hin fudhanne ture. Seerrii akkas jedhu jiraachuun isaa dhugaa dha, "Isa ija jaamseef ija, isa ilkaan cabseef ilkaan" (Lew. 24:20), kun seera Museetti kenname keessa tureera; haa ta'u malee, kun qaama raawwachiisu qaba. Dubbiin Waaqayyoo akkas jedhu waan jiruuf namni tokko illee ofii isaatii ijaa baafachuudhaan qajeelaa hin ta'u, "Deebiseen hamaa irratti hojjedha hin jedhin." "Ati waanuma namni ana hojjeten isa hojjedha hin jedhin." "Diinni kee yoo kufe hin gammadin." "Diinni kee yoo beela'e buddeena inni nyaatu, yoo dheebotes bishaan inni dhugu kenniif." Fkn 20:22; 24:29, 17; 25:21, 22.

[71] Jireenyi Yesuus lafa kana irratti dabarse hundinuu kana kan mul'isu ture. Fayyisaan keenya kan Inni mana Isaa isa samii dhiisee dhufeef diinota Isaatiif buddeen jireenyaa fiduuf dha. Amma Isa owwaalanitti yeroo Isa ari'achuudhaan Isa dhiphisan kan isaan irraa dhaga'an jaalala Isa araara isaaniif godhu dha. Karaa Raajicha Isaayyaas akkas jedhe, "Ani dudda koo warra na rukutanitti, maddii koos warra areeda koo ana irraa buqqisanitti nan qabe, fuula koo warra anatti tufanii fi warra anatti ga'isan jalaa hin dhoksine." "Isa ni cunqursan, ni dhiphisanis, Inni garuu homaa tokko iyyuu hin dubbanne, akka ilmoo hoolaa ishee qalamuudhaaf geeffamtuutti ni oofame. Akkuma hoolaa yommuu rifeensa irraa muramu cal jettuus Inni calluma jedhe malee afaan Isaa hin saaqqanne." Isa. 50:6; 53:7. Akkasumas fannoo irraa taa'ee warra Isa fannisaniif araara gaafate. Hattuu Isaa wajjin fannifameefis abdii kenne.

Argamuun Abbaa Kiristoosiin waan marseef wanti biraan itti hin mul'anne, jaalalli Isaa inni dhuma hin qabne akka Inni biyya lafaa eebbisuuf Isa kakaase. Maddi jajjabina Isaatii kana ture; Nuufis har'a akkasuama. Namni Hafuura Kiristoosiin qabu Isa keessa ni jiraata. Inni isa marsee waan jiruuf, ba'aan isaaf qophaa'e Fayyisaa isaa irra buufata. Wanti gara isaa dhufu hundinuu Kiristoos biraa dhufa. Inni hamaadhaaf hamaa deebisuun isa irraa hin eegamu; Kiristoostu irraa deebisa. Eeyyama Waaqa keenyaa malee kan isa tuqu tokko illee hin jiru, warra heyyamaman " hundumaa" keessatti, "Warra isa jaallatan hundumaa gargaaree gara waan gaarii hundumaatti isaan geessa." Rom. 8:28.

"Namni yaa'ii si irraa qabaatee qomee kee yoo si irraa fudhachuu barbaade kootii kees dhiisiif. Namni tokko akka kiilo meetirii tokko duukaa dhaqxuuf yoo si dirqisiise akka Kiilo meetira lamaa duukaa dhaqi."

Yesuus bartoota Isaatiin, qooda diinota Isaaniif hamaa deebisuu, amma isaan gaafatanii ol akka raawwataniif isaanitti hime. [72]
Kanaaf, amma danda'ametti yooma seera biyya sanaatiin kan mormu ta'e illee waan ajajaman hunda raawwachuutu isaan irraa eegama ture. Seerri Museedhaan kenname hiyyeessotaaf ilaalcha gaarii qabaachuun akka irra jiru gaafata. Yoo hiyyeessi tokko liqii liqeeffachuudhaaf akka qabsiisaatti uffata isaa kenne, nama liqii liqeessuuf uffata sana fudhachuuf mana hiyyeessicha akka seenu hin heyyamamu; akka inni fiduufitti karaa irra dhaabatee isa eeguu qaba. Haala kamiin iyyuu yoo ta'e, kan qabsiisi sun nama sanaaf deebi'uu qabu halkaniin dha. K.Deb. 24:10-13. Bara Yesuus lafa kana irra turetti seerri ho'a of keessaa qabu kun baayyee hin kabajamu ture. Haa ta'u malee, ammam illee waan seerri jedhuun ol yoo ta'e waan isaan murteessan raawwachuu akka qaban bartoota Isaa barsiise. Waan isaan qaban keessaa gar tokko illee yoo isaan gaafate, kennuu qabu. Liqeessaa sanaaf amma deebi'uufiin irra jiru ni deebisu, yoo barbaachisaa ta'es hanga seerri isaaf murteesse caalchisanii kennuu qabu. "Yoo namni kam iyyuu yaa'iitti si geessee kootii kee si irraa fudhachuuf si gaafate, qomee kee itti dabalii kenniif." "Yoo waan akka kiilo meetira tokkoo akka wajjin deemtuuf yoo si gaafate, ati immoo akka kiilo meetira lamaa wajjin deemi."

Yesuus itti dabalee, "Nama liqii si gaafateef liqeessi, deebiftees irraa fudhachuuf isa hin gaafatin." Museenis kana barsiiseera. "Obboloota kee keessaa inni tokko dhabaa yoo ta'e garaa itti hin jabaatin; harka kee diriirsiif, wanta barbaachisus amma barbaachisutti liqeessiif." K.Deb. 15:7, 8. Eertuun kun jecha Yesuusiin
ifa taasisa. Yesuus kan gargaarsa si gaafatu hundumaaf calluma [73]
jedhii kenniif hin jenne; kan Inni jedhe, "Amma isa barbaachisu liqeessiif;" kun immoo liqii ta'uu irra kennaa haa ta'u jedhe; sababiin isaa, "Nuuf baasu jettanii utuu hin abdatin liqeessaa" jedha waan ta'eef. Luq. 6:35. "Namni ofii isaa wajjin kennaa kennu siinis, ofii isaas, olla isaa isa beela'ee fi anaan nyaachisa."

**"Diinota keessan jaalladhaa." Mat. 5:44.**

Barsiisi Yesuus inni, "Hamaadhaaf hamaa hin deebisin" jedhu, Yihuudota warra haaloo baafachuun guutamaniif ulfaataa ture; kana yeroo dhaga'an ni guunguman. Yesuus garuu, sana irra jabeessee labse:

"Fira kee jaalladhu, diina kees jibbi! jedhamee akka himame dhageessaniittu. Ani garuu isinittin hima, diinota keessan jaalladhaa, warra isin ari'ataniifis kadhadhaa! Kana yoo gootan ijoollee Abbaa keessanii Isa samii irraa ni taatu."

Eertuu akkasii ture kan barsiisonni seeraa isaanii akka malee itti fayyadamaa turan. Isaan ofii isaanii namoota kan biroo irra akka wayyanitti of yaadu. Isiraa'el keessaa dhalachuu isaaniitiin Waaqayyo iddoo addaa akka isaaniif kennetti amanu; Yesuus garuu hafuurri dhiifamaa fi jaalalaa warra qaraxxootaa fi warra cubbamootaaf illee agarsiisuun isaanii mul'achuu akka qabu isaanitti agarsiise.

Bulchaa samii fi ardii kanaa maqaa haaraa, "Abbaa Keenya" jedhuun isaanitti beeksise. Onneen Waaqayyoo ammam banaa ta'ee akka isaan eegaa jiru isaanitti himuuf yaale. Akka Waaqayyo lubbuu badde tokkoo tokkoo isheef dhimmu isaan barsiise. "Abbaan ijoollee isaatiif akka garaa laafu, Waaqayyo akkasuma warra Isa sodaataniif garaa ni laafa." Far. 103:13. Waaqayyo akkasitti yaaduun Isaa
[74] amantii kamiin iyyuu biyya lafaatti hin himamne. Kitaaba Qulqulluu qofatu dhugaa ba'e. Amntiin tokko tokko inni uumama hundumaan ol waan ta'eef akka sodaachisaatti malee akka Waaqa jaalalaatti hin barsiisan; isaan akka waan Inni aarsaa isaan irraa barbaaduutti malee, akka abbaa jaalala isaa ijoollee isaa irratti dhangalaasuutti hin barsiisan. Sabni Israa'el illee jaamummaa isaanii irraa kan ka'e barsiisa raajotaa isa jaalala abbummaa Waaqayyoo mul'isu kana hubachuu waan dadhabaniif akka kennaa haaraa biyya lafaaf kennameetti ilaalame.

Yihuudonni akka yaadanitti Waaqayyo warra isaaf hojjetan qofa jaallata, ....akka ilaalcha isaaniitti, warra barsiisa isaanii sana guutantu Waaqa biratti jaallatama, ...isaan irraa ala kan jiran hundinuu abaarsaa fi dheekkamsa Waaqayyoo jala jiru jedhanii yaadu. Yesuus garuu akkas miti jedhe, guutummaan biyya lafaa, gadhees ta'e gaarii, hundinuu biiftuu jaalala Waaqayyoo jala jiru. Jaalala kana uumama

irraa iyyuu baruu dandeennya; "Waaqayyo aduu Isaa warra hamoofis ta'e warra gaariitiif wal qixa baasa, warra qajeelotaa fi warra jallootaafis rooba wal qixa kenna."

Humna dhaalaan argatteen miti kan lafti kun wagga waggaan aduutti naannoftu. Pilaanetoota kana hundumaa toora isaanii eeganii akka socho'an kan godhu harka Waaqayyooti. Karuma isaati kan gannaa fi bonni, yeroon facaasanii fi yeroon haaman, halkanii fi guyyaan sirnaan wal jijjiiran. Biqiloonni kan margan, baallis kan latu, abaaboonis kan ba'u dubbii isaatiin dha. Wanti gaariin nuti qabnu hundi, ifi aduu, roobni, nyaatni, jireenyi, hundinuu kennaa jaalalaati.

Kan jaalala hin qabnee fi kan jaallatamuu hin qabne taanee utuma [75]
jirruu, "Kan jibbamnee fi kan wal jibbinu" taanee utuma jirruu, Waaqni keenya inni samii irraa araara nutti agarsiise. "Waaqayyo hojii nuti qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin taane, akka araara isaatti, dhiqannaa lammaffaa dhalachuutti, haaressuu Hafuura Qulqulluutiin nu fayyise." Tit 3:3-5. Jaalalli Isaa inni nuti fudhanne akkuma isaa warra nu gammachiisan qofa utuu hin taane, warra jibbamoo fi dogoggoroo ta'an illee akka jaallannu nu taasisa.

Ijoolleen Waaqayyoo warra eenyummaa Isaa hirmaatani dha. Sadarkaa lafa irratti kennamu, dhaloota, beekamtii, ykn dhaabbaata amantii miti kan akka nuti miseensa maatii samii taanu nu taasisu; jaalala ilmaan namootaa hundumaaf qabnu dha. Hafuura Waaqayyoo qofatu isa jibbamaaf jaalala kenuu danda'a. Warra galata hin qabnee fi hamootatti gaarummaa agarsiisuun, naaf deebisa jedhanii utuu hin abdatin gaarii gochuun, amala samii waan ta'eef kan dhuguma ijoollee Waaqayyoo ta'an gochuuisaaniitiin ol'aantummaan isaanii mul'atu dha.

### "Abbaan keessan inni waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e isinis akkasuma mudaa malee ta'aa." Mat. 5:48.

Jechii "kanaafuu" jedhu goolabbii akka ta'e agarsiisa. Warra duraan dubbataman kan walitti qabu jechuu dha. Yesuus warra Isa dhaggeeffatanitti jaalalaa fi araara Waaqayyoo isa mudaa hin qabne ibsaa jira. Kanaaf isaanis mudaa malee akka ta'an isaan gaafata. Abbaan keessan Inni samii irraa, "Inni warra galata hinqabnee fi warra hamootaaf iyyuu arjaa dha." (Luq. 6:35), Inni ol waan si

qabeef akkuma Isaa mudaa malee taatanii namotaa fi ergamoota dura dhaabachuu akka dandeessaniif jedhee Yesuus waamicha godha.

[76] Haalli jireenya bara baraa, akkuma isa yeroo Jannata keessa turee ayyaana jala jira; qajeelummaa guutuu ta'e, tokkummaa Waaqayyoo wajjinii, seera Waaqayyoo wajjin guutummaatti wal fudhachuu gaafata. Amalli Kakuu Moofaa keessatti gaafatame isa Kakuu Haaraa keessatti gaafatamee wajjin tokko dha. Safartuun amalaa kunis kan nuti bira ga'uu hin dandeenye miti. Abboommii tokkoo tokkoo isaa wajjin abdii wal qabatutu jira. Waaqayyo akka ofii Isaa nu gochuuf waadaa seeneera; kana immoo namoota ayyaana Isaa hin xureessinee fi warra fedhii Isaa wajjin wal hin mormineef ni raawwata.

Jaalala hin dubbatamneen Waaqayyo nu jaallate. Jaalala Isaa isa ballinni, dheerinni, gadi fageenyi isaa sammuu namaan ol ta'eef yeroo iddoo kennuu jalqabnu akka Isa jaallannuuf nu kakaasa. Mul'achuu jaalala Kiristoosiin, cubbamoota utuma jirruu jaalala Isaa nutti mul'ateef, onneen jabaan baqee gadi jedha, cubbamaanis sanaan jijjiiramee mucaa Waaqayyoo ta'a. Waaqayyo safartii dirqamaa hin fayyadamu; meeshaa Inni fayyadamee onnee keessaa cubbuu haxaa'u jaalala dha. Isaanidha kan inni koormaa gara gad-of deebisuutti, diinummaa fi amantii dhabuu gara jaalalaa fi amantiitti kan jijjiiru.

Yihuudonni yaalii mataa isaaniitiin guutuu ta'uudhaaf baayyee dhama'an iyyuu hin dandeenye. Kiristoos qajeelummaa ofii isaaniitiin mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye itti hime. Amma amala qajeelummaa warri mootummaa Waaqayyootti galuuf jiran qabaachuu qaban itti himuu jalqaba. Lallaba gaara gubbaa irratti lallabe hundumaa keessatti firii isaa ture kan Inni dubbate. Amma garuu, madda isaa itti hime; Waaqayyo guutuu akka ta'e isinis guutuu ta'aa. Seerri amala Waaqayyoo kan agarsiisu dha. Qajeelfamni Waaqayyoo amala Isaa kanagarsiisuu fi hundee mootummaa isaatiiti.

[77] Waaqayyo jaalala. Akkuma qara biiftuu biiftuu jaalallii, ifnii fi gammachuun Isa biraa gara ijoollee Isaatti gadi bu'a. Kana kennuun uumama Isaati. Jireenyi Waaqayyoo jaalala ofittummaa hin qabne burqisiisuu dha.

"Ulfinni Isaa gaarummaa ijoollee Isaatiif ta'u dha. Gammachuun Isaa jaalala abbummaa agarsiisuu dha."

Akkuma Isaa guutuu akka taanu nutti hima. Akka Inni guutummaa addunyaatti jaalala agarsiise nuti naannoo keenyatti wiirtuu eebbaa fi ifaa ta'uu qabna. Nuti ofii keenyaan waa gochuu hin dandeenyu, ifa jaalala Isaatu nu irratti ifa, nuti immoo if sana calaqqisiifna. "Gaarummaa isa irraa arganneen" safara keenyatti guutuu ta'uu dandeenya, Waaqayyos safara Isaatti guutuu akka ta'e jechuu dha.

Yesuus akkas jedhe, "Abbaan keessan guutuu akka ta'e isinis guutuu ta'aa." Ijoollee Waaqayyoo yoo taatan eenyummaa Isaa ni hirmaattu, Isa ta'uu hin dandeessan, garuu akka Isaa taatu. Mucaan kam iyyuu jireenya abbaa isaatii jiraata. Isin ijoollee Waaqayyoo yoo taatan, Hafuura Isaatiin kan argamtan, jireenya Waaqayyootiin jiraattu. Kiristoos keessa, "Guutummaan Waaqayyommaa" ni jiraata (Qol. 2:9); Jireenyi Yesuus, "Foon keenya isa dadhabaa" kana keessaan ni mu'ata (2 Qor. 4:11). Jireenyi isin keessa jiru sunis amala Isaa isin keessaan mul'achuu dhaan waan inni hojjetu isin hojjechiisa. Kanaaf qajeelfama seera isaatii hundumaa wajjin walii galtanii adeemtu, "Seerri Waaqayyoo guutuu dha; lubbuu namatti ni deebisa." Far. 19:7. Karaa jaalalaa, "Wanti seerri nu irraa gaafatu, nu warra akka fedha Hafuuraatti malee fedha fooniitti hin jiraanne keessatti akka raawwatamuuf Waaqayyo kana godhe." Rom. 8:4.

[78] # Boqonnaa 4 - Tajaajila Keessatti Kaka'umsa Dhugaa

**"Namootatti mul'achuudhaaf jettanii tola keessan namoota duratti akka hin gnnne nf eeggadhaa." Mat. 6:1.**

Dubbiin Yesuus gaara sana irratti dubbate hundinuu kan Inni jireenya Isaatiin barsiise yeroo ta'u namootni kan hubachuu dadhabani dha. Humna akkasii qabaatee, waan isaan godhan kana of irraa ittisuuf itti fayyadamuu dhiisuun Isaa akkamitti akka ta'e hubachuu dadhaban. Hafuurri, kaka'umsii fi itti fayyadamni isaanii kan Isaa irraa faallaa ture. Seerri akka kabajamuuf inaaffaa guddaa qabna ofiin haa jedhan malee, xiyyeeffannaan isaanii kabaja ofiif kennuu dha; Yesuus garuu, of jaallachuun seera irra daddarbuu ta'uu isaa mul'ise.

Qajeelfamni Yihuudotni keeyyatan amala ilmaan namootaa kan baroota hundumaa keessa jiru dha. Hafuurri Fariisotaa hafuura ilmaan namootaati; Inni Yesuus amala Isaa fi Hafuura Isaa kan warra barsiisota seeraa wajjin wal bira qabee agarsiise baroota hundumaaf barumsa kan ta'u dha.

Bara Yesuus biyya lafaa irra turetti Fariisonni turan itti fufiinsaan akka samiin gara isaanii gortuu fi sababii sanaan ulfinaa fi qabeenyaa biyya lafaa kan akka waan samiin isaan badhaafteetti yaadan argachuudhaaf yaalaa turan. Akkasuma immoo namootaaf arjoomuudhaan qullaa'ummaa, kabajaa fi maqaa gaarii argachuuf yaalaa turan.

[79] Fakkeessitummaa isaanii Yesuus ni ceepha'e. Waaqayyo tajaajila akkasii akka hin fudhanne itti hime. Namoota biraa ajaa'ibsiifannaa argachuuf kan hojjetan, ajaa'ibsiifannaan namootaa badhaasa isaanii isa dhumaa akka ta'us isaan akeekkachiise.

"Yeroo kennaa kennitan, waan harki keessan inni mirgaa kenne inni bitaan hin beekin," jedhe. "Kennaan keessan dhoksaatti haa ta'u: Waaqni keessan Inni dhoksaatti waan hojjetame argu mul'inatti isin badhaasa" jedhe.

Yesuus kana keessatti gaarummaan yeroo hunda dhoksaa ta'uu qaba jechaa hin jiru. Phaawuloos yeroo Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamee waa'ee kiristaanota warra Maqadooniyaa keessa jiranii barreesse, arjoomuu isaanii isa amma aarsaa of godhanitti ture sana hin doksine, sanaaf isaan galateeffatee warri kaanis fakkeenya sana akka hordofan gaafate. Waldaa Qorontoosiifis akkas jedhee barreesse, "Hinaaffan keessan isaan keessaa namoota baayyee sochooseera." 2 Qor. 9:2.

Jechootni Yesuus maal jechuu akka barbaade ifa taasise, kaayyoon arjoomuu namoota biraa galata ykn kabaja argachuu miti. Gaarummaa Inni dhugaan namootatti of mul'isuuf kan godhamu miti. Warri namoota irraa galataa fi jajamuu barbaadanii gaarummaa godhan kiristaanota afaaniiti.

Duuka buutonni Kiristoos hojii gaarii hojjetaniin ofii isaaniif utuu hin taane Waaqayyo Isa ayyaanaa fi humna isaaniif baayyiseef ulfina Isaa dabarsu. Hojiin sun kan hojjetame Hafuura Qulqulluudhaan dha; Hafuurichi immoo isa fudhateef utuu hin taane Isa kenneef ulfina kenna. Yeroo ifi Kiristoos lubbuu irratti ifu, hidhiin hundinuu galata Waaqayyootiin guutama. Kadhannaa keessan, hojii tokko raawwachuun keessan, gaarummaan keessan, of ganuun keessan, [80]
kan ofii keessanii biraa madde miti. Yesuus ol jedhee anummaan gad jechuu qaba, sanaan Kiristoos guutummaatti mul'ata.

Yeroo gaarummaa goonu gaarummaa keenya mul'isuuf utuu hin taane jaalala warra rakkataniif qabnu irraa ta'uu qaba. Kaka'umsa qajeelaa ta'een, gaarummaan onnee irraa godhamu, kan samiin gatii guddaa kennuuf dha. Lubbuun jaalala dhugaa qabdu, garaa guutuudhaan kan waaqeffatu, kan Waaqayyo warqee Ofir caalaa gatii kennuuf dha.

Nuti badhaasa utuu hin taane tajaajila keenya yaaduu qabna; haa ta'u malee, gaarummaan Hafuura dhugaadhaan godhame utuu gatii hin argatin lafa hin bu'u. "Abban keessan Inni dhoksaatti kan isin gootan argu mul'inatti isiniif ni deebisa." Kan jaallatu qofatu jaalala argata. Ofii keenya tajaajila namoota biraaf yeroo kenninu Waaqayyo ofii Isaa nuuf kenna.

Namni kam iyyuu Waaqa harkaa utuu hin badhaafamin keessa isaatii eebba Waaqayyoo namoota biraaf burqisiisuu hin danda'u. Burqaan gaara sana qarqaraa yaa'u galaana sana bira ga'uuf waan rakkatuu fi waan kasaaru hin qabu. Wanti isaan kennan dacha dhibba

ta'ee deebi'aaf. Burqituun faarfataa yaa'u sun of duubatti kennaa firii naqachuu kenaa deema. Qarqara burqituu sanaa irra kan jiran margi lalisanii, mukeetiin dame yaafatanii, abaaboon daraaranii argamu. Yeroo roobni bade lafti duwwaa ta'utti toorri burqituun sun irra dhangala'u magariisa ta'ee argama. Kan gaara sana irra gara galaanaatti gadi yaa'u eebba Waaqayyo biyya lafaatiif qabu agarsiisa.

[81] Kun eebba warra hiyyeessotatti ho'a agarsiisaniiti. Raajichi Isaayyaas akka jedhetti, "Buddeena keessan warra beela'aniif, hiyyeessa oliif gadi jooruuf iddoo bultii kennaa, isa qullaa ta'e yommuu argitan daara baasuu, warra aantii keessan ta'anitti dugda gatuu dhiisuu mitiiree? Yoo kana hundumaa gootaniif ifni keessan akka biiftuu ganamaa ol ni ba'a. Madaan keessan dafee deebi'ee ni fayya; qajeelummaan keessan isin dura ni adeema; ulfinni koos isin booddeedhaan isin ni eega. . . . Ani Waaqayyo yeroo hunda isin nan geggeessa, lafa gogaa keessatti iyyuu isin nan quubsa . . . yommus isin akka iddoo dhaaba isa yeroo hunda bishaan qabuu, akka burqaa bishaanii isaa hin hir'annee ni taatu." Isa. 58:7-11.

Hojiin gaarummaa eebba lama qaba. Namni tokko isa rakkateef eebba yeroo ta'u ofii isaatii immoo sana caalaa eebbifama. Ayyaanni Kiristoos lubbuu keessatti amala faallaa ofittummaa ta'e guddisa. Kunis jireenya qulleessee, badhaadhaa taasisa. Hojii gaarummaa dhoksaatti raawwatu onnee lamaanuu gara onnee isa burqaa gaarummaa ta'eetti walitti fida. Gochaan jaalalaa fi aarsaa of gochuu xinnoon, kan yeroo baayyee xiyyeeffannaan hin kennamneef, garuu akka foolii abaabootti suuta jedhee kan yaa'u, eebbaa fi gammachuu xinnoodha hin jedhamne namaaf fida. Dhuma irratti, of kennuu fi gammachuu warra kaaniif gaarummaa agarsiisuun ammam illee addana irratti kan fudhatama hin qabne yoo ta'e, Samii irratti tokkummaa nuti Waaqayyoo wajjin qabnu agarsiisuudhaan fudhatama guddaa aragata. Mootiin ulfinaas Inni ofii badhaadhaa ta'e nuuf jedhee hiyyeessa ta'e.

Gochaan gaarummaa dhoksaatti ta'uu danda'a, amalli nama gaarummaa gudhuu bu'aan isaa dhookachuu hin danda'u. akka duuka buutota Kiristoositti garaa guutuudhaan yoo hojjenne, onneen keenya Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya jabaa qabaata, Hafuurri
[82] Waaqayyoos Hafuura keenya sochoosuudhaan tuqiinsa samiitiif

akka lubbuun deebii qulqulla'aa samii wajjin wal fudhatu deebiftu taasisa.

Inni warra kennaa isaaniif kennameen bu'aa buusaniif kennaa dabalataa kennu karaa isa humnaa fi ayyaana isaaniif kennee hojii isaanii isa gaarii beeksisuutti ni gammada. Warri biyya lafaa kana irratti guddina amala kiristaanummaa guutuu ta'e facaasan biyya isa dhufuuf jedhu keessatti waan facaasan ni haammattu. Hojiin biyya lafaa kana irratti jalqabame sadarkaa guddaa irra kan ga'u jireenya isa qulqulluu fi kan bara baraa ta'e sana keessatti dha.

**"Yeroo kadhattan akka warra of agarsiisanii hin ta'inaa." Mat. 6:5.**

Farisoonni yeroo kadhataa adda baasaniiru; yeroon sun yommuu ga'u bakkuma jiranitti dhaabatu; sun immoo karaa irra, bakka gabaa, bakka namni baayyeen argamu ta'uu danda'a achuma dhaabatanii sagalee guddaadhaan kadhata isaanii jalqabu. Kadhannaan akkasii, of agarsiisuu waan ta'eef, Yesuus irraa ceephoo harkise. Haa ta'u malee, bakka namootni baayyeen jiranitti kadhachuun sirrii miti hin jenne. Inni iyyuu iddoo bartootnii fi namootni baayyeen walitti qabamanitti kadhachaa tureera. Kan inni jechaa jiru kadhannaan nama dhuunfaa dhuunfaamatti ta'uu qaba. Kadhannaa dhuunfaa keessatti kadhannaan keenya eenyu bira iyyuu utuu hin taane gurra Waaqa Isa kadhannaa dhaga'uu keessa seenuu qaba. Gurri nama kamii iyyuu ba'aa namaa nama irraa fuudhuu hin danda'u.

"Yeroo kadhattu, mana keetti ol galiitii cufadhu." Kadhannaa dhuunfaadhaaf iddoo dhoksaa qabaadhu. Yesuus qofaa Isaatti iddoo itti kadhatu qaba akkuma ture nus qabaachuu qabna. Yeroo tokko [83]
tokko waan soorama bane nutti fakkaata. Haa ta'u malee, yeroon Waaqayyoo wajjin dhuunfaatti wal arginu murteessaa dha.

"Abbaa keessan Isa dhoksaatti isin dhaga'u kadhadhaa." Maqaa Yesuusiin akka Ilmaatti ija jabinaan Waaqayyootti dhiyaachuu dandeenya. Namni kam iyyuu nuuf Waaqayyo gidduu dhaabachuu hin qabu. Karaa Yesuusiin onnee keenya isa nu beekuu fi nu jaallatuuf banuu dandeenya.

Iddoo dhookataa, Waaqayyo malee iji namaa iddoo nu hin agarre, Waaqayyo malee gurri namaa nu hin dhageenyetti, abbaa keenya Isa araara qabeessa duratti ba'aa keenyaa fi fedhii keenya isa dhookataa

haa dhangalaafnu, lubbuu keenya gab gochuudhaanis deebii Waaqa Isa nuuf deebisu sagalee Inni nutti dubbatuuf onnee keenya haa bannu.

“Waaqani keenya araara qabeessaa fi ho’a qabeessa dha.” Yaaqob 5:11. Inni jaalala Isaa isa dhuma hin qabneen qalbii jijjiirrannaa isaanii fi cubbuu isaanii himachuu isaanii ni eega. Akkuma haati gammachuu ilma isheetii fuula isaa irraa dubbisuuf eegdu Waaqayyos galateeffannaa keenya ni eega. Ammam akka onneen Isaa jaalala akka nuuf qabu hubachuu keenya ni eega. Inni qorumsa keenya mo’icha isaatti, gadda keenya jaalala isaatti, madaa keenya fayyina Isaatti, dadhabina keenya jabina Isaatti, duwwaa ta’uu keenya guutummaa Isaatti jijjiiruudhaaf nu waama. Kan gara Isaa dhufe tokko illee hin yeella’u. “Gara Isaa ilaalaa, fuulli keessan haa ifuu; deebitanii qaaniidhaan lafa hin ilaaltan.” Far. 34:5.

Warri dhoksaatti Waaqayyoon barbaaduudhaan fedhii isaanii itti himanii gargaarsa kadhatan, kadhaan isaanii akkanumaan hin
[84] ta’u. “Abbaan keessan Inni dhoksaatti Isa kadhattan mul’inatti isiniif ni ksenna.” Yoo guyyaa hundumaa filannaa keenya Yesuusiin godhanne humni biyya lafaa kan hin argamne nu marsee jiraachuu isaa ni hubanna. Yesuusiin ilaaluudhaan gara fakkaattii isaatiitti jijjiiramna. Isa ilaaluudhaan ni jijjiiramna. Amalli keenya laafaa ta’a, ni qullaa’a, mootummaa Waaqayyoofis kan malu ta’a. Gooftaa keenyaa wajjin walitti dhufeenya dhugaa qabaachuun keenya qulqullummaa keenyaa fi jaalala keenya dabalaa deema. Kadhannaa keessa guddachuutu jira. Barumsa Waaqummaa baranna, kunis of eeggannaa fi kaka’umsa nuti qabnuun mul’ata.

Lubbuun gara Waaqayyootti deebi’uudhaan gargaarsa, deggersa, humna, barbaachaaf yeroo hunda kadhattu, abdii beekama qaba, dhugaa ilaalchisaa ifa ga’aa qaba, humna ittiin hojjetu qaba, itti fufiinsaanis qajeelummaa kan beela’uu fi dheebotu ta’a. Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya qabnu mirkaneeffachuudhaan, walitti dhufeenya warra kaanii wajjin qabbnu keessatti, ifa, nagaa, dhugaa, isa onnee keenya bitu itti dhangalaasuu dandeenya. Jabinni Waaqayyoon kadhachuudhaan argamu, sammuu ofii of eeggannaa fi yaaduutti leenjisuu dabalatee, nama tokko guyyaatii gara guyyaatti dirqama inni ba’uu qabuu fi haala kam keessatti illee nagaa akka qabaachuu danda’uuf qopheessa.

Yoo gara Waaqayyootti dhiyaanne, Isaaf akka dubbannuuf Inni dubbii dubbannu afaan keenya keessa nuuf ka'a, maqaa Isaas akka galateeffannu nu taasisa. Faarfannaa ergamoonni ittiin Abbaa keenya Isa samii irraa galateeffatan nu barsiisa. Waan gooonu hundumaa keessatti, ifaa fi jaalala Fayyisaa keenya Isa nu keessa buufateetu mul'ata. Jeequmsi bakkeedhaan dhufu jireenya amantiidhaan Ilma Waaqayyoo keessa jiraatan bira hin ga'u.

**"Yeroo kadhattan, akka warra saba Waaqayyoo hin ta'inii dubbii waa'ee hin baafne keessa hin deddeebi'inaa." Mat. 6:7.** [85]

Yihuudonni akka waan kadhannaa isaaniitiin cubbuuf dhiifama argamsiisaniitti of ilaalu. Kanaaf, ammuma kadhannaan isaanii dheeratu gatiin isaanii waan guddaa ta'e se'u. Utuu yaalii mataa isaaniitiin qulqulloota ta'uu danda'u ta'eetii keessa isaaniitii waan ittiin gammadanii fi waan ittiin kooran ni qabaatu ture. Kadhannaan akkasii of agarsiisuuf kan godhamuu fi amantii sobaa kan agarsiisu dha. Yihuudonni kadhannaa akkasii kana kan baran warra Waaqa hin beekne irraati. Bara keenyas warruma kiristaanota jedhaman keessaa rakkoon akkasii ni jira. Gaaleewwan arrabni keenya bare calluma jennee irra deddeebinee, garaan keenya Waaqayyoon barbaadaa hin jiru taanaan kun amaluma warra Waaqa hin beeknee, "Akkasumaan irra deddeebi'uu" dha.

Kadhannaan gatii cubbuu hin baasu; ofii isaatii gatii kennu hin qabu; jechoota tarreessuun ykn ajaja baayyee kennuun fedhii onnee wajjin wal hin madaalu. Kadhannaa baayyeen jechootuma akkasumaan irra deddeebi'u waan onnee keessa jiru sirriitti agarsiisuu hin danda'u. Kadhannaan onnee keessaa dhufu garuu, fedhiin lubbuu yeroo ibsamu, akkuma nama hiriyyaa keenya lafa irraa gaafannutti, akka argannu yoo amanne kun kadhannaa amantiidhaan kadhatamu dha. Waaqayyo sirnoota nuti raawwannu arguu miti kan barbaadu, iyya onnee cabee fi waa'ee cubbuu isaatiif gad of deebisee dadhabbii isaa himatutu Waaqayyo bira ga'ee araara argachuuf karaa argata.

[86] **“Yeroo soomtanitti, akka warra of agarsiiftuu nyaara keessan hin guurinaa.” Mat. 6:16.**

Soomni (laguun) Waaqayyo barbaadu isa amalumaaf godhan miti. Inni nyaata lagachuu, moofaa uffachuu fi daaraa mataatti firfirsuu miti kan ilaalu. Namni dhuguma cubbuu isaatiif gadde namatti of hin mul’isu.

Soomni Waaqayyo akka soomnuuf nu gaafatu waa’ee cubbuutiif foon keenya akka adabnuuf utuu hin taane, cubbuun hamaa akka ta’e agarsiisuuf, onnee keenya Waaqayyo duratti gad deebifnee araara Isa argachuuf dha. Israa’eloota kan Inni abboome, “Garaa keessan tarsaasaa malee uffata keessan hin tarsaasinaa, gara Waaqayyo Gooftaa keessanittis deebi’aa.” Yo’el 2:13.

Ofii isaatiin dhiifama nuuf argamsiisu hin qabu; ykn sana gochuu keenyaan gatii dabalachuu hin dandeenyu; ykn warra qulqullootaa keessaa ittiin dhaala hin bitannu. Yeroo Yesuusiin gaafatan, “Hojii Waaqayyoof akka dhamaanuuf maal gochuutu nuuf ta’a? Yesuus deebisee, “Isa Inni ergetti amanuu keessaniin hojii Waaqayyoo ni hojjettu.” Yoh. 6:28, 29. Qalbii jijjiirrannaan anummaa irraa gara Kiristoositti gara galuu dha; yeroo amantiidhaan nu keessa akka jiraatuuf Kiristoosiin fudhannu, hojii gaariin mul’achuu jalqaba.

Yesuus akkas jedhe, “Yeroo soomtutti mataa kee dibadhu, fuula kees dhiqadhu; soomuun kee Abbaa kee Is,sa wanta dhoksaatti hojjetame hundumaa argutti malee namoota duratti akka hin mul’anne godhi.”Mat.6:17, 18. Wanti ulfina Waaqayyoof godhamu hundinuu gammachuudhaan godhamuu qaba malee gaddaan miti. Amantii Yesuus keessaa dukkanni hin jiru. Kiristaanotni ilaalacha gaddaatiin
[87] Waaqayyotti abdii kutachuu isaanii dhageessisan, amala Kiristoosiin gar-malee dhiyeessuudhaan diina isaanii waan Inni ittiin falmatu afaan kaa’u. Afaaniin Waaqayyo Abbaa keenya yoo jedhan iyyuu, gaddi isaan biyya lafaatti agarsiisan garuu ijoollee abbaa hin qabne ta’uu isaanii mul’isa.

Kiristoos tajaajilli Isaa akka nama harkisu barbaada, kan harkisu dhas. Of ganuun keenyaa fi qorumsi onnee keenyaa inni dhookataan Fayyisaa keenyatti haa mul’atu. Ba’aa keessan fannoo jalatti dhiisaatii, jaalala isa dursee nu jaallateetti gammaduudhaan karaa keessan itti fufaa. Namootni waan dhoksaatti Waaqayyoo fi lubbuu gidduutti hojjetamaa jiru hin beekan ta’a, bu’aan hojii Hafuurri on-

nee keessatti hojjetee hundumatti ni mul'ata, Inni "dhoksaatti argu mul'inatti ni badhaasa" waan ta'eef.

### "Badhaadhuma ofii keessaniif lafa irratti walitti hin qabatinaa." Mat. 6:19.

Badhaadhummaan lafa irratti walitti qabamu bara baraan hin jiraatu; hattuun cabsanii hatu; hantuuti hurtee nyaatti; ibiddii fi lolaan ni balleessu. "Iddoo qabeenyaan keessan jiru, garaan keessan jira." Qabeenyaan lafa irrati tuulamu sammuun isa samii akka hin yaadne taasisa.

Bara Yihuudotaa keessa rakkinni guddaan ture jaalala horii (qarshii)ti. Biya lafummaan bakka Waaqayyoo fi bakka amantii fudhate. Bara kanas akkasuma. Tajaajilli Seexanaa of eeggannaadhaan kan guutedha, wal xaxaa, fi hojii dadhabsiisaa dha, qabeenyi tuulamus waqtii muraasaaf qofa dha.

Yesuus akkas jedhe, "Qabeenyaa keessan, iddoo hantuutii fi dammeessa'uun hin jirre, iddoo hattuun cabsuu fi hatuu hin dandeenye, samii irratti walitti qabadhaa: iddoo qabeenyaan keessan jiru onneen keessan jira."

Qajeelfamni kenname "ofii keessan Samii irra keewwadhaa" [88]
kan jedhu dha. Badhaadhummaa samii irratti kan walitti qabannu ofuma keenyaaf dha. Isa isin samii irratti walitti qabdan qofatu dhugaadhumaan kan keessani dha. Qabeenyaan Samii irratti walitti qabame hin badu. Ibiddii fi lolaan isa balleessu hin jiru, hantuuti huruu fi dammeessa'uun hin jiru; inni eegumsa Waaqayyoo keessa jira.

Qabeenyaan kun isa Kiristoos tilmaama hundumaa oli dha jedhe dha. Kun, "ulfina warri Waaqayyoof qulqulla'an itti darbanii argatan" dha. Efe. 1:18. Bartootni Yesuus, "Isaan akka dhagaa gati jabeessa isa gonfootti ka'amee ni calaqqisu." "Namni warqee qulla'aa ira akka muraasatu, sanyii namaas warqee Ofiir akka yaratu nan godha. Zak. 9:16; Isa. 13:12. Kiristoos saba Isaa irratti qulqullummaa fi guutuu ta'uu yeroo argu, dhiphina, tuffatamuu, isa irra ga'eef akkasumas jaalala ijoollee Isaatiif qabu agarsiisuu Isaatiif akka badhaasaatti ilaala.

Nus hojii fayyinaa keessatti akka hirmaannuuf, Isaa wajjin tokko akka taanuuf, badhaadhummaa samii isa du'a Isaatiin walitti

qabames akka qooddannuuf nuuf eeyyamameera. Phaawulos amantoota Tasaloonqee keessa jiraniif yeroo barreesse akkas jedhe, "Abdiin keenya, gammachuun keenya, gonfoon nuyi dhufa Gooftaa keenya Yesuusitti ittiin Isa dura dhaabannee of jajannu isin malee maaliree? Isin dhuguma ulfina keenya, gammachuu keenyas." 1 Tas. 2:19,20. Qabeenyaan akka nuti hojjennuuf Kiristoos itti nu waamu kana dha. Firii jireenya irraa haamamu keessaa inni guddaan amala.
[89] Dubbii fi gochi ayyaana Kiristoosiin qabsiifamee samii qaqqabu, amala Kiristoosiin fakkaachuu qabaachuuf yaaliin godhamu hundi, samii irratti qabeenyaa walitti qabachuu dha.

Iddoo qabeenyaan keessan jiru garaan keessan jira. Namoota kan biraa fayyaduuf yaalii goonu hundumaa keessatti ofii keenya fayyadna. Namni yeroo isaa fi qabeenyaa isaa Wangeela waliin ga'uuf kennee lubbuu sanaan fayyuuf jiraniif kadhannaadhaan immoo deggeru, jaalalli isaa namoota kan biraa qaqqaba, Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya guddaa qabaata, sana gochuu isaaniis gaarummaa godhamuu danda'u isa guddaa bira ga'a.

Guyyaa dhumaattis, qabeenyaan lafaa yeroo badu, namni qabeenyaa isaa isa samii irratti walitti qabate jireenya keessatti kan argate hundumaa arguuf jira. Dubbii Kiristoosiif iddoo yoo kennine, yeroo Teessoo adii sanatti naannofnu, lubbuu karaa keenya fayyan ni argina, hojii keenyaan lubbuu baayyeetu gara boqonnaa samiitti dhufa, isaan gonfoo isaanii miilla Yesuus jala ka'anii, bara baraan Yesuusiin galateeffachuu isaanii ni argina. Warri hojii Kiristoosiin hojjetan, namoota fayyanii ulfina Yesuusiin hirmaatan arguudhaan akkam gammadu laata! Lubbuu fayyisuu keessatti warra hirmaataniif samiin ammam gati jabeessa dha laata!

"Kiristoosii wajjin du'aa erga kaafamtanii, wanta waaqa keessa iddoo Kiristoos gara mirga Waaqayyoo taa'ee jiruutti barbaadaa." Qol. 3:1.

"Iji kee fayyaa guutuu yoo ta'e, dhaqni kee hundinuu ifa ni ta'a." Mat. 6:22.

[90] Garaa guutuudhaan kaayyoo tokkichaaf Waaqayyotti dhiyaachuun barbaachisaa ta'uu isaati kan dubbiin Kiristoos agarsiisu. Kaayyoo dhugaadhaan dhugaa jiru utuu hin dhoksin yoo abboomamtan Waaqa biraa ifa ni argattu. Qulqullummaa dhugaan cubbuu wajjin walii galteen godhamu yeroo dhumu dha. Sana booda onneen kan dubbatu isa Phaawulos jedhe ta'a, "Waan tokko nan godha, wanta na

booddeetti hafe yaaduu dhiisee wanta na dura jirutti nan hiixadha. Akeeka sana bira ga'ee gonfoo warra mo'anii argachuudhaaf nan kaadha. "Kiristoosiin bu'aa koo godhachuudhaaf kun hundinuu anaaf waan gatame ta'eera. Akka kosiittis isa lakkaa'eera." Filip. 3:13, 14, 8.

Yeroo iji of jaallachuudhaan jaamutti garuu, dukkana qofatu hafa. "Yoo iji keessan hammaate, qaamni keessan guutummaan ni dukkanaa'a." dukkana sodaachisaa ta'e kana dha kan akka Yihudonni ergamaa fi amala Isa isaan fayyisuu dhufee akka isaan hin hubanneef ija isaanii jaamse.

Qorumsatti of gad-dhiisuun sammuu ofii qilleensaaf dhiisuu fi Waaqayyoof abboomamuu irraa fagaachaa deemuu fida. Yoo guutummaatti ofii keenya Waaqayyoof hin kenninu ta'e guutuu guutummaatti dukkana keessa jirra. Yoo waan hambifannu qabaanne seexanni qaawwa ittiin jireenya keenyatti seenee qorumsa nutti fidu argata. Yoo agartuu keenya jaamse, Waaqayyoon arguu waan hin dandeenyeef, cubbuu hojjechuuttii wantIi nu dhowwu akka hin jirre beeka.

Irra deddeebiidhaan cubbuu hojjechuu filachuun lubbuun sun ammam akka manca'e agarsiisa. Cubbuun tokkoon tokkoon isaa jibba nuti Waaqayyoof qabnu jabeessaa adeema. Karaa Seexanni filate filachuudhaan, gaaddisa hammeenyaatiin marfamna, tarkaanfiin keenya sana booda jiru tokkoon tokkoon isaa dukkana jabaa fi jaamummaa onneetti geggeessa.

Seerri Hafuuraa fi seerri uumamaa wal fakkaataa dha. Namni [91]
dukkana keessa turu dhuma irratti agartuu isaa dhaba. Namni dukkana halkan walakkaa fakkaatu keessatti itti cufame; nama akkasiif ifi guyyaa saafaa isa bira hin ga'u. Inni, "Dukkana keessa ni deddeebi'a; dukkanichi ija waan jaamseef gara itti adeemu hin beeku." 1 Yoh. 2:11. Namni hamaa filachuu yoo itti fufe, jaalala Waaqayyoo jaallatee fudhachuu fedha isaatiin yoo dhiise, namni sun waan gaarii ta'ee jaalala dhaba, Waaqayyo irraa fedhii dhaba, dandeettii ifa samii aragachuu ni dhaba. Wamicha araaraa amma iyyuu jaalalaan guutuu dha, ifini lubbuu isaa irratti ba'u akkuma gaafa jalqabaa ifaa jira. Haa ta'u malee, sagaleen dhaga'amu gurra dhaga'uu hin dandeenye irra bu'a, ifichis ija arguu hin dandeenye irra buufata.

Lubbuun Waaqayyo abdii kutatee gate hin jiru, kan abdiin fayyinaa duraa dhaabates hin jiru. “Namatu Waaqa irraa garagale malee, Waaqayyo nama irraa hin garagalle.” Abbaan keenya Inni Samii irraa, amma nuti carraa nuuf kenname hundumaa gatii dhabsiifnutti, nu duukaa deemee nu sossoba, nu akeekkachiisa, jaalala Isaas nutti agarsiisa. Itti gaafatamni Isaa nama isa cubbamaa irratti kufa. Har’a Hafuura Waaqayyootiin mormuun isaa, ifa humna guddaadhaan lammaffaa dhufu sana mormuudhaaf of qopheessuu dha. Mormiin isaa kun sadarkaa tokkoo gara sadarkaa itti aanuutti utuma ce’uu, amma ifa isa dhumaatti erga deemee booda, waamicha Hafuura Waaqayyoo jalaa dhaga’uu guutummaatti diduu bira ga’a. Yeroo sana dha, “Ifti si keessa jiru dukkanaa’eera” kan jedhamu. Dhugaan nuti beeknu hundinuu jaamummaa lubbuu keenyaa amma dabalutti ga’e.

[92] **“Namni tokko gooftaa lamaaf abboomamuu bin danda’u.” Mat. 6:24.**

Kiristoos, namni tokko gooftaa lamaaf hojjechuu hin qabu hin jenne, hin danda’u jedhe. Fedhiin Waaqayyoo fi fedhiin Seexanaa walitti dhufeenya tokko illee hin qabu. Yeroo kiristaanummaan of qabuu, of ganuu, dhaabuudhaaf akeekkachiisu, biyyi-lafummaa ammo ofittummaaf waamicha gooti. Sarara tokko irra duuka buutota Kiristoos warra of ganetu jira; toora kan biraa irra ammo kan ol ofqaban, biyya lafaa kan jaallatan, ammayyummaa duukaa kan bu’an, kan qoosan, fi gammachuu dhowwame keessa kan of buusantu jira. Toora isa kana irra Kiristaanonni deemuu hin danda’an.

Namni kam iyyuu kana lamaan keessaa utuu hin qabaatin gidduu dhaabachuu hin danda’u; kan Waaqayyoon hin jaallanne ta’ee, kan diina qajeelummaa hin tajaajille hin jiru. Kiristoos namoota keessa buluudhaan dandeettii isaanii keessaan hojjechuu barbaada. Fedhiin isaanii fedhii isaaf bitamuu qaba; hafuura isaatiin hojjechuu qabu. Sana booda isaan miti kan jiraatu, Kiristoostu isaan keessa jiraata. Kan guutummaatti jireenya isaa Waaqayyoof hin kennine to’annaa humna kan biraa jala jira, sagalee kan biraa dhaga’a, kan yaadni inni dhiyeessu guutummaatti amala Waaqayyoo irraa faallaa ta’e. Yeroo iddoo lamatti adda hiramu namni tokko guutummaatti garee mootii dukkanaa ta’uu isaati. Warri silaa loltuu Waaqayyoo jedhaman yaada

Seexanaatti hirmaatanii isa gargaaruu yeroo jalqaban, diina Kiristoos ta'uu isaanii mirkaneessu. Amanamummaa ganuu isaaniiti. Loltoota Kiristoos warra dhugaa fi Seexana walitti fiduuf yaalu, kara sanaa diinni itti dhimma ba'uudhaan onnee loltoota Kiristoos hatuudhaaf yaalii godha.

Namni jireenya, dhugaa fi ulfina argate, deebi'ee fedha isaatiin Seerota Waaqayoo warra qulqullaa'oo keessaa tokko yoo cabse, kennaa isaaf kenname cubbuutti jijjiiruu isaati. Beekumsi guddaan, kennaan, hubannaan, arjummaan godhamu, deebi'ee kiyyoo seexanaa ta'uudhaan biyya lafaa keessattis ta'e jireenya isa dhufutti gufuu namoota baayyeef ta'uu danda'u. [93]

"Biyya lafaa ykn waan biyya lafaa jaallachuutti hin hidhaminaa. Namni tokko biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame Waaqayyo Abbaa jaallachuun isa keessa hin jiraatu. Wanti biyya lafaa keessa jiru hundinuu hawwii fooniiti. Hawwii ijaas, jireenyaan kooruunis biyya lafaa keessaa ba'a malee Abbaa biraa hin ba'u." l Yoh. 2:15, 16.

**"Hin yaadda'inaa." Mat. G:25.**

Inni jireenya isiniif kenne jiraachuuf nyaati akka isin barbaachisu beeka. Inni qaama uume waanta isin uffattaniif kan dhimma hin qabne miti. Inni kennaa isa guddaa kenne waan barbaachisu duukaa kennuudhaan guutuu hin godhuu?

Akkuma isaan faarfannaa galataa faarfatanii xumuraniin Yesuus dhaggeeffattoota Isaf waamicha godhe, "Hin facaasan, hin haamanis; haa ta'u malee Abbaan inni samii irraa isaan soora" jedhe. Sana booda isaan gaafate, "isin isaan irra guddaa hin caaltaniiree?"

"Simbirroon Inni hin kunuunsine hin jirtu,
Lubbuun Yesuus hin beekne hin jirtu,
Iddoo hundumaatti Inni nu wajjin waan jiruuf,
Imimmaan keenyas waan galmeessuuf,
Inni gonkumaa, gonkumaa, gonkumaa
Lubbuu Isa amanattu hin gatu tasumaa."

Qarqarri gaara sanaa fi dirreen jiran abaaboodhaan miidhaganii jiru, ganamaan isaanitti agarsiisaa Yesuus akkas jedhe, "Biqiloonni dirree irra jiran kun akkamitti akka isaan guddatan yaadaa." [94]

Namoonni tarii bocaa fi halluu isaanii fakkeessanii kaasuu danda'u ta'a; haa ta'u malee, baala tokko ykn marga tokkotti kan jireenya gochuu danda'u eenyu dha? Abaaboon tokkoon tokkoon isaanii humna Isa biyya lafaa kana uume biraa dhufuu isaanii mul'isu. Uumamni hundinuu jireenyaa fi gammachuu qaban Waaqayyo biraa argatan. Abooboon lafa irra jiran hundi uffata miidhagaa mootiin biyya lafaa kam illee uffatee hin beekne kan uffatan harka Waaqayyotiin dha. Egaa isin warra amantii hir'uu, Waaqayyo Inni marga lafaatti akkasitti miidhegsee uffise isiniin immoo ammam caalchisee haa uffisuree?"

Isa abaaboo uumee fi simbirrootaaf faarfannaa kennetu, "Daraaraa bakkee fi simbirroota ilaalaa" jedhe. Uumama ilaaluu qofaan waa'ee Waaqayyoo nama mana barumsaa seenee barate calaa beekuu dandeessu. Daraaraa irratti Waaqayyo ergaa akkas jedhu isiniif barreesseera, yoo ofittummaa fi maal na dhibdeedhaan irraa barachuu dhiifte irraa kan hafe, ergaan sun afaan onneen kee dubbisuu danda'uun barreeffame. Jaalala onnee Abbaa keessaa burqu keessaa, karaa keessan akka ibsaniif, Maaliif dha kan inni simbirrootaa fi daraaraa kan isiniif kenne? Abaaboo fi simbirroonni yoo hin jiran ta'e iyyuu isin jiraachuu ni dandeessu; haa ta'u malee, Waaqayyo waan jireenyaaf isin barbaachisu qofa isiniif kennuu hin barbaadne. Inni jaalala isiniif qabu isinitti agarsiisuudhaaf lafa kanaaf samii kana miidhaginaan guute. Miidhaginni wantota uumamanii hundinuu ulfina Isaa mul'isu. Egaa erga isin gammachiisuuf jecha ogummaa isaatti fayyadamee waan akkasii isiniif hojjetee, wantota jireenyaaf isin barbaachisan isiniif guutuu Isaa irratti shakkii qabduu?

[95] "Daraaraa bakkee ilaalaa." Abaaboon gurra isaa ifa aduuf saaqu hundinuu seeruma urjiin samii ittiin geggeeffamuun geggeeffama. Akkam salphaa dha, akkam miidhaga, jireenyis akkam itti tolaa dha! Karaa abaaboo, Waaqayyo amala jaalala Kiristoosiin akka qabaannuuf waamicha nuuf godha. Miidhagina abaaboon uffatan caalaa Kiristaanonni amala Kiristoosiin uffatanii ittiin miidhaguu qabu.

Daraaraan bakkee akkamitti akka isaan guddatan ilaalaa, jedhe Yesuus. Lafa diilallaa'uu fi dukkana keessaa biqilanii, ykn dhoqqee qarqara bishaanii keessaa ba'anii jaalalaa fi urgaa kennu. Eenyutu miidhaginni akkasii keessaa ba'a jedhee abjoochuu danda'a? Yeroo

Waaqayyo Inni achi keessa dhookatee ture, roobaa fi ifa aduu keessaan achii as ba'u, namni miidhagina achii as ba'u arguudhaan ajaa'ibsiifata. Yeroo jireenyi Waaqayyoo nama keessaan mul'atee ayyaana Isaa tajaajiluu filatuttis eebbi Waaqayyoo akkuma roobaa fi ifa aduutti namoota hundumaa irratti tola dhangala'a. Dubbii Waaqayyooti kan abaaboo uume, dubbiima sanatu ayyaanaa fi Hafuura Qulqulluu isin keessatti uuma.

Seerri Waaqayyoo seera jaalalaati. Inni miidhagina kan isinitti naannesseef akka lafa irra jiraachuun keessan ijaaruuf, soquuf, aramuuf qofa utuu hin taane jaalala Kiristoosiin gammachuu fi miidhagina akka isin qabaachuu qabdan isin barsiisuuf dha. Akkuma abaaboo, tajaajila jaalalaatiin namoota kan biraa akka gammachiiftaniif dha.

Abbootii fi haadhotii, ijoolleen keessan akka isaan abaaboo irraa baratan godhaa. Ijoollee keessan gara maasiitti geessuudhaan gaaddisa muka baala qabuu jala ta'aatii ergaa Waaqayyo isaaniif qabu [96]
achi keessaa akka dubbisan taasisaa. Barsiisi Isaa abaaboo, mukeetii fi simbirrootaa wajjin wal haa qabatu. Waan nama gammachiisu hundumaa keessatti ijoollonni jaalala Waaqayyo isaaniif qabu haa argan. Amantiin keessan gammachiisaa ta'uu isaa itti himaa. Seerri gaarummaa hidhii keessan irraa hin dhibamin.

Sababii jaalala Waaqayyootiif jireenyi keenya jijjiiramee kan Isaa fakkaachuu akka danda'u ijoollee keessan barsiisaa. Akkuma abaaboo jireenya isaanii miidhegsuu akka inni danda'u itti himaa. yeroo isaan daraaraatti marsanii ilaalan Inni daraaraa kana uume isaan caalaa miidhagaa ta'uu isaa itti himaa. Sana gochuu dhaan onneen isaanii waa'ee Isaa akka yaadu ni gootu. Isa akka michuu isaaniitti ilaalanii guyyaa guyyaan itti dhiyaachuudhaan jireenyi isaanii gara fakkaattii qullaa'ummaa Isaatiitti jijjiiramuu danda'a.

**"Duraan dursitanii Mootummaa Waaqayyoo barbaadaa."**
**Mat. 6:33.**

Namootni Yesuusiin dhaggeeffachaa turan amma iyyuu waa'ee mootummaa biyya lafaa beeksisa himamu yaaddoodhaan eegaa jiru. Yeroo Yesuus qabeenyaa samiitiif balbala isaaniif banu, gaaffiin hunda isaanii keessa ture akkam godhanii sana mootummaa biyya lafaa wajjin wal qabsiisuun danda'ama? kan jedhu dha. Dhimmota

lafaa akka dhimma hundumaa caalutti kan ilaalan yoo ta'e, isaanis akkuma saba Waaqayyo jiraachuu isaa hin beekne warra isaan marsanii jiranii ta'uu isaanii itti hime.

"Isaan kana hundumaa," jedhe Yesuus, "Warri biyya lafaa iyyuu ni barbaadu." "Abbaan keessan inni Waaqa irraa isaan kun hund-
[97] inuu akka isin barbachisu ni beeka. Duraan dursitanii motummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa Isaa barbaadaa, isaan kana irraa kan hafe hundinuu itti isiniif dabalama." Luq. 12:30; Mat. 6:32, 33. Ani kanan dhufe mootummaa jaalalaa, qajeelummaa fi nagaan isiniif hundeessuufiidha. Mootumaa kana fudhachuuf onnee keessan banaa, fedhii keessan isa guddaas isa irra kaa'aa. Ammam illee mootummaa Hafuuraa yoo ta'e, biyya lafaa kana irratti wanta isin barbaachisuuf hin yaadda'inaa. Yoo tajaajila Waaqayyoof of kennitan, Inni samii fi lafa irratti aangoo hundumaa qabu waan isin barbaachisu isiniif kenna.

Yesuus dhama'uu keenyaan hin mormu, garuu akka nuti waan hundumaa keessatti jalqabaa fi dhuma akkasumas filannoo hundumaa caalu akka Isa goonu nu barsiisa. Hojii fi gammachuu akka qajeelummaan Isaa nu keessaa hin mul'anne godhu kam keessaa iyyuu hin hirmaannu. Waan hojjennu hundumaa onnee keenya irraa Gooftaaf hojjechuu qabna.

Yesuus yeroo lafa irra turetti, namoota hundumaa duratti ulfina Waaqayyoo agarsiisuu fi fedha Isaa fedha Abbaa Isaatiif bulchuudhaan ulfinaan dabarse. Yoo fakkeenya Isaa hordofne, wanti lafa irratti nu barbaachisu, "Hundinuu akka nuuf dabalamu" nuuf mirkaneesse. Hiyyumas ta'e badhaadhina, dhukkubas ta'e fayyaa, wallaaluus ta'e Ogummaa hundinuu waadaa Ayyaana Isaatiin kan kennamani dha.

Lubbuun sun ammam dadhabduu yoo taate illee, amma gargaarsaaf gara Isaatti deebitetti irreen Waaqayyoo Inni bara baraa isa marsa. "Biyyi lafaa, hawwiin isaas hundinuu ni darba; namni fedha Waaqayyoo raawwatu garuu, bara baraan jiraata." 1 Yoh. 2:17. Nama dhabaa fi ari'atama keessatti geggeessaaf, Ogummaaf, jajjabi-
[98] naa fi abdiidhaaf Waaqayyoon barbaaddachuu bare simachuudhaaf magaalaan Waaqayyoo balbala ishee isa warqee irraa hojjetame ni bantiif. Faarfannaan Ergamootaa isa simata, mukti jireenyaas ija laatuuf. "Tulloonni yoo raafaman iyyuu, gaaronnis yoo socho'an

iyyuu, araarri koo si biraa hin mixxiqu, kakuun nagaa koos si biraa hin socho'u, jedha Waaqayyo inni siif ho'u." Isa. 54:10.

**"Waa'ee boriifis bin yaadda'inaa. . . . rakkinni guyyaa sanaa duwwaan iyyuu guyyichaaf ni ga'a." Mat. 6:34.**

Yoo hojii Isaa hojjechuuf ofii keessan Waaqayyoof kennitaniittu ta'e, waa'ee borii yaadda'uu hin qabdan. Inni isin hojjettaniif jalqabaa amma dhumaatti beeka. Wanti bor ta'uuf jiru ija keessan duraa yoo dhookate iyyuu ija Isa hundumaa danda'uu duratti banaa dha.

Yeroo itti gaafatamummaa keenya Ogummaa ofii keenyaatiin raawwachuuf yaallu, ba'aa Waaqayyo nutti hin kennin gargaarsa malee baachaa jirra. Itti gaafatamummaa Waaqayyoo fudhachaa waan jirruuf bakka Isaa of buusaa jirra. Yeroo akkas goonu balaa fi kasaaraan nu mudachuu danda'a. Garuu, yeroo akka Waaqayyo nu jaallatuu fi nuuf yaadu amannutti waa'ee fuula duraa yaadda'uu ni dhiifna. Akkuma maatii keenya amannu Waaqayyoon amanuu jalqabna. Fedhiin keenya fedhii Waaqayyoon waan liqimfameef boriif dhiphachuun keenya ni hafa.

Kiristoos ba'aa borii har'a akka baannuuf nuuf hin heyyamne. Akkas jedhe, "Ayyaanni koo duwwaan si ga'a" (2 Qor. 12:9); haa ta'u malee, ayyaanni Isaa akkuma mannaa lafa onaa keessatti kennamaa turee kan guyyaa guyyaadhaaf ga'u qofatu kennama. Akkuma saba Israa'eliin buddeen samiidhaa bu'u kan guyyaaf ga'u argachuu dandeenya.

Kan keenya guyyaa tokko qofa. Guyyichattis Waaqayyoof ji- [99]
raachuu qabna. Guyyaa kanatti dhimma keenyaa fi kaayyoo keenya hundumaa harka Isaa keessa keenyaa Isa tajaajiluuf yoo of kenninne, Inni qooda keenya ofii Isaatii nuuf yaada. "Yaada ani isiniif yaade anuma duwwaatu beeka; innis yaada nagaa fi wanta isin gara fuula duraatti eeggattan isiniif raawwachuuti malee yaada isin balleessu miti." "Isin yoo deebitanii fi yoo gab jettan ni fayyitu; caalumma jettanii yoo Isa amanattaniif ni jabaattu." Erm. 29:11; Isa. 30:15.

Yoo Waaqayyoon barbaaddanii fi guyyaa guyyaadhaan yoo jijjiiramtan; yoo filannaan keessan Waaqayyotti gammaduu ta'e; yoo gammachuudhaan waanjoo Isaa baachuuf dhuftan,...waanjoo abboomamuu fi tajaajilaa, ...guungummiin kee hundi ni bada, dad-

habbiin kee hundinuus balleeffama, rakkoon ati wajjin wal'aansoo qabaa jirtu hundi ni furama.

# Boqonnaa 5 - Kadhata Gooftaa [100]

**“Egaa Yeroo kadhattan akkas jedhaa kadhadhaa.” Mat. 6:9.**

Kadhati Gooftaa yeroo lama kenname, jalqaba namoota lallaba gaara gubbaa dhaggeeffataniif, ji’oota muraasa booda immoo, bartoota qofaaf. Bartootni yeroo xiqqoof gooftaa biraa hafanii dhufanii Abbaa wajjin utuu Inni haasa’uu argan. Isa bira jiraachuu isaanii akka nama hin beekneetti kadhannaa isaa itti fufe. Fuula Isaa irraa ifatu mul’ate. Isa ijaan hin argamne Sanaa wajjin ture, dubbiin afaan Isaa keessaa ba’u humna waan qabuuf waan Waaqayyoo wajjin dubbatu fakkaata.

Onneen bartoota dhaggeeffachaa turanii ni baqe. Yeroo baayyee Abbaa Isaa wajjin kan wal argu ta’uu mirkaneeffatan. Guyyoota baayyee namoota Isatti marsanii Isa dhiphisan barsiisuutti waan dabarseef baayyee dadhabee ture. Obbolaan Isaa fi haati Isaa illee kana irraa kan ka’e waan Inni du’u isaanitti fakkaatee ture. Haa ta’u malee, guyyaa dadhabsiisaa sana kadhannaadhaan cufee yeroo deebi’u, fuula Isaa irratti nagaa guddaa argan, akka Inni haara’ee dhufes ni hubatan. Ifa samii namootaaf fiduudhaaf ganama ganama yeroo hudumaa sa’atii dheeraadhaaf Waaqayyoo wajjin dabarsa. Bartootni humna dubbii Isaatii humna kadhannaa wajjin wal qabsiisuu jalqaban. Yeroo Inni isaaniif kadhatu dhaga’anii onneen isaanii gad of deebisuu jalqabe. Yeroo Inni kadhannaa Isaa xumuru keessa isaaniitii fedhii guddaan uumame akka isaan, “Yaa Gooftaa akkamitti akka kadhannu nu barsiisi” jedhan isaan dirqisiise. Luq. 11:1. Yesuus Kadhannaa haaraa isaaniif hin kennine. Isuma kanaan [101]
dura isaanbarsiise irra deebi’eef. Kana jechuu Isaatiin waanan isiniif kenne hubachuutu isin irrature waan jedhe fakkaata. Hiikkaa gad fagoo isin amma iyyuu hin hubatin jirtan jedhu of keessaa qaba.

Haa ta’u malee, Yesuus jechootuma kana qofa akka jennuuf nu hin daangessine. Yaada kadhannaa qabu isaaniif kenne. Kadhannaan sun kan daa’immanni illee shaakalanii jechuu danda’ani dha. Haa ta’u malee, hiikkaan isaa sammuu ga’eessotaan illee qoratamee

dhumuu hin danda'u. Galateeffannaadhaan gara Waaqayyoo akka dhufuu qabnu baranneerra, fedha keenyas Isatti akka himannu, akka abdachiisuu isaatiitti araara akka gaafannu nu barsiise.

**"Yeroo kadhattan, Yaa Abbaa keenyaa jedhaa." Luq. 11:2.**

Yesuus Abbaa Isaatiin Abbaa keenya akka jennu nu barsiise. Obbolaa koo jedhee nu waamuutti nutti hin qaanofne. Ibr. 2:11. Akka miseensa maatii Waaqayyootti nu simachuudhaaf fedhii guddaadhaan nu eega, kanaaf jechuma jalqabaatiin walitti dhufeenya waaqummaa wajjin qabnu nuuf mirkaneesse, "Abbaa keenya."

Dhugaa guddaan beeksifame kan nama gammachiisuu fi kan nama jajjabeessu dha. Innis, Waaqayyo akkuma Ilma Isaa jaallatutti nu jaallachuu isaati. Yesuus kadhannaa bartoota Isaaf kadhate keessatti akkas jedhe, "Akkuma na jaallatte isaaniin immoo jaallatte." Yoh. 17:23.

Biyya lafaa Seexanni hammeenyaa fi gara jabinaan geggeessu keessatti Ilmi Waaqayyoo jaalalaan marsee deebisee teessoo Waaqayyoo wajjin namoota baayyee walitti fiduuf milkaa'e. Yeroo mo'ichi kun argametti Kiruubelota dabalatee ergamoonni hin kufin
[102] hundinuu faarfannaa galataa Waaqayyoo fi Hoolichaaf faarfatan. Namoota kufaniif balballi fayyinaa banamuu isaatii fi biyyi lafaa abaarsa cubbuun dhufe irraa furamuu isheetiif gammachuu guddaatu itti dhaga'ame. Warri jaalala guddaa kana argatan immoo ammam caalchisanii haa gammadan!

Akkamitti dha kan nuti akka waan abbaa hin qabneetti of yaadnee shakkiidhaan kan guutamnu? Yesuus namummaa kan uffateef bakka warra seera irra daddarbanii bu'uuf dha; nuti nagaa fi wabii bara baraa akka argannuuf Inni akka keenya ta'e. Nuti samii irraa abukaattoo qabna, namni Isa akka fayyisaa dhuunfaa isaatti amanee fudhate hundinuu ba'aa cubbuu ofii isaatii baachuudhaaf akka nama abbaa hin qabneetti hin dhiifamu.

"Yaa michoota ko, nuti amma ijoollee Waaqayyooti." "Nuyi ijoollee Waaqayyoo erga taanee, warra waan hundumaa argatan ni taana, waan kana hundumaas Waaqayyo biraa ni arganna. Kiristoosii wajjin erga dhiphannee, isaa wajjin ulfaachudhaaf, waan Kiristoos argatu hundumaas Isaa wajjin ni arganna." "Isa booddee ammo maal akka ta'uuf jirru mul'ataa miti. Haa ta'u iyyuu malee, yemmuu Inni

mul'atu, Inni akka Inni jirutti Isa arguuf waan jirruuf, aka Isaa akka taanu beekna." 1 Yoh. 3:2; Rom. 8:17.

Waaqayyotti dhiyaachuudhaaf tarkaanffiin jalqabaa jaalala Inni nuuf qabu beekuu fi amanuu dha (1 Yoh. 4:16); jaalala Isaatiin harkifamneeti kan nuti gara Isaa dhufnu.

Jaalalli Waaqayyoo of jaallachuu balleessa. Waaqayyoon Abbaa keenya jennee waamuudhaan, ijoolleen Isaa hundinuu obboloota keenya ta'uu isaanii mirkaneessina. Nuti saba baayyee keessaa tokko yeroo taanu miseensa maatii tokkooti. Kadhannaa keenya keessatti ofii keenyas olla keenyas dabaluutu nurra jira. Namni ofuma isaatiif qofa eebba kadhatu sirrii miti.

Waaqni bara baraa Abbaa jettanii akka itti dhiyaattaniif carraa [103]
isiniif kenneera jedhe. Waan kun agarsiisu hunda hubadhaa. Amma Waaqayyo namoota seera irra darbaniif obse maatiin lafa irraa kam iyyuu ilma isaanii badii dalageef obsanii hin beekan. Namoota keessaa kan nama yakkee qalbii hin jijjiirrannetti jaalala agarsiisuuf kan akkas duukaa deemee kadhate hin jiru. Waaqayyo mana hundumaa keessa jiraata; jecha dubbatamu hunda ni dhaga'a, kadhannaa kadhatamu hunda ni dhaggeeffata, gaddaa fi abdii kutannaa lubbuu hundumaa ni sakatta'a, wal'aansa abbaaf, haadhaaf, obboleettiif, obboleessaaf, ollaadhaaf godhamus ni caqasa. Waan nu barbaachisuuf nuuf yaada, waan nu barbaachisu nuuf guutuudhaaf jaalallii, araarrii fi ho'i Isaa yeroo hunda burqa.

Waaqayyoon Abbaa keenya jettanii yeroo waamtan ijoollee Isaa ta'uu keessan mirkaneessitu, jaalalli Isaa kan hin jijjiiramne ta'uu beekuudhaan, ogummaa Isaatiin geggeeffamuuf, waan hundumaatti abboomamuuf heyyamaa jirtu. Karoora Inni jireenya keessaniif qabu ni fudhattu. Akka ijoollee Waaqayyootti, kabaja, amala, maatii, hojii Isaa hundumaa fedhii guddaadhaan ni baattu. Waaqayyo Abbaa keessanii fi miseensa maatii kamii wajjin iyyuu yeroo fudhachuutti ni gammaddu. Ammam illee gad of deebisuu yoo si gaafate, waan Waaqayyoof ulfina kennuu fi waan gaarummaa gochuu isin gaafatu hunda gochuutti ni gammaddu.

"Waaqayyo keenya waaqa irra jira: waanuma Isatti tolus ni hojjeta." Eegumsa Isaa keessatti "Yeroon sodaadhutti amanannaa koo sirra nan keewwadha" jechuudhaan Isa irra boqochuu dandeenya. Far. 115:3; 56:3.

[104] **“Maqaan kee haa qulqullaa’u.” Mat. 6:9.**

Jecha maqaan kee haa qulqullaa’u jedhu kana Waaqayyo qofaaf fayyadamna. “Maqaan Isaa qulqulla’aa dha.” Far. 111:9. Qulqullummaa Isaa bifa kamiin iyyuu gadi buusuu hin qabnu. Kadhannaadhaan iddoo isa hundumaan ol jiruutti seenna; kanaaf Isa duratti qulqullummaadhaan dhiyaachuu qabna. Ergamoonni Isa duratti fuula isaanii ni haguuggatu. Kiruubelonni ifa baatan sodaa guddaadhaan Isa duratti dhiyaatu. Nuti, warri cubbamoo fi dadhaboon immoo Isa nu uume duratti yeroo dhiyaannu ammam sodaadhaan dhiyaachuu qabna!

Maqaa Waaqayyoo qulqulleessuu jechuun hiika kana caalu qaba. Tarii akka Yihuudota bara Yesuus lafa irra turee sana, bakkeedhaan Isa sodaachuu keenya mul’ifnee hojii keenyaan garuu itti fufiinsaan Isa ganuu dandeenya ta’a. “Maqaan Isaa Waaqayyo Isa jiraataa dha” “ho’a qabeessaa fi araara qabeessa, aariitti suuta jedhaa, gaarummaan koo fi amanamumman koo guddaa dha; . . . Yakka, irra daddarba, cubbuus namaaf nan dhiisa.” Ba’uu 34:5-7. Waa’een waldaa Kiristoos akkas jedhamee barreeffamee jira, “Akkas jettee maqaa Isaa ni waamti, ‘Waaqayyo qajeelummaa keenya.’” Erm. 33:16. Maqaan kun duuka buutota Kiristoos hunda irra ka’ama. Maatiin kan waamaman Abbaatti aanseeti. Raajichi Ermiyaas, rakkinaa fi qorumsa guddaa keessa taa’ee yeroo kadhate akkas jedhe, “Maqaa keetiin in waamamna’oo, nu hin gatin.” Erm. 14:9.

[105] Maqaan kun ergamoota samii fi jiraattota addunyaa hin kufiniitiin ni qulleeffama. Yeroo kadhattan, “Maqaan kee haa qulqullaa’u,” lafa irrattis samii irrattis jettu. Waaqayyo namootaa fi ergamoota duratti ijoollee koo jedhee isin waame; yeroo kadhattan maqicha kabajuu keessan agarsiisaa, “Maqaa ba’eessa isa ittiin waamamtan” Yaaqob 2:7. Waaqayyo akka bakka bu’aatti gara biyya lafaatti isin erge. Waan gootan hundumaa keessatti maqaa Waaqayyoo agarsiisaa. Kadhannaan kun amala Isaa akka qabaattan isin gaafata. Yoo jireenyaa fi amala keessaniin Isa bakka bu’uu hin dandeessan ta’e maqaa Isaa qulqulleessus ta’e biyya lafaa keessatti Isa bakka bu’uu hin dandeessan. Kana gochuu kan dandeessu ayyaanaa fi qajeelummaa Kiristoosiin fudhachuudhaan qofa dha.

**“Mootummaan kee haa dhufu.” Mat. 6:10.**

Waaqayyo Abbaa keenya dha, kan akka ijoollee Isaatti nu jaallatuu fi nuuf yaadu; Inni mootii samii fi ardiiti. Fedhiin mootummaa Isaa fedhii keenyadha, isaaf ijaaruu fi hojjechuu qabna.

Bartootni Isaa mootummaan ulfinaa battaluma sanatti hunda’a jedhanii eegaa turan. Inni garuu kadhannaa kana Isaan barsiisudhaan akka mootummaan Isaa yeroo sana lafa irratti hin hundoofne isaan barsiise. Fuula duratti akka Inni dhufuuf kadhachuu qabu. Akkasumas kadhannaan kun isaaniif wabii dha. Yeroo Isaan yaadanitti dhufuu yoo baate iyyuu mootummaan Isaa yeroo waaqayyo murteessetti akka Inni dhufuuf jiru kan mirkaneessu dha.

Mootummaan Waaqayyoo amma hunda’aa jira, guyyaatii gara guyyaatti onneen cubbuun guuttee fi finciltuu taate baayyeen gara jaalala Waaqayyootti harkifamaa jirti. Mootummaan Isaa hanga Yesuus lammata deebi’ee dhufutti guutuu guutummaatti biyya lafaa kana irratti hin hundaa’u. “Mootummaa mo’uun, guddinni moo- [106]
tummoota guutummaa bantii waaqaa jala jiranii, saba warra Isa hundumaa gararraa jiruuf qulqulla’aniif ni kennama.” Dan. 7:27. Mootummaa isaaniif qophaa’e ni dhaalu, “Isa uumama biyya lafaatii jalqabee qophaa’e.” Mat. 25:34. Kiristoosis aangoo guddaadhaan isaan irratti ni mo’a.

Yeroo qulqullootni kumaatama baayyeetti lakka’amanii fi Fayyisaan keenya Mootii Moototaa fi Gooftaa Gooftotaa ta’ee dhufutti balbalootni samii ol ol jedhu. Waaqayyo, “Guutummaa biyya lafaa irratti mootii ni ta’a: gaafas Waaqayyo Isuma tokkicha, maqaan Isaas tokkichuma.” “Kunoo iddoon Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, Inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba Isaa ta’uuf jiru. Waaqayyo ofii Isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira. Waaqayyo isaaniis ta’uuf jira.” Zak. 14:9; Mul. 21:3.

Sun utuu hin dhufin dura garuu, jedhe Yesuus, “Saba hundumaatti akka dhugaa ba’uuf, wangeelli Mootummaa kun guutummaa biyya lafaatti ni lallabama.” Mat. 24:14. Amma wangeelli ayyaanaa kun guutummaa biyya lafaa wal ga’utti Inni hin dhufu. Kanaaf, ofii keenya Waaqayyoof yeroo kenninu, lubbuus Isaaf yeroo boojinu, dhufa Mootummaa Isaa ariifachiifna. Warra dhugumaan of kenne qofatu warra jaame banuuf, namoota “Dukkanattii gara ifaatti, aangoo Seexanaa jalaas gara Waaqayyootti haa deebi’aniif, ija isaanii

ni banta; anatti amanuudhaanis dhiifamuu isaanii argatanii, warra qulqulla'n gidduuttis dhaala isaanii haa fudhataniif" (HoE. 26:18), gara Waaqayyooti deebisuuf "Asin jiraa, anaan ergi" jedha (Isa. 6:8). Isaan qofatu garaa isaanii irraa, "Mootummaan kee haa dhufu" jedhee kadhata.

[107] **"Waaqa irratti akka ta'u, lafa irrattis akkasuma haa ta'u" Mat. 6:10.**

Fedhiin Waaqayyoo seera isaa isa qulqulluu keessaan mul'ate. Qajeelfamni seera kanaa immoo qajeelfama samiiti. Ergamoonn samii keessaa beekumsa hundumaa caalaa beekumsa fedha Waaqayyoo qabu, tajaajila isaan humna Isaanii itti baasan keessaa Inni guddaan fedha Isaa kana raawwachuu dha.

Samii keessatti tajaajilli kennamu garuu, hafuura seera raawwachuutiin kan godhamu miti. Yeroo Seexanni seera Waaqayyoo irratti fincila kaase sana ture kan waa'een seeraa gara sammuu ergamootaatti dhufe. Tajaajila isaanii keessatti ergamootni akka garbootaatti utuu hin taane akka Ilmaan Waaqayyootti hojjetu. Isaanii fi Uumaa isaanii gidduu tokkummaa amansiisaa ta'etu jira. Abboomammuun isaaniif akka hojiitti hin ilaalamu. Jaalalli Waaqayyoo tajaajilla isaanii kan gammachuu godha. Kanaaf lubbuu Yesuus keessa buufate hundumaa keessatti, abdiin ulfinaa keessa buufata, dubbiin Isaas irra deddeebi'amee itti dhaga'ama, "Yaa Waaqayyoo ko, fedha kee gochuun anatti tola, seerri kees garaa koo keessa jira." Far. 40:8.

Kadhannaan, "Samii irratti akka ta'u, lafarrattis akkasuma haa ta'u" jedhu, mootummaan seexanaa lafa kana irraa akka dhabamuuf, cubbuun lafa irraa bara baraan akka balleeffamuuf, Mootummaan qajeelummaa akka lafa irratti hundaa'uuf kan godhamu dha. Sana booda akkuma samii irratti ta'e, "Gammachuun gaarummaa Isaatii" lafa irrattis ni raawwatama. 2 Tas. 1:11.

[108] **"Soora har'aa bor nu barbaachisu har'a nuuf kenni." Mat. 6:11.**

Kadhannaan Yesuus barsiise garri walakkaa jalqabaa, waa'ee maqaa, Mootummaa fi fedha Waaqayyooti. Maqaan Isaa akka

qulqullaa'u, mootummaan Isaa akka dhufu, fedhiin Isaa akka raawwatamu. Erga tajaajila Waaqayyoof dursa kennitee booda wanti si barbaachisu akka siif guutuuf ija jabinaan gaafachuu dandeessa. Yoo ofii kee gantee Kiristoosiif of laatte ati miseensa maatii Waaqayyooti, wanti mana Abbaa keetii keessa jiru hundi kan keeti. Biyya amma keessa jirtuttis ta'e biyya Isa dhufu keessatti qabeenyaan Waaqayyoo siif banama. Tajaajilli ergamootaa, kennaan Hafuura Qssulqulluu, tajaajilli hojjettoota Isaatii hundinuu siif godhama. Amma gaarummaa siif qabaatetti wanti biyya lafaa keessa jiru hundi kan kee ta'a. Diinummaan cubbamootaa illee siin samiif si qajeelchuudhaan eebba siif ta'a. "Ati kan Kiristoos yoo taate wanti hundinuu kan kee ti." 1 Qor. 3:23,21.

Ammaaf garuu ati akka mucaa dhaalli kee harka kee keessa hin geenyeeti. Qabeenyaa kee isa gati jabeessa sana akka Addaamii fi Hewaaniin gowoomsetti gowoomsee akka si harkaa hin baafnetti Waaqayyo harka kee keessa hin galchin jira. Kiristoostu iddoo Seexanni si duraa xureessuu hin dandeenyetti siif eegaa jira. Akka daa'imaatti, isa keessaa waan guyyaa guyyaatti si barbaachisuttu siif kennama. Guyyaa hundumaa "irbaata koo guyyaa guyyaaf na barbaachisu har'a naaf kenni" jettee kadhachuu qabda. Boriif waan ga'aa hin qabdu yoo ta'e yaadda'uu hin qabdu. Abdichaaf wabii qabdu, "laficha keessa ni jiraatta, inni si sooras." Daawwit akkas jedha, "Dargaggummaa argeera, dulluma biras ga'eera; garuu namni qajeelaan utuu gatamuu, ijoolleen isaas wanta nyaatan dhabanii utuu kadhatanii takkaa argee hin beeku." Far. 37:3, 25. Waaqni inni [109]
Eliyaasiin karaa Qurruu soore, ijoollee isaa warra amanamootaa ta'anii fi aarsaa of godhan bira hin darbu. Isa qajeelummaadhaan adeemuuf akkas jechuudhaan barreeffameera: "Nyaati isaaf ni kennama; bishaan argachuun isaas amansiisaa dha" "bara gadheetti hin yeella'an: bara beelaattis ni quufu "Waaqayyo utuu ilma isaa hin maarsiifatin hunduma keenyaaf dabarsee erga kennee, waan hundumaas immoo ilma isaa wajjin tola nuuf hin kennuuree?" Isa. 33:16; Far. 37:19; Rom. 8:32. Inni ba'aa fi yaaddoo haadha hiyyeessaa Naazireet keessa jirtuu salphisee akka isheen waan ijoollee isheef kennitu qabaattu gargaare, har'as haadhota ijoollee isaanii waan nyaachisan dhabanii rakkatan bira hin darbu. Inni namoota baayyee "bututanii, gatamanii turan" (Mat. 9:36) sanaaf garaa laafe, ammas hiyyeessota rakkina irra jiraniif garaa ni laafa. Harki isaa eebba baa-

tee gara isaaniitti ni diriira; kadhannaa sana keessattis hiyyeeessota akka yaadannu nu barsiisa.

Yeroo “Soora keenya har’aa borii nuuf kenni” jennee kadhannu, akkuma ofii keenyaaf gaafannu warra kaaniifis ni gaafanna. Sana gochuu keenyaan wanti Waaqayyo nuuf kenne kan keenya qofa akka hin taane mirkaneessina. Waaqayyo warra beela’an akka soorruuf imaanaadhaan nutti kenne. Gaarummaa isaatiin hiyyeessotaaf qopheessa. Far. 68:10. akkasumas, “Irbaata ykn cidha yeroo godhattu, fira kee ykn obboloota kee ykn aantii kee ykn, sooressota olla keeti hin waamin. . . . Waamicha yeroo godhattu, waan nyaatan kan hin qabne, warra bu’aan dhaqna isaanii hir’ate, warra naafatan, warra jaaman waami: ayyaana ni argatta, isaan waan siif deebisan hin qaban, Waaqayyo garuu du’aa ka’uu warra qajeelotaatti siif ni deebisa” jedha. Luq. 14:12¬14.

[110] “Yeroo hundumaa waan isin barbaachisu hundumaa argattanii, karaa hundumaa of dandeessanii, hojii gaariif iyyuu, irraa kan isiniif hafu akka qabaattaniif Waaqayyo isa isin barbaachisu irra caalchisee isiniif kennuuf danda’aa dha.” “namni harka isaa utuu hin guutin facaasu harka utuu hin guutin galfata; namni harka guutee facaasu ammo harka guutee galfata.” 2 Qor. 9:8, 6.

Kadhannaan guyyaa guyyaaf buddeena ga’u gaafatu buddeena foon jiraachisu qofa utuu hin taane buddeena hafuuraa isa lubbuu keenya soorus ni dabalata. Yesuus nu gaafata, “Nyaata baduuf hin dhama’inaa, nyaata jireenya bara baraatiif argamuuuf dhama’aa malee.” Yoh. 6:27. Dabalees, “Ani buddeenicha jiraataa isa Waaqa keessaa gadi bu’e dha: eenyu illee buddeena kanattii yoo nyaate, bara baraan jiraata. Lakk. 51. Fayyisaan keenya buddeen jireenyaati, buddeen samiidhaa dhufe kan kan nuti soorannu, jaalala isaa ilaaluudhaan, lubbuu keenya keessattis fudhachuudhaan qofa.

Kiristoosiin kan fudhannuu karaa dubbii isaatiiti, Hafuurri qulqulluus dubbii Waaqayyoo kana akka hubannuuf gara sammuu keenyaatti fida, dhugaa jiranis gara onnee keenyaatti galcha. Guyyaa guyyaatti kadhachaa dubbii isaa yeroo dubbifnu, Waaqayyo Hafuura isaa erguudhaan dhugaa ittiin lubbuun keenya guyyaa sanatti ittiin jabaattu nuuf ibsa.

Waan nu barbaachisu guyyaa guyyaan akka gaafannu nu barsiisuu isaa keessatti—eebba yeroo fi eebba Hafuuraa— Waaqayyo gaarummaaf waan nuuf raawwachuu barbaadu qaba. Kunuunsa

inni nuuf godhu irratti hirkachuu keenya mirkaneeffachuu barbaada, sana gochuudhaan hariiroo nuuf isa gidduu jiru jabeessuu barbaada. Kadhannaa fi Dubbii isaa isa dhugaa gati jabeessa ta'e yeroo hunda [111] dubbisuu dhaan hariiroon nuti Kiristoosii wajjin qabnu akka nama beela'ee nyaata argateetti nu quubsa; akka nama dheeboteetti burqaa bishaan jireenyaa sana irraa dheebuu baana.

### "Cubbuu keenyas nuuf dhiisi; nus immoo warra nu yakkan hundumaaf ni dhiifnaa." Luq. 11:4.

Yesuus kan inni barsiise, Waaqayyo biraa kan dhiifama argannu warra nu yakkaniif kan dhiifnu yoo taane qofa dha. Jaalala Waaqayyooti kan gara isaatti nu harkisu, jaalalli isaa immoo nuti jaalala obbolootaaf hin qabnu taanaan nu hin tuqu.

Kadhata sana erga xumuree booda Yesuus akkas jedhe, "yoo yakka namootaa dhiiftaniif, Abbaan keessan inni samii irraa cubbuu keessan isiniif dhiisa: garuu yoo namootaaf cubbuu isaanii hin dhiiftan ta'e, abbaan keessan inni samii irraas cubbuu keessan isiniif hin dhiisu." Namni cubbuu namaaf hin dhiifne toora ittiin Waaqayyo biraa araara argatu addaan kuta. Warri nu yakkan sun amma isaan yakka isaanii amananii dhiifama nu gaafatanitti hin dhiifnuuf jechuu hin qabnu. Qalbii jijjiirrachuu fi cubbuu isaanii himachuun ga'ee isaanii akka ta'e shakkii hin qabu; isaan cubbuu isaanii himatanis dhiisanis nuti garuu garaa isaaniif dhiisu qabaachuu qabna. Ammam illee baayyinaan yoo nu madeessan, nuti dhiifama isaan dhowwachuu hin qabnu. Waaqayyo biraa araara abdachuudhaaf warra nu yakkan hundumaaf araara gochuu qabna.

Dhiifamni garuu akka itti namootni yaadanii olitti hiikkaa guddaa qaba. Waaqayyo cubbuu keessan hunduama isiniifan dhiisa yeroo jedhu hiiki isaa kan nuti tilmaamuu dandeenyuun oli dha: [112] "Yaadni koo akka yaada keessanii, karaan koos akka karaa keessanii miti; akkuma samiin lafa irraa ol fagaatu, akkanuma karaan koo karaa keessan irraa yaadni koos yaada keessan irraa ni fagaata." Isa. 55:7-9. Cubbuu dhiisuun Waaqayyoo adabbii irraa walaba nu gochuu qofa miti. Cubbuuf dhiifama gochuu qofa utuu hin taane cubbuu keessaa baasuuf falmachuu dha. Jaalala fayyisuu danda'u sana dha kan onnee jijjiiruu danda'u. Daawwit yeroo kadhannaa itti aanu kana kadhate hiikkaa dhiifamaa isa dhugaa hubateeti, "garaa qulla'aa

anaaf uumi, yaa Waaqayyo; hafuura dhaabbataas ana keessatti haaressi." Far. 51:10. Irra deebi'ee akkas jedhe, "Ba'i biiftuu lixa biiftuuttii akka fagaatu, innis irra daddarbaa keenya nuttii ni fageessa." Far. 103:12.

Waaqayyo karaa Kiristoosiin cubbuu keenyaaf of kenne. Du'a gara jabeenya fannoo irratti fudhate, ba'aa yakkaa nuuf baate, "inni qajeelaan iddoo warra jallootaa," kanas kan godhe jaalala isaa nutti agarsiisee gara ofii isaatti nu harkisuuf dha. Dabalee akkas jedhe, "Walitti kan toltan, garaas kan waliif laaftan ta'aa; akkuma Waaqayyo karaa Kiristoos cubbuu keessan isiniif dhiise isinis akkasuma waliif dhiisaa." Efe. 4:32. Kiristoos, inni jireenya ta'e, isin keessa bulee, karaa keessan lubbuu abdii kutattee fi cubbudhaan miidhamtetti jaalala Samii haa agarsisu. Gara Waaqayyoo yeroo dhufnu, Gara Waaqayyoo dhufuudhaan araara warri arganne Ayyaana isaan warra kaanitti mul'isuu qabna.

Araaraa fi jaalala Waaqayyoo fudhachuudhaaf wanti baayyee barbaachisu tokko jaalala inni nuuf qabutti amanuu dha. Yoh. 4:16. Seexanni akka nuti jaalala sana adda hin baafanneef waan danda'u hunda gochaa jira. Akka nuti cubbuun keenya guddaa waan ta'eef
[113] Waaqayyo kadhannaa keenya dhaga'ee nu eebbisuu hin fedhu jennee yaadnu godha. Ofii keenya keessatti wanti nuti arguu dandeenyu cubbuu keenya qofa dha, wanti akka nuti Waaqayyotti dhiyaannu nu godhu tokko hin jiru, kanaaf seexanni gatii akka hin qabne nutti hima; nuti ofii keenyaa rakkoo keenyaaf furmaata kennuu hin dandeenyu. Yeroo nuti Waaqayyootti dhiyaachuuf jennu, Seexanni nutti asaasee, kadhachuun kee gatii hin qabu; ati yakka sana hin hojjennee? Waaqayyo irratti cubbuu hin hojjennee? jedha. Haa ta'u malee diina keenyaan akkas jechuu dandeenya, "dhiigni Kiristoos cubbuu keenya hundumaa ni qulleessa." 1 Yoh. 1:7. Yeroo cubbuu hojjenneerra waan ta'eef kadhachuu hin dandeenyu jennee yaadnutti, yeroon kadhachuu qabnu yeroo sana dha. Yeroo kadhachuu qaanofnu sanatti kadhachuu fi amanuu qabna. "Dubbiin Kiristoos Yesuus cubbamoota fayyisuudhaaf gara biyya lafaa dhufe jedhu amanamaa dha, guutummaatti fudhatamuunis ni ta'aaf. Warra cubbamootatti lakka'aman keessaa immoo ani isa duraati." 1 Xim. 1:15. Waaqayyotti araaramuu fi dhiifama cubbuu kan nuti argannu hojii keenyaan ykn gaarummaa keenyaan miti, sun kennaa qajeelummaa Kiristoosiin nuuf kennamu dha.

Cubbuu calluma jennee ilaaluudhaan miira cubbamaa ta'uu keenyaa hir'isuu hin qabnu. Waaqayyo cubbuu ammamitti akka inni tilmaamu ilaaluu qabna, innis ulfaataa ta'uu isaati. Ulfaatina cubbuu kan mul'isuu danda'u qaraaniyoo qofa dha. Cubbuu keenya nutu baata yoo ta'e nu cabsa. Haa ta'u malee isa cubbuu hin qabne sanatu iddoo keenya bu'e; kan baachuun isaaf hin malle, yakka keenya baate. "Cubbuu keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubuu keenya nuuf ni dhiisa, jallina keenya hundumaattiis nu qulleessa. 1 Yoh. 1:9. Dhugaa ulfina qabeessa! - Isa qajeelaa ta'etu, warra Yesuusitti amanan hunda qajeelota godha. [114]
"Yaa Waaqayyo kan akka kee cubbuu namaaf dhiisu eenyuree? Ati dhuunfaa kee kan ta'an keessaa warra hafaniif balleessaa isaanii irra ni dabartaaf, ati gaarummaatti gammadda malee dheekkamsa keessa hin ooltu." Miik. 7:18.

**"Qorumsatti nu hin galchin, hamaa nu oolchi malee." Mat. 6:13.**

Qorumsi cubbuu hojjechuuf afeerraa dhiyaatu dha, kun immoo Waaqayyo biraa kan dhufu miti, kan inni dhufu seexana biraa fi onnee keenya isa hamaa biraati. "Waaqayyo hamaa gochuudhaaf qoramuu hin danda'u, ofii isaatiis nama tokko illee hamaadhaaf hin qoru." Yaaqob 1:13.

Seexanni qorumsa nutti fiduu barbaada, akka amalli keenya inni hamaan namootaa fi ergamoota duratti mul'atuuf jechuu dha, kan isaa akka taanes ittiin nu falmachuuf kana godha. Raajii Zakkaariyaas keessatti akka mul'atetti, Seexanni harka mirgaa Ergamaa Waaqayyoo dhaabatee ture, Iyyaasuu isa angafa lubootaa ta'e himachuudhaaf, uffata xuraa'aa uffatee kan ture sana hadheessuudhaan tajaajila ergamootni isaaf godhan ittisuu barbaadee ture. Kun ilaalcha seexanni lubbuu Waaqayyo ofitti harkisuu barbaadu hundumaa irratti qabu dha. Diinni cubbuutti nu geggeessa, sana booda immoo jaalalli samii isaaniif hin malu jechuudhaan samii irratti nu hadheessa. Waaqayyo garuu Seexanaan akkas jedha, "seexanana, Waaqayyo si haa ifatu: inni kun mukukkula ibidda keessaa ba'e mitiiree?" Iyyaasuun immoo akkas jedhe, "yakka kee si irraa kaaseera, uffata kees nan jijjiira." Zak. 3:1-4.

Waaqayyo karaa jaalala isaatii Hafuura isaa nu keessatti gud- [115]

disuu barbaada. Gufannaan, ari'atamuun, rakkinni akka gara keenya dhufaniif ni hayyama, akka abaarsaatti utuu hin taane jireenya keenyaaf eebba akka fidanitti kana godha. Qorumsii fi gufannaan nutti dhufan hundinuu amala keenya qaruudhaan nu fayyadu. Lubbuun qorumsa of irraa deebisu hundi samii fi ardii kanatti humna Ayyaanni Kiristoos qabu agarsiisa.

Qorumsaan abdii kutachuun yoo nu irra hin jiru ta'e iyyuu, yeroo qorumsi nutti dhufutti onnee keenya isa hamaadhaan harkifamnee akka Waaqayyo irraa hin fagaanneef kadhachuu qabna. Kadhannaa gooftaa keenyaa keessatti, ofii keenya geggeessaa Waaqayyootti dhiifna, karaa amanamaa irra akka inni nu geggeessuuf isa gaafanna. Kara fedha keenya irra deemuuf murteessaa kana yoo kadhanne kadhannaan keenya dhugaa miti. Harki isaa akka nu geggeessuuf eeguu qabna; sagalee akkas jedhu ni dhageenya, "Karichi isa kana, isa irra adeemaa." " Isa. 30:21.

Yaada Seexanni kennu duukaa bu'uudhaan ija godhachuun ni danda'ama jedhanii yaaduun gaarii miti. Cubbuun lubbuu hojjetu hundumaaf balaa qaba; amalli isaa garuu gowoomsaa waan ta'eef waan ta'u hundumaa fakkeessee dhiyeesssa. Yoo karaa Seexanaa irra deemne humna isaa erraa eegumsa argachuuf wabii hin qabnu. Qaawwa ittiin seexanni qorumsa fudhatee gara keenya dhufu hunda cufuu qabna.

Kadhannaan "qorumsatti nu hin galchin" jedhu ofuma isaatii iyyuu waadaa dha. Yoo Waaqayyotti of kennine wabii qabna; Inni, "Qorama sana keessatti akka isin dandeessan ni godha; karaa isin ittiin keessaa baatanis isiniif ni kenna" 1 Qor. 10:13.

[116] Karaan amansiisaan ittiin hamaa irraa eegumsa argachuu dandeenyu, akka Kiristoos qajeelummaa isaatiin nu keessa bulu gochuudhaan qofa dha. Waan ofittummaan nu keessa jiruuf qorumsi nurratti aangoo qabaata. Yeroo jaalala Waaqayyoo isa guddaa ilaallu garuu, ofittummaan yeroo amala isaa nutti agarsiisuu jalqabu akka inni lubbuu keenya keessaa ba'u goona. Hafuurri qulqulluu Kiristoosif ulfina kennuu yeroo jalqabu, oneen keenya laafee gad of qabuu jalqaba, qorumsi aangoo isaa dhabaa deema, Ayyaanni Waaqayyoo amala jijjiira.

Kiristoos lubbuu du'eef tokko iyyuu hin gatu. Lubbuun tokko Isa irraa deebitee cubbuudhaan liqimfamuu dandeessi ta'a, Kiristoos garuu lubbuu fannoo irratti lubbuu Isaa kennuudhaan gatii baaseef

tokko iyyuu hin gatu. Mul'atni keenya hafuuraa ariifatee, warra ba'aa cubbuu jalatti kufanii jiranii fi abdii kutannaadhaan du'a eeggatan qaqqabuu qaba. Warra qoraman kana gargaaruuf ergamoota balali'an arguu qabna. Ergamootni kun humnoota hammeenyaa lubbuu sana marsanii rakkisan irraa deebisuudhaan miilli isaanii akka hundee isa sirrii ta'e irra dhaabatuuf gargaaru. Lolli humnoota lamaan gidduutti ta'u akkuma waraana biyya lafaa keessatti banamuu dhugaa dha, dhumni keenya kan bara baraas bu'aa waraana sanaa irratti hundaa'a.

Akkuma Pheexirositti dubbatame nuttis dubbatameera, "seexanni akka namni qamadii gingilchu isin gingilchuudhaaf isin falmeera: ani garuu amantiin kee akka iddoodhaa hin badneef siif kadhadheera." Luq. 22:31, 32. Waaqayyoon haa galatu malee Qofaatti hin hafne. "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa amma kennuufitti biyya lafaa jallate. Isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti" (Yoh. 3:16), waraana Waaqayyoo fi namoota irratti baname keessatti Inni nu hin dhiisu. [117]
"Ani kunoo, mar'ataa irra, torbaan qabaa irra, aangoo diinaa hundumaa irras ejjechuu akka dandeessaniif, gooftummaa isiniif kenneera. Homtinuus isin hin miidhu." Luq. 10:19.

Kiristoos isa jiraataa wajjin hariiroo qabaadhu, Inni harka isaa isa gonkumaa si hin gad dhiifneen si qabaa. Jaalala Waaqayyo nuuf qabu beekuudhaan amani, eegumsa ni argatta; jaalalli sun arrabsoo fi hadheessuu Seexanaatiin kan hin mo'amne dha. "Maqaan Waaqayyoo masaraa jabaa dha: warri qajeelonni isatti baqachuudhaan ni oolu." Fkn 18:10.

**"Mootummaan, humni, ulfinnis kan keeti." Mat. 6:13.**

Himni inni dhumaa akkuma hima isa jalqabaa kan inni xiyyeeffatu isa humnaa fi aangoo hundumaa qabu, isa maqaan hundi ittiin waamamu Abbaa keenya agarsiisa. Fayyisaan keenya waggoota fuula dura bartootaa jiran ilaale. Waggooti fuula isaanii duraa akka isaan itti eeggatan kan aduun badhaadhinaa fi ulfina biyya lafaa argatan utuu hin taane, kan isaan itti jibba namootaa fi dheekkamsa Seexanaatiin dhiphatan ture. Beellii fi miidhamni adda addaa waan ka'uuf, adeemsi bartootaa gufannaa argata, onneen isaaniis sodaadhaan guuta. Gadda Yerusaalemiin, diigamuu mana qulqullummaa,

waaqeffannaan dhabamuu isaa, sabni ISaraa'el biyya hundumaa keessa faca'uu isaanii arguuf jiru. Yesuus akkas jedhe, "Lolaa fi oduu lolaa dhaga'uuf jirtu, akka hin naanetti ilaalladhaa! Kan akkasi kun ta'uun irra jira; kun garuu amma illee dhuma isaa miti. Sabni saba iratti, mootummaanis mootummaa irratti ni ka'a; beelli, socho'i lafaa iddoo adda addatti ni ta'a. wanti kun hundinuu garuu jalqaba ciniinsuuti." Mat. 24:6-8. Haa ta'u malee hordoftootni Kiristoos akka waan abdii hin qabnee fi Waaqayyo isaan dhiiseetti sodaatanii
[118] abdii kutachuu hin qaban. Humnii fi ulfinni kan itti fufee jiraatuu fi kan diiinota isaatti gara galee isaan nyaatu kan Waaqayyooti. Kadhannaa isaanii isa waan guyyaa guyyaan isaan barbaachisu caqasu keessatti, bartootni humnaa fi mootummaa hammeenyaa irra qaarsisanii Waaqayyo isa mootummaan isa dhuma hin qabnee fi Abbaa isaanii fi michuu isaanii ta'e akka ilaalaniif gaafataman.

Dhiphinni Yerusaalem dhiphina yeroo dhumaatti addunyaa kana liqimsuuf fakkeenya dha. Raajiin gartokkeen isaa diigamuu Yerusaalem irratti raawwate guutummaatti kan raawwii argatu bara dhumaatti ta'a. Amma ta'umsoota gurguddoo ta'uuf jiran arguuf balbala irra geenyaa jirra. Dhiphinni biyyi lafaa argitee hin beekne ta'uuf jedha. Akkuma yeroo bartootaa ta'e Waaqayyo waan hundumaa irratti akka mo'u nuuf mirkaneessa. Sagantaan ta'umsoota dhufuuf jedhanii harka uumaa keenyaa keessa jira. Waaqayyo dhuma saba isaatii fi dhimma waldaa isaatii of harkaa qaba. Qajelfamni Waaqayyo warra karoora isaa bakka bu'uun raawwachiisaniif akkuma Qiirosiin akkas jedha, "Yoo ati ana beekuudhaa baatte iyyuu ani immoo si hidhachiisee sin jabeessa." Isa. 45:5.

Mul'ata raajichi Hisqi'el arge keessatti baallee Kiruubel jalaan harki tureera. Kunis kan milkaa'ina isaaniif kennu Waaqayyo ta'uu isaa hojjetaa isaa barsiisuuf ture. Warri bakka Waaqayyoo bu'anii hojii isaa hojjetan ofii isaanii irratti hirkachuu hin qaban. Uumamni ba'aa kana ofii isaatiin akka baatuuf dhiifame tokko illee hin jiru. Warri hin dhiboofne, warri wixinee isaa raawwachuuf yeroo hunda hojjetan, hojii Waaqayyoo hojjetu. Inni kaayyoo warra jal'ootaa ni diiga, marii warra saba irratti jal'ina hojjechuuf yaadaniis waliin maka. Inni Mootii ta'e, gooftaan maccaa, Kirubeloota gidduu
[119] inni taa'u, beelaa fi dhiphina keessatti ijoollee isaa jabeessee eega. Inni samii bulchu fayyisaa keenya. Inni qorumsa hundumaa ni safara, ibidda boba'aa lubbuu hundumaa qoru ni madaala. Yeroo

mootonni jajjaboon kufan, yeroo xiyyeen dheekkamsaa onnee diinotaa waraanu, sabni Waaqayyoo harka Isaa keessatti nagaa qabu.

"Yaa Waaqayyo, waaqa irraa fi lafa irra kan jiru hundinuu kan keeti; guddinni, aangoon, ulfinni, gooftummaanii fi surraan kan keeti. . . . Mootummaan kan keeti, Ati waan hundumaan oli, mataa hundumaatis. Badhaadhummaaniif ulfinni si biraa namaaf ni dhufa; ati waan hundumaa irratti gooftummaa qabda; namoota hundumaa guddisuuf, jabeessuufis jabinaa fi aangoo situ qaba." 1 S.Baraa 29:11, 12.

[120]

# Boqonnaa 6 - Murteessuu Utuu Hin Taane, Hojjechuu

**“Waaqayyo akka isinitti hin faradnetti isin namatti hin faradinaa.” Mat. 7:1.**

Hojii ofiitiin fayyina argachuuf yaaluun akka namootni dallaa cubbuu ijaaran godha. Sana ilaaludhaan seera eeguu dadhabu, sana booda seerota mataa isaanii tumachuu jalqabu. Kun immoo sammuu namaa Waaqayyo irra gara ofii isaaniitti deebisa. Jaalalli Waaqayyoo onnee isaanii keessatti du’a, jaalalli inni namootaaf qabus ni bada. Qilleensi ofittummaa fi ceephoon dhiphummaa akka nomootni ofii isaanii giddu galeessa godhanii warra kaanitti muruu jalqaban fi basaastuu ta’an isaan godha.

Fariisotni isaan kana keessaa tokko turan. Isaan tajaajilaaf yeroo dhufanitti cubbuu fi dadhabina isaaniitiif kan gad of qaban hin turre, carraa Waaqayyo isaaaniif kenneefis hin galateeffatan turan. Isaan koora hafuuraa kooru, mata dureen isaanii “ofii koo, fedhii koo, beekumsa koo, karaa koo” kan jedhu ture. Sadarkaan beekumsaa isaan irra ga’an safartuu ittiin nama kan biraatti faradan ta’e. Uffata ittiin uf kabajan uffachuudhaan, teessuma murtii irra kan ba’an ceepha’uu fi hadheessuuf dha.

Saba sana keessaa irra caalaan ilaalchuma sana qaba ture, dhimmoota lubbuu sanaa fi Waaqayyo gidduu jiru irratti ceephoo fi murtii
[121] walitti kennu. Kanaaf dha kan Yesuus “Akka isinitti hin faradamneef hin faradinaa” jedhe. Sana jechuun ofii kee muka safaraa hin godhin jechuu dha. Ilaalcha kee, hojii kee, akka itti Kitaaba Qulqulluu hiikkattu, warra kaan ittiin ceepha’uu fi garaa keetti isaanitti murteessuuf hin oolchin. Warra kaan hin ceepha’in, kaka’umsa isaanii hin hadheessin.

“Kanaafis yeroon utuu hin ga’in, gooftaan utuu hin dhufin isin hin faradinaa! Innoo waan dukkana keessa dhookatee jiru ifatti, yaada garaa namaas bakkeetti ni baasa.” 1 Qor. 4:5. Onnee dubbisuu hin dandeenyu. Nuti iyyuu cubbamoota waan taaneef teessuma mur-

tii irra taa'uuf ga'umsa hin qabnu. Namoni bakkee ilaalee murteessa. Waaqayyo qofa dha kan waan gochaan bakkeedhaan mul'atu irraa burqe fi waan onnee keenya keessa jiru kan beeku.

"Kanaafis ati yaa isa nama biraatti faradduu, waan itti qabattu hin qabdu! Ati inni namatti faraddu, isuma namichi sun hojjete waan hojjettuuf, firdii isatti faraddeen ofitti ni faradda." Rom. 2:1. Warra kaanitti faraduudhaan, ofii isaanii irratti murtii dabarsaa jiru, Waaqayyo immoo murtii isaan ofitti murteessaniin qajeelaa dha jedha.

**"Maaliif huuba isa ija obboleessa kee keessa jiru ilaalta?" Mat. 7:3.**

Himni "kan namatti faraddu atis waanuma inni hojjete hojjetta" jedhu ulfaatina hojii isa faraduu sana hin agarsiisu. Yesuus itti fufee akkas jedhe, "Maaliif huuba isa ija obboleessa kee keessa jiru ilaalta, utubaa isa ija kee keessa jiru hin hubattuu?"

Dubbiin Isaa warra ija namaa keessa huuba barbaadan ilaallata. [122]
Yeroo namni tokko jireenya nama tokkoo keessatti mudaa argee sanatti muruuf kaka'u Yesuus immoo kana gochuuf ka'uun kee si keessatti hammeenyi jalqabuu isaa waan agarsiisuuf mudaa namni sun qabuu wajjin wal bira yeroo qabamu kana gochuun kee amma waan utubaan ija kee keessa jiruuti jedhe. Addunyaa kana kan addaan ciruutti geessu jaalalaa fi wal danda'uu dhabuu dha. Namootni jireenya isaanii guutummaatti Kiristoosiif kennuu shaakalanii hin beekne jaalalli Kiristoos onnee laaffisuu isaa gonkumaa arguu hin danda'an. Isaan akkasii warra hin amanin jiraniif Kiristoosiinis ta'e wangeela gar malee waan agarsiisaniif lubbuu Yesuus du'eefitti gufuu ta'u. Akka Yesuus ibsetti namni hafuura nama hadheessuu qabu, cubbuu wal fakkaatu yoo hojjete illee, sababa hafuura namatti muruu qabuuf jecha kan isaa kan isa inni hadheessuu irra ni caala.

Safartuun amalaa dhugaan Kiristoos dha. Namni ofii isaa safartuu godhee dhiyeessu bakka Kiristoos of kaa'uu isaati. Erga abbaan "firdii hundumaa harka Ilma isaatti kennee" (Yoh. 5:22), namni murtii kennuuf yaalii godhu aangoo Ilma Waaqayyoo fudhachuuf yaaluu isaati. Kanaaf isaan kun faallaa kiristoos ta'u, "Inni bakkeetti baafamuuf jiru sun ol of qabuudhaan Waaqayyo kan jedhamu, waanuma namni itti sagaduunis ni morma. Ofuma isaatii Waaqayyo ofiin

jechuudhaanis mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa taa'umsa ni dhaabbata." 2 Tas. 2:4.

Cubbuun frii nama gaddisiisu fidu, amala warra Fariisotaa isa ta'e, qabbana'aummaa, ceephoo fi hafuura dhiifana gochuu hin jaallanne dha. Yeroo shaakalli amantii jaalala of keessaa hin qabne, Yesuus achi keessa hin jiru; ifi aragama Isaatiis hin jiru. Hir'ina
[123] kana immoo baayyinni hojii ykn inaaffaan Kiristoosiin of keessaa hin qabne bakka buusuu hin danda'u. mudaa namoota biro arguudhaaf fedhii guddaan jiraachuu danda'a; Yesuus garuu akkas ittiin jedha, "of tuultotanana huuba ija obboleessa keessanii akka agartaniif duraan dursa utubaa ija keessan keessa jiru baasaa." Namni dogoggoree beeku dogoggora shakkuuf isa jalqabaa ta'a. nama kan biraatti faraduu isaatiin kan cubbuu onnee isaa keessa jiru dhokfachuu barbaada. Namni kan jal'ina bare cubbuu hojjechuudhaan ture; akkuma cubbuu hojjetaniin turan hidhati gaa'elaa jalqabaa kan wal hadheessuu jalqaban. Ilmaan namaa hundinuu ayyaana Waaqayyootiin hin to'atamu taanaan akkasuma godha.

Namootni hafuura hadheessaa qaban, mudaa obboleessa isaanii saaxiluu qofatti hin quufan. Yoo qaamni murtii kennu murtii isaan yaadan hin kennu ta'e ammas hadhaa walitti kuufatu. Humna isaanii keessa hanga sobni jirutti namoota biraa kakaasuudhaan yaada isaaniitti akka waliif galan godhu. Bara Yesuus lafa irra ture Yihuudonni akkas gochaa turan; waldaan Kiristaanaas yeroo ayyaanni Waaqayyoo irraa fagaatu hundumaatti akkasuma gooti. Jaalalalli keessaa dhumuudhaan, waraana jabaa biyyattiin qabdu bira ga'uudhaan, seeraa fi qajeelfama ishee akka isaan hojii irra oolchisaniif gooti. Icciti seerota dhaabbata amantii adda addaa kana dha, icciti ari'annaa bara Aabel irraa jalqabee amma bara keenyaatti jiruus kana dha.

Waaqayyo namoota hin oofu, namoota ofitti harkisa. Kan inni of irraa dhiibu jaalala dhabuu qofa dha. Yeroo waldaan humna biyya lafaa biraa deggersa barbaaduu jalqabdu, humna Kiristoosiin of keessaa fixuu ishee agarsiisa—hir'ina jaalala Waaqummaa.

[124] Rakkinni kun rakkina amantoota waldaa ta'a, qorichi isaas himameera. Yesuus akka jedhetti hadheessituun jalqaba utuu warra kaan sirreessuu hin jalqabin utubaa ija isaa keessaa baasuu qaba, hafuura hadheessummaa sana keessaa ba'uu qaba, cubbuu ofii isaatii himachuu fi dhiisuu qaba. Sababiin isaa, "Mukti ba'eessi ija gadhee

hin godhatu, akkasumas mukti gadheen ija ba'eessa hin godhatu." Luq. 6:43. Hafuurri hadheessaan firii hamaa isa mukti isaa hamaa akka ta'e mul'isu dha. Kanaaf qajeelummaa ofii keetii tuullachuun gatii hin qabu. Wanti si barbaachisu jijjiirama onneeti. Warra kaan qajeelchuuf ga'aa akka taatuuf kana shaakaluu qabda; "waan garaa namaa keessa guute afaan dubbata." Mat. 12:34.

Yeroo nama rakkinni itti dhufe tokko gorsuudhaaf yaaltu dubbiin ati dubbattu kan ati jireenya kee keessaa argatte ta'uu qaba. Waan gaarii gochuu keetiin dura waan gaarii gochuu qabda. Utuu onneen kan kee ayyaana Kiristoosiin hin jijjiiramin lubbuu kan biraa jijjiiruu hin dandeessu. Yeroo jijjiiramni kun si keessatti bilchaatu, akkuma abaaboon foolii isaa kennu, wayiniin halluu isaa kennu waan gaarii gochuun siif amala kee ta'a.

Yoo Kiristoos si keessatti "abdii ulfinaa ta'e," ati dogoggora warra kaanii ilaaluudhaaf yeroo hin argattu. Kaayyoon kee hadheessuu ta'uun isaa hafee isaan gargaaruu, eebbisuu fi oolchuu ta'a. Yeroo warra dogoggore gargaaruuf yaaltutti "ofii keetiis akka hin qoramne" of eeggadhu. Gal. 6:1. Yeroo meeqa akka dogoggortee turtee fi karaa sirrii irraa badnaan itti deebi'uun ammam akka ulfaataa ta'e ni yaadatta. Kanaaf obboleessa kee gara dukkana isa caaluutti hin dhiibdu, garaa jaalalaatiin balaa isatti dhufaa jiru garuu itti himta.

Namni fannoo Qaraaniyoo ilaalu, akka cubbuun isaa achi ir- [125]
ratti fayyisaa isaa irra ka'ame kan yaadatu, cubbuu isaa kan nama kan biraa wajjin wal bira qabee hin madaalu. Nama kan biraatti faraduudhaaf utaalee barcuma firdii irra hin taa'u. namoota gaaddisa fannoo Qaraaniyoo jala deeman bira of tuluu fi hafuurri warra kaan hadheessuu hin jiraatu.

Obboleessa kee dogoggore oolchuudhaaf amma ofii kee aarsaa gootutti dhiyaachuu utuu hin taane, utubaa ija kee keessa jiru baasuun kee isa gargaaruuf qophaa'uu kee agarsiisa. Sana booda isatti dhiyaattee onnee isaa tuquu dandeessa. Namootni arrabsoo fi ceephoodhaan deebi'an hin jiran; baayyonni qooda deebi'uu caalaatti Kiristoos irraa fagaatanii akka hin amanneef onnee isaanii chaapaadhaan cufu. Onneen jaalalaan guute garuu cubbuu dhoksuudhaan isa dogoggore ni oolcha. Kiristoos jireenya kee keessaan yoo mul'ate namoota ati wajjin hariiroo qabdu hundumaa ni harkisa. Kiristoos yeroo hundumaa isin keesaa haa mul'atu, isin keessaan sagaleen

isaa akka hojjetu haa agarsiisu— lubbuu dogoggore irra deebi'ee fakkaattii Gooftaatti haa hojjetu.

**"Waan qulla'aa ta'e saroota jala hin buusinaa!" Mat. 7:6.**

Asi irratti Yesuus waa'ee garee warra garbummaa cubbuu jalaa baqachuuf fedha hin qabnee dubbata. Hammeenyaa fi jal'inatti waan qabamaniif sadarkaan namummaa isaanii gadi bu'ee amma irraa adda ba'uu dadhabanitti jal'inaa wajjin walitti hidhataniiru. Hojjettootni Kiristoos warra wangeela falmii fi qoosaadhaan ilaalaniin danqamuu hin qaban.

[126] Yesuus lubbuu cubbuu kamiin liqimfamtee utuma jirtuu dhugaa gati jabeessa ta'e fudhachuuf fedha qabdu tokko bira darbee hin beeku. Warra qaraxxootaaf dubbiin Isaa jalqabbii jireenya haaraa ture. Maariyaam Magdelaan kan inni hafuurota hamaa torba keessaa baase, nama dhuma irratti gara iddoo owwaalaa dhaqxee fi nama barii du'aa ka'uu sanatti jalqaba Yesuusiin argite dha. Sa'ol namni biyya Tarsas diina wangeelaa nama turetu booda phaawulos tajaajilaa Kiristoos isa fo'amaa ta'e. Lubbuun Yesuus fayyisee akka urjii gonfoo Furii keenyaa irra jiruutti ibsuu barbaadu jibbaa fi yakka adda addaa jala dhookachuu dandeessi.

**"Kadhadhaa isiniif ni kennamaa; barbaadaa ni argattuu; balbala rukutaa isiniif banamaa." Mat. 7:7.**

Amanuu dhabuu, gar malee hubachuu fi gar malee hiikanii barsiisuu iddoo dhowwachuudhaaf Gooftaan waadaa yeroo sadii irra deebi'ee kenne. Warra Waaqayyoon barbaaddatan utuu argee baayyee hawwa. Kanaaf akkas jedhee itti dabale, "kan barbaadu hundinuu ni argata; isa balbala rukutuuf ni banama."

Gooftaan keenya, arara isaa beela'uu, gorsa isaa barbaaduu fi jaalala isaa dharra'uu malee ulaagaa biraa hin keenye. "Gaafadhaa." Gaafachuun wantichi kan si barbaachisu ta'uu isaa ibsuu dha; amantiidhaan gaafannaan ni argatta. Kun dubbii gooftaati waan ta'eef hin raawwatin hin hafu. Yoo tilmamaan utuu hin taane dhugumaan feetee dhiyaatte waadaa inni seene shakkuu hin qabdu. Eebba barbaaddu yeroo gaafattutti, Kiristoosiin fakkaachuuf yoo gaafatte, Kiristoos akka waadaa seenameetti gaafachuu kee siif mirkaneessa.

Cubbamaa waan taateef araara isaa gaafachuudhaaf sababa ga'aa akka qabdu beekta. Haalli ati ittiin gara isaa dhuftu qulqulluu erga taatee utuu hin ta'in akka inni cubbuu fi yakka kee hundumaattii si qulqulleessuuf fedha qabaachuu kee agarsiisuu dha. Falmiin nuti [127]
ammas ta'e fuula duraaf dhiyeessinu, gargaarsa kan hin qabne ta'uu keenya yeroo ta'u kun immoo humni fayyisuu isaatii caalaatti akka nu barbaachisu mirkaneessa.

"Barbaadaa." Eebba isaa qofa utuu hin taane Isa barbaadaa. "Waaqayyotti araarami, nagaatti jiraadhu!" Iyyoob 22:21. Barbaadaa, ni argattuu. Waaqayyo si barbaadaa jira. Ati gara isaa dhufuuf fedhun kee garuu harkisa Hafuura Qulqulluutiin ta'a. Harkisa sanatti of gad dhiisi. Kiristoos warra qoraman, warra dogoggoran, fi warra amantii hin qabne kadhataa jira. Inni isaanii wajjin hariiroo qabaachuuf lafaa isaan kaasuu barbaada. "Yoo Isa barbaaddate Isa ni argatta." 1 S.Baraa 28:9.

"Balbala rukutaa." Gara Waaqayyoo kan dhufnu waamicha addaani dha, waltajjii dhaggeeffattoota isaatii irratti nu simachuudhaaf nu eega. Bartootni Yesuus warri jalqabaa ariifatanii jijjiiramuutti hin amanne turan; kanaaf akkas jedhan, "Yaa Barsiisa,. . . eessa jiraatta? . . . bartoonni sun dhaqanii iddoo Yesuus buufate arganii guyyaa sana isa bira oolan." Yoh. 1:38, 39. Waaqayyoo wajjin hariiroo jabaa qabaachuu dandeenya. "Namni golgaa isa hundumaa gararraa jiru keessa jiraatu, gaaddisa isa hundumaa danda'u jala ni buufata." Far. 91:1. Namni Waaqayyo irraa eebba barbaadu hundinuu balbala rukutee achumatti amantiidhaan haa eegu; Waaqayyo keenya, "kan gaafate hundinuu ni fudhata, balbala kan rukuteefis ni banama" jedheeraho.

Yesuus namoota dubbii isaa dhaga'uuf baayyinaan walitti qabaman ilaalee, araaraa fi jaalala Waaqayyoo utuu hubatanii dharra'e. Akka fakkeenya Waaqayyo waan gaafatame kennuutti, daa'ima beela'ee maatii isaa warra lafa irraa waan nyaatu gaafatuutti fayyadame. "Abbaa ta'ee ilmi isaa buddeena yoo gaafate dhagaa [128]
kan kennuuf jiraa?" jedhee gaafate. Jaalala maatiin ijoollee isaaniif qaban erga ibsee booda akkas jedhe, "isin hamoota taatanii utuma jirtanii ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, Abbaan keessan inni samii irraa ammo ammam caalchisee warra isa gaafataniif haa kennuree!" abbaan foonii kam iyyuu mucaa isaa beela'ee buddeena kadhatu irraa hin gara galu. Mucaa isaa akka

inni yaada isaa kaasuuf abdii ni kutachiisaa? Waan gaarii kennuufiif abdachiisee dhagaa ni kennaafii? Namni tokko Waaqayyoon akka waan inni dhaga'ee deebii hin kennineetti ulfina dhowwachuu qabaa?

"Isin hamoota taatanii utuu jirtanii ijoollee keessaniif kennaa gaarii kennuu erga beektanii, Abbaan keessan inni waaqa irraa immoo ammam isin caalaa warra isa kadhataniif Hafuura Qulqulluu kenna?" Luq. 11:13. Hafurri Qulqulluun, baka bu'aa Isaa kan ta'e, kennaa jiran hundumaa kan caalu dha. "Wanti gaariin hundinuu" kana keessatti walitti qabamu. Uumaan keenya kan kana irra wayyuu fi kan kana irra caalu waan nuuf kennu hin qabu. Yeroo nuti cubbuu keenyaaf kadhanuu fi akka Inni nu geggeessuuf gaafannu Waaqayyo kadhannaa keenyatti dudda hin gatu. Maatiin daa'ima isaanii beela'e irraa gara galuu ni danda'u ta'a, Waaqayyo garuu onnee isa barbaaddee gara isaatti iyyitu irraa hin gara galu. Sanaan jaalala Isaa isa ajaa'ibsiisaa sana ibse. Namoota yeroo dukkana keessa seenan Waaqayyo waan isaan dagate isaanitti fakkaatuuf ergaan Abbaa keenyaa akkas jedha: "Xiyoon garuu, Waaqayyo na gateera, gooftaankoos na irraanfateera jette; Waaqayyo immoo haati mucaa ishee isa arma hodhu irraanfachuu ni dandeessii? Mucaa ishee isa ofii deesseef hin ho'ituuree? Utuma isheen isa irraanfattee iyyuu, ani matumaa si hin irraanfadhu. Kunoo ani barruu harka koo irratti si caaffadheera." Isa. 49:14-16.

[129] Waadaan galaman hundi isaanii dubbii Waaqayyoo amanuudhaan akka nuti kadhachuu qabnu nu gaafatu. Eebba Hafuuraa nu barbaachisu hundumaa karaa Yesuusiin gaafachuun nuufcarraa guddaa dha. Waan barbaadnu hundumaa akka mucaatti dhiyaannee Waaqayyoon gaafachuu qabna. Dhimmoota yeroo gabaabaaf nu barbaachisan, buddeena ittiin jiraannuu fi buddeen jireenyaa fi uffata qajeelummaa gaafachuu dandeenya. Abbaan keessan inni samii irraa kun akkaisin barbaachisu waan beekuuf fedha keessan Isa gaafadhaa. Maqaa Yesuusiin waan hundumaa ni arganna. Waaqayyo maqaa sana ni kabaja, waan isin barbaachisus badhaadhummaa isaa irraa isiniif ni kenna.

Haa ta'u malee Waaqayyoon akka Abbaatti yeroo itti dhiyaattu walitti dhufeenya mucaa fi abbaa gidduu jiru hin dagatin. Gaarummaa isaa amanachuu qofa utuu hin taane, waan hundumaatiin fedha isaatti qabamuu fi jaalalli isaa kan hin jijjiiramne ta'uu beekuu dha.

Hojii Isaa hojjechuuf of kenni. Yesuus kan inni abdii kenneef warra duraan dursanii mootummaa isaa fi qajeelummaa isaa barbaadaniif dha, “Gaafadhaa, ni fudhattuu.” Yoh. 16:24.

Kennaan Waaqayyo isa hundumaa danda’uu ijoollee Isaatiif man-kuusa keessa jira. Karaa dhiiga furii keenya isa aarsaa ta’ee waan nuuf dhufaniif kennaan isaa gati jabeessa dha; warri akka daa’ima xiqqootti Waaqayyotti dhiyaatan, kennaa onnee quubsu, kennaa bara baraan jiraatu, ni argatu. Waadaa Waaqayyoo kan kooti jedhii fudhadhu, kun dubbii keeti jedhiitii kadhadhu, sana booda gammachuu guutuu ta’e ni argatta.

“Waanuma namootni akka isiniif godhaniif jaallattan, isinis akka- [130]
suma namaaf godhaa.” Mat. 7:12.

Akka wabii jaalala Waaqayyo nuuf qabuutti, Yesuus qajeelfama tokkicha nama hundumaa hammatuun akka nuti walii keenya jaallannu nu gaafata.

Yihuudonni waa’ee waan fudhachuu qabanii ni yaadu turan; inaaffaan isaan qaban aangoo, ulfinaa fi tajaajila yaadan mirkaneeffachuu dha. Kirstoos yeroo barsiise garuu dhimmi keenya “ammam fudhachuu dandeenya?” kan jedhu utuu hin taane “ammam kennuu dandeenya?” kan jedhu dha. Dirqamni nuuf kenname ammuma namni biraan nuu gochuuf dirqama qaba jennee yaadnu dha.

Hariiroo warra kaanii wajjin qabdu keessatti ofii kee bakka isaanii of kaa’i. miira isaanii, ba’aa isaanii, abdii kutannaa isaanii, gammachuu fi gadda isaanii hirmaadhu. Akka isaan itti si wajjin jiraachuu qabu jettee yaaddutti isaanii wajjin jiraadhu. Kun seera amanamummaa isa dhugaa dha. Seerris kana nurraa eega. “Olla kee akka mataa keetii jaalladhu.” Mat. 22:39. Kun immoo barsiisa raajotaa ture. Kun qajeelfama samiiti, kanaaf warra Isaa wajjin hariiroo qaban hundumaa irratti hojjeta.

Seerri akka warqeetti ilaalamu kun qajeelfama amala gaarii isa dhugaati, amalli gaarii inni dhugaan immoo Kiristoosiin mul’ateera. Jireenya fayyisaa keenyaa keessatti amala gaarii fi namatti tolu akkamiitu mul’ate! Argamuun isaa jireenya minyeessa ture. Ijoollee Isaa keessaas amaluma akkasiitu mul’achuuf jira. Warri Kiristoos isaan keessa buufatu amala Waaqummaatu naannoo isaanii buufata. Uffati isaanii inni adiin qullaa’ummaa mul’isu urgooftuu maasii gooftaa keessaa ba’u dibama. Fuulli isaanii ifa Waaqayyo biraa dhufu calaqqisiisuudhaan warra mogoleen isaanii laafeef ifa.

[131] Namni amala sana agarsiisuu dadhabe kam iyyuu amala Kiristoosiin mul'isuu hin danda'u. Hafuurri qulqulluun onnee laaffisa, miira namaa abiddaan baqsee qulleessuuf, isa kan samiitiin bakka buusuuf.

Seerri warqeetti fakkeeffamu kun barbaachisummaa kana caalus qaba. Warri imaanaan soortuu amanamaa ayyaana Waaqayyoo itti kenname akka waan ofii isaaniitii dukkana keessa ta'anii gargaarsa barbaadaniitti ayyana sana warra dukkana keessa jiran gargaaruuf oolchuu qabu. Paawulos akkas jedhe, "Ani saba hundumaafuu, warra Giriikotaaf, warra Giriikota hin ta'iniifis, warra beektotaaf, warra wallaalotaafis kanan itti gaafatamu gatiitu ana irra jira." Rom. 1:14. Jaalala Waaqayyoo erga beektanii kennaa samii irraa kennamu erga fudhattanii lubbuu lafa kana irra jiraniif hiruuf itti gaafatamummaa qabdu.

Jireenya kana keessatti eebba argattanis akkasuma: namoota naannoo kee jiran caalaa qabeenya yoo qabaatte warra naannoo kee jiraniif dirqama qabda. Lafa kana irratti qabeenya yoo qabaanne, warra dhukkubsatan, dubartoota abbaa manaa hin qabne, fi ijoollee abbaa hin qabneef akka waan ofii keenyaa bakka isaanii buunee gargaarsa barbaannuutti yaadnee gargaaruu qabna.

Seerri warqeetti fakkeeffame kun, lallaba gaara gubbaatti lallabame kamii wajjin iyyuu wal fakkaata. Fknf, "safartuu ati itti namaaf safarteen siif ni safarama." Wanti nuti namootaaf goonu, gaariis ta'e hamaa, eebba ykn hamaa fudhateema gara keenyatti deebi'a. waan kennine deebinee ni fudhanna. Eebbi lafa irraa kan nuti namootaa wajjin hirmaannu gaarummaa fidee dhufa. Kennaan nuti namootaaf kenninu yeroo rakkinaatti dacha afuriin nuuf deebi'a.
[132] kennaan nuti kenninu lafa kana irratti illee ulfina samiitiin nuuf deebi'a. Hamaan nuti hojjennus akkasuma deebi'a. Namni akkuma arge nama ceepha'aa fi abdii kutachiisaa ture ofii isaatii yeroo rakkatee argu jaalala agarsiisuu dhabuu isaatiin akka isa miidhe ni hubata.

Jaalala Waaqayyooti kan kana nurratti labse. Inni gara jabina keenya baafnee akka Yesuus nu keessa bulu barbaada. Kanaaf dha kan hamaa keessaa gaariin ba'e, abaarsis eebbatti kan jijjiirame.

Safartuun seera warqeetti fakkeeffamee sfartuu Kiristaanaa isa sirrii dha; wanti isaa gadii hundinuu gowoomsaa dha. Amantiin lubbuu Yesuus gatii kennuufiidhaan lubbuu isaa kenneef gaditti ilaalu; amantiin dhaba, miidhamaa fi mirga namootaaf dhimma hin qabne

amantii sobaa dha. Gaaffii hiyyeessotaa, miidhamtootaa fi cubbamootaa gadi qabuu keenyaan Kiristoositti gufuu ta'uu keenya agarsiifna. Kiristaanummaan kan inni lafa kana irratti humna dhabeef keessaa inni guddaan namootni baayyeen maqaa qofaan Kirisaana jedhamanii amala Kiristaanummaa waan hin qabneef dha. Sababa kanaaf maqaan Waaqayyoo ni arrabsama.

Waldaa bartootaa keessatti, guyyoota ifaa kan ulfinni Kiristoos isa du'aa ka'ee keessatti mul'ate, waan isaanii akkasitti barreeffamee jira, "qabeenyaa ofii qaba tureen kan kooti hin jenne." "homtinuu isaan keessaa waa dhabee hin rakkanne." "Ergamoonnis humna guddaa argisiisuudhaan du'aa ka'uu gooftaa Yesuus dhugaa ba'an: ayyaana guddaas qabu turan." "guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi'anii manuma mana isaaniittis buddeena cabsatan, gammachuudhaanis, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga'ani ni nyaatu turan. Isaan Waaqayyoon ni galateeffatan; saba hundumaa durattis ayyaana argatan. Gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti ni dabale." HoE. 4:32, 34, 33; 2:46, 47.

Lafa kana irras ta'e samii irratti yeroo nuti warra o'aa fi gargaarsa [133]
keenya barbaadan gargaarru caalaa dhugaan humnaan mul'atu hin jiru. Kun dhugaa isa Yesuus keessa jiru dha. Yeroo namootni Kiristoositti waamaman seera warqeetti fakkeeffame kana hojii irra oolchan akkuma bara bartootaa humni wangeelaa ba'ee ni mul'ata.

### "Karaan gara jireenyatti geessu rakkoodha, karri isaas dhiphaadha." Mat. 7:14.

Bara Yesuus lafa irra turetti sabni Filisxeem biyya gamoodhaan marfamte keessa gaara gubbaa jiraatu turan. Balballi isaanii inni yeroo aduun lixxu cufamu bira ga'uuf karaa dhagaan irra guutee fi rakkisaa waan ta'eef namni guyyaadhaan gara karra sanaatti qajeele utuu inni achi hin ga'in akka aduun hin dhiineef ariifachuu qaba. Namni dhiba'aan itti hin galin hafa.

Karaa dhiphaa gara manatti geessu akka karaa Kiristaanotaatti Yesuus dubbate. Karaa inni ani isin dura kaa'u dhiphaa dha jedhe Yesuus; balballi isaas ittiin ol galuuf rakkoo dha; seerri warqeetti fakkeeffamu sun of tuulmaa fi fedhi ofii barbaaduu waan calalee hambisuuf jechuu dha. Karaa bal'aanis jira; dhumi isaa garuu badi-

isa. Yoo karaa jireenya hafuuraa irra buute walitti fufiinsaan ol ba'uu qabda; karichi kan ol baasu waan ta'eef jechuu dha. Namoota muraasaa wajjin deemta; baayyonni karaa isa bal'aa sana filatu waan ta'eef.

Karaa gara du'aatti geessu irra biyya lafummaa isaanii, ofittummaa isaanii, of tuulmaa isaanii, amanamuu dadhabuu isaanii fi amala badaa qaban hunda fudhatanii qomoon namaa hundinuu deemuu danda'u. Achi keessa namni yaada barbaadee fi barumsa barbaade duukaa bu'uu danda'a. karaa gara badiisaatti geessu keessa
[134] deemuudhaaf, karicha barbaaduu nama hin gaafatu; balballi isaa bal'aadha, kar'ichis bal'aa dha, miilli namaas salphaatti karaa du'atti geessu irra adeema.

Karaan gara jireenyaatti geessu garuu dhiphaa dha, karri isaas akkasuma. Cubbuu yeroo hojjettu karichi caalaatti sitti dhiphata. Karaa gooftaa irra deemuudhaaf, fedhiin ofii keetii, karaan ofii keetii, shaakalli hamaa fi amalli hamaan ati qabdu, hundinuu hafuu qaba. Namni gooftaa tajaajilu safara biyya lafaa hin guutu, ilaalcha isaanii wajjinis walii hin galu. Karaan samiitti geessu badhaadhummaaf, inaaffaa ofittummaan guuteef, warra akka fedhanitti darbuu barbaadaniif baayyee dhiphaa dha. Jabaatanii hojjechuun, obsi, aarsaa of gochuun, arrabsamuun, hiyyumni, kan Yesuusiin mudatan waan ta'eef namni iddoo teessoo Waaqayyootti galu hundinuu kana qooddachuu qaba.

Haa ta'u malee karaan inni ol baasu jabaa inni gadi buusu immoo salphaa dha jettanii hin yaadinaa. Karaa gara du'aatti geessu irras gaddi, dhiphinni, abdii kutannaan, adabbiin akka deemsicha itti hin fufneef ni akeekkachiisu. Jaalalli Waaqayyoo namoota of balleessuuf deemanitti akka karichi ulfaatu ni godha. Karaan Seexanaa miidhagaa fakkaachuun isaa dhugaa yoo ta'e iyyuu gowoomsaa dha; karaa jal'inaa irra gadda jabaatu jira. Karoorri ofittummaadhaan qophaa'e abdii itti fakkeessuun guute kennuu danda'a, gammachuun nuti argannus akkasuma abdii sobaa irratti ta'a. karaa gadi buusu irra abaaboo baayyeen miidhaguu danda'a, keessi isaa garuu qoree baayyee qaba. Ifi abdii balbala irraa mul'atu yeroo keessa galan dukkana abdii kutannaatti jijjiirama, lubbuun achi irra deemtus gaaddidduu halkan dhuma hin qabnee keessa seenti.

“karaan warra hin amannee garuu bu'aa ba'ii dha.” Ogummaan garuu “karaan ishee karaa namatti tolu dha, daandiin ishees daandii

nagaati." Fkn 13:15; 3:17. Gochi Kiristoosiif abboomamuu kam iyyuu, gochi Isaaf jedhanii of ganuu hundinuu, qorumsi jabinaan keessa darbamu hundinuu, mo'ichi qorumsa irratti ragamu hundinuu, sadarkaa ittiin gara ulfina dhumaatti tarkaanfatani dha. Kiristoos akka nu geggeessuuf yoo heyyamne inni nagaadhaan nu geggeessa. Cubbamaan kam iyyuu karicha irraa hin kaatu. Lubbuun dhiphina keessa jirtu kam iyyuu karaa ifaa fi qulqullummaa irraa hin kufu. Karichi ammam dhiphaa yoo ta'e iyyuu, qulqulluu fi kan cubbuun keessatti hin argamne yoo ta'e iyyuu, namni hundinuu karaa ittiin ol galu waan argateef namni tokko illee "Waaqayyo anaaf hin yaadu" jechuudhaan shakkuu hin qabu. [135]

Karichi bu'aa ba'ii ta'uu danda'a; bitaa fi mirgaadhaan gufuun jiraachuu danda'a; nuti garuu deemsa keenya jabaannee itti fufuu qabna; yeroo dadhabnu, boqonnaa yeroo barbaadnu, jabaannee itti fufuu qabna; yeroo of wallaalluttis balali'uu qabna; yeroo abdii kutannaa, abdii qabaachuu qabna; garuu Kiristoos utuu nu geggeessuu iddoo dhuma irratti ga'uu qabnu hin hankaaknu. Karaa nuti irra deemuu qabnu Kiristoos waan dursee irra adeemeef miilla keenya jalaa gufuu haxaa'eera.

Karaa gara jireenya bara baraatti geessu irra burqituun gammachuu kan lubbuu dadhabde haaressu jira. Warri daandii Ogummaa irra adeeman ari'atama keessatti illee ni gammadu; sababiin isaa inni lubbuun isaanii jaallate sun isaanii wajjin adeema. Yeroo ol adeemanitti qabaa harka isaatii adda ni baafatu; tarkaanfii isaanii tokkoo tokkoo isaa keessatti mil'annaan ulfina isaatii karaa isaanii irratti ni ifa; faarfannaan isaanii faarfannaa ergamootaa wajjin gara teessoo Waaqayyootti ol ba'a. "Daandiin qajeelotaa akka ifa barii ganamaa isa yeroo biiftuun baatee ol deemtuu, ittumaa ifaa ol adeemuuti." Fkn 4:18.

## "Balbala isa dhiphaadhaan ol galuudhaaf wal dorgomaa." Luq. 13:24. [136]

Namni aduun itti dhiyee, utuu balballi hin cufamin achi ga'uuf ariifatu, waan calaqqisu ilaaluudhaaf booda isaa hin mil'atu. Xiyyeeffannaan isaa hundinuu kaayyoo tokkicha irratti dha, innis balbalichatti ol seenuu. Jireenya Kiristaanaa keessattis akkasuma ta'uu qaba jedhe Yesuus. Ulfina amala kootii isa ulfina mootummaa kootii

ta'e isiniif baneera. Kun immoo mootummaa biyyaa lafaa kamiin iyyuuisin hin abdachiisu; haa ta'u malee fedhii keessan isa guddaa gaafata. Biyya lafaa irratti aangoo ol aanu qabachuuf akka wal'aansoo qabadaniif isin hin waamu, haa ta'u malee wal'aansoon hin jiru jettanii hin yaadinaa. Akka isin mootummaa koo isa kan Hafuuraatti seentaniifan isin waama.

Jireenyi Kiristaanaa wal'aansoo dha. Mo'ichi garuu humna namummaatiin hin argamu. Dirreen waraanaa onnee namaati. Waraanni nuti waraannus—waraana guddaa namni waraanee hin beekne—fedha Waaqayyoof of kennuu dha, onneen gara ol'aantummaa jaalalaatti harkifamuu isheeti. Namummaa inni moofaan, innii dhiigaa fi fedha fooniitiin dhalate, mootummaa Waaqayyoo dhaaluu hin danda'u. Amalli duraanii hundinuu iddoo gad dhiisuu qabu.

Namni mootummaa Hafuuraatti galuudhaaf adda of baase tokko humni fi kaka'umsi inni qabu humnoota mootummaa dukkanaa biraa danqaa akka argatu ni beeka. Koorrii fi ofittummaan akka isaan cubbuu isaanii hin agarre isaan godhu. Nuti ofii keenyaan fedhii jal'inaa mo'achuu hin dandeenyu. Diina jabaa qabaa isaa keessa nu galchate mo'uu hin dandeenyu. Ofii keenya, fedhii keenyaa fi karaa keenya irratti ofuma keenyaa gooftaa akka taanu barbaada. Haa ta'u malee
[137] yoo nuti yaada kennineef malee qofaa isaa hin hojjetu. Hafuurri Waaqayyoos karaa dandeettii namaaf kennamee hojii isaa hojjeta. Waaqayyoo wajjin hojjechuudhaaf annisaan keenya barbaachisaa dha.

Utuu hin kadhatinii fi tarkaanfii keenya hunda keessatti gad of hin deebisin mo'icha argachuu hin dandeenyu. Waaqayyo nu hin dirqisiisu, fedhii keenyaan garuu isaa wajjin hojjechuu qabna. Hafuurri Waaqayyoo dachaa dhibba isin dirqisiisuudhaan kiristaana samiif malu isin gochuu hin danda'u. Jabinni Seexanaa sanaan hin cabu. Fedhiin keenya fedhii Waaqayyoo wajjin hiriiruu qaba. Ofii keetiin fedha kee fi kaayyoo kee gara Waaqayyootti fiduu hin dandeessu; yoo akka inni fedha isaa si keessatti raawwatuuf fedha yoo qabaatte hojicha isatu si keessatti raawwata. Isaan booda, "Waanuma Ogummaa Waaqayyoo gufachiisuudhaaf dura dhaabatu hundumaa diignee, yaada namootaa Kiristoosiif abboomsisuudhaaf ni boojina." 2 Qor. 10:5. "Hojii fayyina keessanii wajjin waliif galu sodaadhaaf rom'aan itti fufaa hojjedhaa. Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariit-

tii hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti ni hojjeta." Filip. 2:12, 13.

Baayyonni miidhaginaa fi ulfina samiitiin harkifamanii ulaagaa kana guutuu dadhabuudhaan kan isaanii hin godhatin hafu. Namoota baayyeetu utuu itti hin gammadin karaa isa bal'aa sana irra adeema. Garbummaa cubbuu jalaa boqochuuf ni hawwu, haa ta'u malee sana jalaa ba'uuf shaakalaa fi tooftaa mataa isaanii qopheeffachuu yaalu. Karaa fi balbala dhiphaa sana ilaalu; ofittummaatti gammaduun, biyya lafaa jaallachuun, koori, inaaffaa hamaan, isaanii fi Fayyisaa keenya gidduutti danqaraa ta'e. Fedhii isaanii kana dhiisuun aarsaa baasuu waan isaan gaafatuuf dhiisanii deebi'u. "Namootni baayyeen kanaan ol galuudhaaf karaa barbaadu, garuu hin danda'an." Luq. 13:24. Gaarii ni hawwu, gochuufis ni dhama'u; garuu isa hin filatan; gatii barbaachisu baasanii isa bira hin ga'an.

Mo'ichaaf kan nuti abdii qabaachuu dandeenyu guyyaatii gara [138]
guyyaatti, yeroo dhaa gara yerootti fedha keenya fedha Waaqayyoo wajjin yoo wal simsiifne qofa dha. Anummaa keenya qabannee mootummaa Waaqayyootti galuu hin dandeenyu. Qulqullummaa kan nuti argachuu dandeenyu ofii keenya gannee sammuu Yesuusiin fudhachuudhaan dha. Koorrii fi of ga'aa ta'uun aarsaa ta'uu qaba. Gatii nurra barbaadamu baasuuf fedha qabnaa? Fedhiin keenya guutummaatti fedha Waaqayyoo wajjin akka wal simatu ni barbaadnaa? Amma nuti sanaaf fedha godhannutti Ayyaanni Waaqayyoo inni nama jijjiiru nurratti mul'achuu hin danda'u.

Lolli nuti ittiin gatii argachuuf jirru "lola gaarii kan amantiiti." "Jabina isaa isa humnaan ana keessaa hojjechaa jiruun, kana gochuuf itti nan dadhaba, wal'aansoon ittiin qabas," jedhe Phaawulos. Qol. 1:29.

Yaaqob yeroo gidiraa isaatii sana keessa gara kadhannaatti deebi'e. Kaayyoon isaa tokkicha ture—humna amala isaa jijjiiru barbaaduu. Haa ta'u malee utuu inni Waaqayyoon kadhataa jiruu diinni isaa akkuma amala isaatii wal'aansoo ittiin qabuu jalqabe. Haa ta'u malee sanaanis kayyoon isaa hin jijjiiramne. Yeroo humni isaa dhumuu ga'etti, Ergamaan Waaqayyoo humna isaa itti agarsiise; yeroo sana Yaaqob eenyuu wajjin akka wal'aansoo qabaa ture bare. Namni wal'aansoo diinaa wajjin godhe keessatti madaa'ee fi gargaarsa hin qabne kun laphee Waaqayyoo irratti kufee eebba kadhate. Inni utuu hin nuffinii fi hin dadhabin gaaffii isaa ittuma

fufe; Kiristoosis akkuma Abdachiise isaaf ni godhe, "Anatti kooluu haa galan, anaa wajjinis nagaa haa buusan." Isa. 27:5. Yaaqob adda
[139] baasuudhaan kadhate, "Na eebbiftu malee si hin gadhiisu." Uum. 32:26. Kan mo'icha isaa kennee fi kan maqaa isaa Yaaqob irraa gara Isra'elitti jijjire Waaqayyo dha. Akkas ittiin jedhe, "Ati Waaqayyotti, namattis marmite gad dhiisuu diddee dhaabbachuu dandeesseetta." Uum. 32:28. Yaaqob ofii isaatiin wal'aansoo kana kan qabe utuu hin taane guutummaatti Waaqayyotti of kennuudhaa fi amantii jabaadhaan ture. "Humni ittiin biyya lafaa mo'an kunis amantii keenya." 1 Yoh. 5:4.

## "Raajota sobduu irraa of eeggadhaa." Mat. 7:15.

Barsiisonni sobduun karicha isa dhiphaa irraa isan kaachisuuf ni ka'u. Isaan irraa of eeggadhaa; Isaan raroo hoolaa yoo uffatan iyyuu keessi isaanii Yeeyyii butatani dha. Yesuus waan ittiin raajota dhugaa fi sobaa qorani ilaalan kenne, "ija isaaniitiin isaan ni beektu, ija wayinii balaan waraanteettii, arbuus kosorruuttii ciruu dandeessuuree?"

Kan nuti isaan qorru waan namatti tolu dubbachuu isaaniitiin miti. Dubbii Waaqayyootiin isaanitti faradama. "Warra akka abboommii kanaa fi akka dhugaa kanaatti hin dubbanneef, lafti hin bari'u." "Yaa ilma koo gorsa dubbii beekumsaa irraa si kaachisu dhaggeeffachu dhiisi." Isa. 8:20; Fkn 19:27. Barsiisonni kun ergaa akkamii fidu? Gara Waaqayyoon sodaachuu fi kabajuutti isin geessaa? Seera isaaf abboomamuudhaan ulfina isaaf kennuutti isin geggeessaa? Yoo namootni barbaachisummaa seeraatti hin amanan ta'e; yoo yaada Waaqayyoo ni salphisu ta'e; abboommii isaa keessaa isa xiqqaadha jedhamu tokko ni cabsu yoo ta'e, akkasittis namoota ni barsiisu yoo ta'e, Waaqayyo biratti hundee hin qabaatan. Waanti isaan godhan hundee kan hin qabne ta'uu isaa ni beekna. Isaan hojii mootii dukkanaa fi diina Waaqayyoo isa ta'e sanaa hojjechaa jiru.

[140] Namootni maqaadhaan itti waamaman hundi kan Kiristoos miti. Warri maqaa kootiin barsiisan baayyeen dhuma irratti hir'atanii ni argamu jedhe Yesuus. "Baayyonni yeroos, Yaa gooftaa, yaa gooftaa maqaa keetiin raajii dubbanneerra mitiiree? Maqaa keetiin hafuurota hamaa baafneerra mitiiree? Maqaa keetiin hojii dinqisiisaa baayyee

hojjenneerra mitiiree? Ni jedhu, Ani garuu ani isin hin beeku; isin hamootanana anattii fagaadhaa! Isaaniinan jedha."

Namootni dogoggoroo ta'anii utuma jiranii sirrii of se'an baayyeetu jiru. Baayyonni nuti kan Kiristoos jechaa maqaa Isaatiin hojii gurguddaa utuma hojjetanii hojjettoota jal'inaa ta'u. "Afaan isaaniitiin waa'ee jaalalaa baayyee ni dubbatu; garaan isaanii garuu bu'aa jal'inaa duukaa ni bu'a. Ati isaan biratti akka nama sagalee miidhagaadhaan weedduu jaalalaa weeddisuu fi akka nama mi'a faarfannaatiin ba'eessa godhee sagalee dhageessisuuti. Isaan dubbii kee ni dhaga'u, garuu hojii irra hin oolchan" Hiz. 33:31, 32.

Maqaadhaan qofa bartuu ta'uun gatii hin qabu. Amantiin Kiristoos inni nama fayyisu akka baayyonni itti dhiyeessan miti. "Amani! Amani! Seera eeguun si hin barbaachisu" jedhu. Haa ta'u malee amantiin abbomamuutti hin geessine amantii sobaati. Yohaannis bartuun akkas jedha, "namni ani isa beeka jedhee abboommii isaa immoo hin eegne sobduu dha. Dhugaanis isa keessa hin jiru. 1 Yoh. 2:4. Namni kam iyyuu dubbii guddisuu ykn dinqii mul'isuu akka waan ittiin dhugaa mirkaneessanitti hin ilaalin. Yeroo namootni dubbii Waaqayyoo salphisanii dubbachuudhaan miira ofii isaanii mul'isan akka ifni Waaqayyoo isaan keessa hin jirre sanaan beekna.

Bartuu ta'uun kan ittiin qoramu abboomamuudhaan dha. Ab- [141]
boommii eeguudhaan jaalala dhugaa qabnu mul'ifha. Yeroo barsiisi barsiifamne cubbuu nu keessatti ajjeesee, lubbuu keenya xuriittii qulleessee, ija qullaa'ummaa naqatu dubbiin sun dubbii dhugaa isa kan Waaqayyoo ta'uu isaa ni beekna. Yeroo jaalalli, gaarummaan, ho'i, gara laafummaan jireenya keenya keessaa mul'atu; waan qajeelaa gochuutti yeroo onneen keenya gammadu; yeroo anummaa utuu hin taane Kiristoosiin ol qabnu; amantiin keenya sirrii ta'uu isaa ni mirkaneeffanna. "Abboommii isaa eeguudhaan isa beekuu keenya ni hubanna." 1 Yoh. 2:3.

## "Hundeen isaa dhagaa irra dhaabamee waan tureef hin jigne Mat. 7:25.

Namoonni dubbii Yesuusiin eebbifamanii turan. Qajeelfamni dhugaa fi miidhaginni samii isaan harkise; akeekkachiisi gara isaanii dhufe Waaqayyo kan garaa qoree ilaalu ta'uu isaa itti mul'ise. Dubbiin inni barsiise yaadota duraan turan ni rukute; barsiisa isaaf ab-

boomamuun amala, barsiisaa fi gocha isaanii jijjiiruu isaan gaafata. Barsiisota amantii isaanii wajjin walitti isaan buusa; sababiin isaas barsiisi kun kan barsiisonni isaanii barootaaf gochaa turan fonqolcha. Kanaaf jecha, dubbichi garaa namoota baayyee yoo rukute iyyuu, kan akka qajeelfama jireenyaatti isa fudhatan garuu muraasa turan.

Yesuus lallaba gaara gubbaa kan xumure fakkeenya barbaachisummaa waan inni barsiise kana hojii irra oolchuu agarsiisu dubbachuudhaan ture. Namootni Yesuusitti marsanii dhaggeeffachaa turan baayyeen isaanii kan bara baayyee galaana Galiilaa bira jiraatani dha. Yeroo gaara sana irra ta'anii dhaggeeffatan burqituu gaara sana jalaa ya'anii galaanichatti dabalaman ni argu. Bona bona
[142] burqituun kun gogee iddoon isaa owwaara ta'a. Yeroo ganni dhufu garuu burqituun sun guutee lolaa namni ittisuu hin dandeenye uuma. Yeroo baayyee warri hojii humnaa hojjetee bulu qarqara burqituu sanaatti godoo ijaarratanii jiraatu. Gaara sana gubbaatti garuu mana dhagaadhaan ijaarametu jira. Manni tokko tokko guutummaatti dhagaadhaan waan ijaaramaniif umurii waggaa kuma tokkoofaa qabu. Manneen kun dadhabbii guddaadhaan ijaaramu. Iddoon isaan itti ijaaramanis salphaatti kan bira ga'amu miti. Haa ta'u malee dhagaa irratti waan ijaaramaniif, lolaa fi bubbeen akkasumaan itti naanna'anii yaalu malee jigsuu hin danda'an.

Akkuma namoota dhagaa kana irratti manicha ijaaranii namootni dubbii koo kana fudhatanii itti jiraatan dhagicha irratti amala isaanii fi jireenya siaanii ijaaruu isaaniiti. Jaarraa hedduu dura raajichi Isaayyaas akkas jedhee ture, "Dubbiin Waaqayyoo bara baraan dhaabatee hafa." (Isa. 40:8); Pheexirosis lallaba gaara kana booda yeroo barreesse kan Isaayyaas keessaa caqasee ture, "dubbiin kun isa misiraachoo isinitti himame dha" (1 Phe. 1:25). Wanti biyyi lafaa kun beektu keessaa kan dhaabatee hafu dubbii Waaqayyoo qofa dha. Inni hundee amanamaa dha. "Samiii fi lafti darbuuf jiru, dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu." Mat. 24:35.

Qajeelfamni seeraa, inni amala Waaqayyoo ta'e, dubbii Kiristoos gaara gubbaatti dubbate keessatti hammatameera. Warri seerota sana irratti ijaaramaa jiran Kiristoos isa dhagaa barootaa ta'e irratti ijaaraman. Dubbii Isaa fudhachuu keenyaan Kiristoosiin fudhanna. Kanaaf warra dubbii Isaa fudhatan qofatu Isa irratti ijaarama. "Hundeen dur ka'ame sunis Yesuus Kiristoos dha." 1 Qor. 3:11. "Fayyinni Yesuus Kiristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin

jiru." HoE. 4:12. Kiristoos, Dubbichi, Waaqayyo kan ittiin mul'ate—amala Isaa, seera Isaa, jaalala Isaa, jireenya Isaa,—hundeen nuti irratti amala bara baraan jiraatu ijaaruu dandeenyu isa qofa.

Kiristoos irratti kan ijaaramnu dubbii isaaf abboomamuudhaan dha. Kan qajeelummaatti gammadu utuu hin taane kan qajeelummaa raawwatutu qajeelaa dha. Qulla'ummaan butamuu miti; bu'aa waan hundumaa Waaqayyootti kennuuti; fedha Abbaa keenya isa samii irraa raawwachuu dha. Sabni Israa'el kana'anitti marsanii waa'ee ishee beekuu duwwaan ykn faarfannaa ishee ilaallatu faarfachuu qofti waa'ee hin basuuf. Kun qofti iddoo dhaabaa wayinii sanaa fi dhadhaan ejersaa jiru, lafa Waaqayyo eebbise sana harka isaanii keessa hin galchu. Kan isaanii kan godhachuu danda'an, qabiyyee sana to'annaa isaanii jala galchuu, ulaagaalee jiran guutuu, Waaqayyotti amantii jiraataa qabaachuu, waadaa inni seeneef kan ofii isaanii godhachuun, seera isaaf abboomamuudhaan dha. [143]

Amantiin dubbii Kiristoosiin raawwachuu dha; Waaqayyo biraa gargaarsa argachuuf miti; Waaqayyo garuu warra isatti amanataniif kennaa hundumaa caalu ni kenna. Kiristoos fayyina kan inni rarraase maqaa dhumaan itti waamamuutti utuu hin taane amantii isa hojii qajeelummaa raawwachuun mul'atu irratti dha. Duuka buutota Kiristoos irraa kan eegamu dubbachuu qofa utuu hin taane raawwachuu dha. Amalli kan bocamu hojiidhaani dha. "Warri Hafuura Waaqayyootiin geggeeffaman hundinu ilmaan Waaqayyooti." Rom. 8:14. Ijoolleen Waaqayyoo warra Hafuurri Qulqulluun garaa isaanii rukutee fi warra humna qabaachuu isaatti amanan miti, warra Hafuura Qulqulluudhaan geggeeffamani dha.

Duuka buutuu Kiristoos ta'uu barbaaddee akkamitti akka jalqaban wallaaltee jirtaa? Dukkana keessa jiraattee akka itti ifa barbaadan wallaaltee jirtaa? Ifa qabdu duukaa bu'i. Dubbii Waaqayyoo amma beektuuf abboomamuuf onnee kee qopheessi. Humni Isaa fi jireenyi Isaa dubbii Isaa keessa jira. Dubbii Isaa amantiidhaan yeroo ati fudhattu akka ati abboomamuu dandeessuuf humna siif kenna. Ifa xinnoo qabduuf yeroo ati amanamtu ifa guddaatu siif dhufa. Dubbii Waaqayyoo irratti ijaaramaa jirta, amalli kees akka amala Kiristoositti ijaaramaa adeema. [144]

Kiristoos, ini hundee dhugaa ta'e, dhagaa jiraataa dha; jireenyi isaa warra isa irratti ijaaraman hundumaaf kan hiramu dha. "Akka dhagoota jiraatootti ijaarsa mana isa Hafuuraa sanaaf ta'aa." "Guu-

tummaan ijaarsa sanaa isumaan walitti qabamee, mana qulqullummaa Waaqayyoo ta'uudhaaf gooftaatti ni guddata." 1 Phe. 2:5.; Efe. 2:21. Dhagooti sun hundee sanaa wajjin tokko ta'u; hunda isaanii keessa jireenya tokkotu buufata. Dhagicha kan gara galchuu danda'u hin jiru; "Kan jireenya Waaqayyoo wajjin hirmaate waan hundumaa irraa hafee jiraata."

Ijaarsi dubbii Waaqayyootiin alatti hundee kan biraa irratti ijaarame hundinuu ni jiga. Namni, akka Yihuudota bara Yesuus keessa turanii, yaada dhuunfaa, barmaataa fi yaada ofii qopheessan, akkasumas ayyaana Waaqayyoon alatti hojii ofii raawwatan irratti kan ijaare cirracha irratti of ijaaruu isaati. Qorumsi yeroo itti dhufu cirrachichi waan diigamuuf manichi ni jiga.

"Kanaafis Waaqayyo akkas jedha,. . . Ani firdii ulee itiin safaran, qajeelummaas madaallii ittiin miijanan nan godha: soba isa ittiin kooluu galtan sana cabbiin ni balleessa, da'oo isin jalatti baqattanis lolaan ni jigsa." Isa. 28:16, 17.

Har'a garuu oo'i Isaa cubbamoota waamaa jirti. "Ani jiraataa dha, namni jal'aan karaa isaattii akka deebi'uu fi akka jiraatu malee ani du'a nama jal'aatti hin gammadu; deebi'aa isin yaa mana Israa'el, maaliif duutu? Karaa keessan isa hamaattii deebi'aa." Hiz. 33:11. Sagaleen har'a warra qalbii hin jijjiirratinitti dubbachaa jiru
[145] sagalee Kiristoos isa magaalaa sanaaf gaddee dubbate dha: "Yaa Yerusaalem, ati raajota kan ajjeeftu, sitti kan ergamanis dhagaadhaan kan rukuttu, si'a meeqan handaanqoon cuucota ishee qoochoo ishee jalatti akkuma walitti qabattutti ijoolee kee walitti qabuu barbaade, atii fi ijoolleen kee garuu hin barbaadne; ilaa manni keessan one ni hafa." Luq. 13:34, 35. Yesuus Yerusaalem keessatti dubbii Isaatiin mormuu isaanii arge. Inni garaa dhalaatiin siif bo'aa jira. Yeroo Yesuus gaara sana irra dhaabatee imimmaan isaa lolaase illee isaan ijoollee isaanii wajjin qalbii hin jijjiirratin jiru. Kennaan Samiitii dhufe sun fudhachuu ishee eegaa jira. Kanaaf, ammasdhaga'I, Yesuus sagalee jaalalaatiin sitti dubbachaa jira: "Kunoo ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhiyaadha, innis anaa wajjin ni nyaata." "Kunoo yeroon jaallatamee fudhatame amma. Kunoo guyyaan fayyinaa amma Mul. 3:20; 2 Qor. 6:2.

Warri abdii keessan ofii keessan irratti godhattan cirracha irratti ijaaraa jirtu. Haa ta'u malee ammas badiisa jalaa baqachuuf baayyee isinitti hin guyyaane. Utuu yeroon hamaan sun hin dhufin gara hundee isa amanamaatti baqadhaa. "Kanaaf Waaqayyo gooftaan kunoo, ani dhagaa hundeedhaaf ta'u Tsiyoon keessa nan ka'a; inni dhagaa qoramee ilaalame isa gati jabeessa; dhagaa isa golee qajeelchu dha. Hundee amanamaadhas; namni isatti amanu hin raafamu." "Isin warri andaara lafaa jirattan hundinuu gara kootti deebi'aatii fayyina argadhaa; ani Waaqayyodha; ana malees kan biraa hin jiru." "ani si wajjin waanan jiruuf hin sodaatin; ani Waaqayyo keetii hin na'in; ani sin jabeessa sin gargaaras; irree qajeelummaa koo isa mirgaatiin ol sin qaba." "ati bara baraan hin yeellaasifamtu; hin salphattus." Isa. 28:16.; 45:22; 41:10; 45:17.

* * * * *